

**XIINXALA DANDEETTII BARREEFFAMA KEEYYATAA  
BARATTOOTAA MANA BARUMSAA SILK-AMBAA  
KUTAA 12<sup>FFAA</sup> IJA BARREEFFAMA GAHUMSA QABUUTIIN**

**DAKSIISAA CIMDII**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORIIF**

**KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA**

**AMAJJII, 2014/2022  
ADDIS ABABAA**

**XIINXALA DANDEETTII BARREEFFAMA KEEYYATAA  
BARATTOOTAA MANA BARUMSAA SILK-AMBAA  
KUTAA 12FFAA IJABARREEFFAMA QABUUTIIN**

**GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)  
AFAAN OROMOO BARSII SUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF  
QOPHAA'EE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORIIF  
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,  
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII  
YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA**

**AMAJJII, 2014/2022  
ADDIS ABABAA**

**Waraqaa Mirkanneeffannaa**  
**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Boodaa**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii 2<sup>ffaa</sup> (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii ittiin guuttachuuf Daksiisaa Cimdii mata- duree: *“Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattoota Mana Barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin”* jedhu irratti adeemsa barbaachisu guutee dhiyaate.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa Keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ guyyaa \_\_\_\_\_

## Axereera

*Kaayyoo waliigalaa qorannoo kanaa keeyyata barattoonni barreessan ija barreeffama Gahumsa Qabuutiin xiinxaluufi dhuma irratti hanqinoota mul'ataniif yaada furmaataa kennuudha. Bakki qorannichi itti adeemsifames godina Shawaa Lixaa aanaa Noonnootti mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12ffaa keessatti. Galma ga'iinsa qorannoo kanaatiif ragaaleen barbaachisoo ta'an maddoota sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> kan ta'an barsiisotaafi barreeffama barattootaa irraa funaanuun xiinxaleera. Akkasumas, madda raga 2<sup>ffaa</sup> xiinxala dokumentiitti gargaaramee ragaan funaanee walitti qindeessuun boqonnaa arfaffaa keessatti xiinxaleera. Odeeffannoowwan kanneen bar-gaaffiin funaanamanii bifa ammamtaa qaban gabatee keessatti lakkoofsaafi dhibbeentaan xiinxaleera. Odeeffannoowwan af-gaaffii kanneen bifa akkamtaan funaanaman immoo walitti qindeessuun jechaan xiinxaleera. Dhuma irratti, xiinxalli waliigalaa ergan itti kennee booda ragaaf hiika kenneera. Haaluma kanaan, ragaan ani funaanee xiinxale akka agarsiisutti, rakkoon seenduubee afaan barattootaa maatiifi hawaasa naannoo waliin jiraatan irraa madduun barattoonni barreeffama gahumsa qabu akka hinbarreessine dhiibbaa uuman kan hinmul'anne ta'us fedhiifi kaka'umsi dandeettii barreessuu guddisuuf gargaaru gama barsiisaafi barattootaatiin jiru hamma eegamuu gadi ta'uu, kanaaf immoo, hordoffiifi deeggarsi barsiisotaa laaffaa ta'uu, barsiisonni barattoota isaanii akka ogummaa barreeffamaa guddifataniif gahee isaan irraa eegamu bahaa kan hinjirre ta'uun hubadheera. Barattoonni abbaltii shaakalaa isaaniif kennamu walii isaaniitiif akka sirreessaniif haala kennataa kan dhaban ta'uus adda baaseera. Barreeffama barattootaa yoon xiinxalu qubeessuu irraa eegalee; sirna tuqaalee, caasluga, ijaarsa keeyyataa, itti fayyadama himoota ijoofi gargaartuu, wal-hidhiinsa, tokkummaa, xiyyeeffannoo keeyyataa agarsiisuurratti hanqina qabaachuun mirkaneeffadheera. Maddi hanqina barreeffama barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama hinqabne barreessuu barattootaa kun barnootaafi barreeffama Afaan Oromootiif xiyyeeffannoo dhabuufi barsiisonni deeggarsa malu kennuu dhabuu, haalli duub-deebiin barattootaaf itti kennamu, kaka'umsa barattootaa laaffisuu ragaan sassaabame ni mul'isa. Qorannoo kana keessatti hanqina barreeffama barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama hinqabne barattoota mudatan furuuf yaadota akka falaatti anni eere: barattoonni barreeffama gahumsa qabu barreessuuf shaakala walitti fufaa taasisuu, barsiisonni hordoffii cimaa gochuu, kenninsa yaad-deebii keessatti barattoota hirmaachisuu, wayiitii barnootaa Afaan Oromootiif xiyyeeffannaa kennuu fa'aan yaboowwan ani kaa'edha.*

## **Galata**

Duraan dursee waaqayyo isa karaa hundumaa nagargaaree sadarkaa kanaan nagahe hunda caalchiseen galateeffadha. Itti aansee abbaakoo obboo Cimdii Xuurii of caalchisee naaf yaaduun dukkana keessa taa'ee otoo na wajjin dadhabuu xumura barnootaakoo osoo hinargiin najalaa boqoteef yaadannoo bara baraa haa ta'uuf. Dabalataan, maatiikoo xiyyeeffannaa addaatiin nagargaaraniifis kabaja guddaan qaba.

Gama biraatiin, gorsaakoo kan mufiifi nuffii tokko malee yeroo isaanii qaalii aarsaa gochuun nagargaaraa turan Dr. Dinqeessaa Dheeressaa baay'een galateeffadha. Akkasumas, yaadaafi meeshaalee barnootaa adda addaa kan naaf gumaacheefi kompiitaraan kan na gargaare hiriyaakoo Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa keessa hojjetu Obboo Bilisummaa Magarsaa gargaarsa addaa naaf taasiseef kabaja guddaan qaba. Gama interneetiitiin yeroo isaanii aarsaa gochuun kan haala naa mijeessaa turan itti gaafatamaa waajjira sabqunnamtii aanaa Noonnoo kan ta'an Obbo Baddiluu Nagaashiifis kabaja guddaan qaba.

## **Kottoonfachiisuu**

A/O	- Afaan Oromoo
Brfma	- Barreeffama
b/saa	- barsiisaa
Kkf	- kanaaf kan kana fakkaatan
Frt	- Furtuu
Sad.1ffaa	-Sadarkaa tokkoffaa

## **Jibsoo**

### **Afaan Oromoo**

### **Afaan Ingilizii**

Barreeffama	- Text
Gahee	- Role
Qubee waliigaltee	- Orthography
Rakkoo xiinqooqaa	- Linguistic Problem
Rakkoo Hubannoo	- Cognitive Problem
Sadarkaa	- Stage
Yaaxina Adeemsaa	- Process approach
Yaaxina Sirrummaa	- Product approach

## Baafata

<b>Qabiyyeewwan</b>	<b>Fuula</b>
Axereera.....	i
Galata.....	ii
Kottoonfachiisuu.....	iii
Jibsoo.....	iii
Baafata.....	v
Baafata Gabateewwanii.....	viii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	6
1.3.1. Kaayyoo Gooree Qorannichaa.....	6
1.4. Faayidaa Qorannichaa.....	7
1.5. Daangaa Qorannichaa.....	8
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	8
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	9
2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee.....	9
2.1.1. Maalummaa Barreessuu.....	9
2.1.2. Faayidaa Barreessuu.....	11
2.1.3. Amaloota Barreeffama Gaarii.....	13
2.2. Sababoota Dandeettii Barreessuu Danqan.....	15
2.3. Wantoota Dogoggoraaf Nama Saaxilan.....	19
2.3.1. Rakkoo Caaslugaa.....	19
2.3.2. Rakkoo Caasaa Himaa (Problem of Sentence Structure).....	19
2.3.3. Rakkoo Filannoo Jechaa (Diction).....	20
2.3.4. Rakkoo Hubannoon walqabatu.....	20
2.3.5. Hanqina seera Qubeessuu.....	20
2.3.6. Fayyadama Qub-guddeessaa.....	20

2.3.7. Hanqina Fayyadama Sirna Tuqaalee.....	21
2.3.8. Rakkoo Qindoominaan Walqabatan .....	22
2.3.9. Rakkoo Fayyadama Walqabsiistuu .....	22
2.4. Barreessuu Akkamitti Barsiisuu Qabna? .....	23
2.5. Barreeffama Keessatti Gahee Shaakalaa.....	24
2.5.1. Gahee yaad-deebiin barreeffama irratti kennamu qabu .....	24
2.5.2. Gahee Yaad-deebiin Barreessuu irratti Barattootaaf Kennamu Qabu .....	25
2.5.3. Barreessuu irratti Yaad-deebii Barsiisonni Kennan .....	25
2.5.4. Barreessuu irratti Yaad-deebii Barattooni Waliif Kennan .....	27
2.6. Barreessuu Keessatti Sadarkaalee Jiran .....	28
2.6.1. Sadarkaa Adeemsa Barreessuu Duraa.....	29
2.6.2. Adeemsa Yeroo Barreessuu .....	30
2.6.3. Adeemsa Barreessuu Boodaa.....	31
2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkii.....	32
<b>BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHAA .....</b>	<b>34</b>
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	34
3.2. Maddoota Ragaalee.....	34
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....	34
3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa .....	35
3.4.1. Qormaata.....	36
3.4.2. Bar-Gaaffii .....	36
3.4.3. Af-Gaaffii.....	36
3.4.4. Xiinxala Dokumentii.....	36
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee .....	37
<b>BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE .....</b>	<b>38</b>
4.1 Ibsa Waa'ee Odeeffannoo Kennitootaa.....	38
4.2. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Mala Garaa Garaan Funaanaman .....	38
4.2.1. Xiinxala Qormaataa Ijaarsa Keeyyataa.....	42



4.2.2. Xiinxala Ragaa Yaadannoo Barattootaa Irraa .....	46
4.2.2.1. Xiinxala Ragaa Qormaataa Sirna Tuqaalee Irratti .....	46
4.2.2.2. Xiinxala Ragaa Qormaataa Qubeessuu Irratti .....	48
4.2.2.3. Xiinxala Ragaa Qormaata Qub-guddeessaa .....	49
4.3. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffii Barattoota Irraa Funaanamanii .....	50
4.4.2. Xiinxala Ragaalee Haala Af-gaaffiitiin Barsiisota Irraa Funaanaman .....	65
<b>BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA .....</b>	<b>68</b>
5.1. Guduunfaa Qorannichaa .....	71
5.2. Argannoo .....	74
5.3. Yaboo/ Yaada Furmaataa .....	75
Wabiilee .....	76
Dabalee A <a href="#"><u>Gaaffilee Qorannoo Bargaaffii Barattootaaf Dhiyaatan.....</u></a>	
Dabalee B <a href="#"><u>Gaaffilee Qorannoo Afgaaffii Barsiisotaaf Dhiyaatan.....</u></a>	

## **Baafata Gabateewwanii**

Gabatee 4.2.2.1. Xiinxala Ragaa Sirna tuqaalee .....	46
Gabatee 4.2.2.2. Xiinxala Ragaa qubeessuu .....	48
Gabatee 4.2.2.3. Xiinxala Ragaa Qub-guddeessa .....	49
Gabatee 4.3.1. Xiinxala Fayyadama: Seer-lugaa, Sirna tuqaalee, hima ijoo, Himoota gargaartuu, Walta'insa, Tokkummaa, fi xiyyeeffannoo keeyyataa .....	50
Gabatee 4.3.2. Xiinxala Xiyyeeffannoo brfma keessatti duraa duuba eeguu, seera afaanii eeguu, xiyyeeffannoo hima ijoo fi gargaartuuf kennamuufi gahee barataa .....	55
Gabatee 4.3.3. Xiinxala dhiibbaa hanqinni barreessuu egeree Afaan Oromoofi barattootaa irratti qabu .....	57
Gabatee 4.3.4. Xiinxala Filannoo Fedhii Dandeettii Afaanii Guddifachuu Barattootaa .....	58
Gabatee 4.3.5. Xiinxala Afaan Oromootiin barachuu irratti fedhii maatii barattootaa .....	58
Gabatee 4.3.6. Xiinxala kenniinsa abbaltii barreessuufi duub-deebii barattootaaf kennamuu .....	59
Gabatee 4.3.7. Xiinxala irra deddeebii duub-deebii barattootaaf kennamuu .....	60
Gabatee 4.3.8. Xiinxala bu'aa duub-deebii barsiisotaan barattoof kennamuu .....	60
Gabatee 4.3.9. Xiinxala Fedhii Dogoggora Sirreeffachuu Barattootaa .....	61
Gabatee 4.3.10. Xiinxala Duub-deebii Barattoonni Waliif Kennanii .....	62
Gabatee 4.3.11. Xiinxala wantoota Dandeettii Barreessuu Ulfaataa Taasisanii .....	62
Gabatee 4.3.12. Xiinxala Dogoggora Barattootaa Keessatti Ilaalcha Barsiisaa .....	63
Gabatee 4.3.13. Xiinxala Gahee Barreeffamni Ga'umsa Qabu Guddina Afaanichaa Keessatti Qabuu .....	64

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1. 1. Ariirrata Qorannichaa

Jaarraa (2008:2) akka ibsutti, “Ilmi namaa wanta raawwateefi kalaqe dhaloota dhufuuf dabarsuuf akkasumas dhaamsa isaanama halaala jiruuf dabarsuuf mala barreeffamaa argate”, jedha. Barreessuun mallattoolee barreeffamaa irratti waliigalame tokkotti fayyadamuun yaada sammuu namaa keessa jiru waraqaarra qubsiisuudha.

Yaada kana galmeen jechootaa ‘Advanced Learner’s Dictionary’ yoo ibsu, “Writing letter or other symbol with pen or pencil symbols, words, message especially on paper”(1994:1430), jedhee ibsa. Yaada kana irratti hundoofnee hiika barreessuu yoo xiixallu, yaada sammuu keenya keessa jiru mallattoolee (qubeeqqan) adda addaatti fayyadamnee waraqa irra kaa’uudhaan namni biraa akka hubatu kan ittiin taasisnuudha. Mallattooleen fayyadamnu kunis kan fedha keenyaan bakka buusnu osoo hintaane kan hubatamuufi namni hundi irratti waliigalu ta’uu qaba. Yaanni barreessaas sadarkaa jechaa, gaalee, ciiraa, himafi keeyyataafi barreeffama(text)tti ifa ta’uu qaba.

Haaluma walfakkaatuun, Misgaanuu(2006:62) yoo ibsu, “Barreessuun yaadolee sammuu keenya keessa jiran mallattoolee garaa garaa fayyadamuudhaan waraqaarra kan ittiin keenyudha” jedha. Kunis kan agarsiisu, barreeffamni mallattoolee waliigaltee barreeffamaatiin kan hoogganamu ta’uu isaati.

Akka Atkinfi kanneen biroo (1998)tti, dandeettiin barreessuu dandeettiinwan afaanii arfan keessaa tokko ta’uu ta’uu isaati. Yaanni kun kan ibsu, dandeettiin barreessuu dandeettiinwan afaanii arfan(dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbachuufi barreessuu) keessaa isa tokko ta’uu isaati. Dandeettiinwan afaanii kunniin waltumsuun ga’umsa namaa (barattootaa) kan guddisan yoota’an iyyuu dandeettiin barreessuu kanneen biroo caala ta’uu isaa Misgaanuu (2011:57) irratti “Dandeettiin barreessuu akka dubbachuufi dhaggeeffachuu salphaatti kan baratamu osoo hintaane, xiyyeeffannaa guddaan itti kennamuun kan mana barnootaatti baratamudha” jedha. Yaanni kun akka agarsiisutti, barreessuun dandeettiinwan afaanii keessaa tokko ta’ee, dandeettiinwan afaanii biroo caala ulfaataa ta’uu agarsiisa. Sababiin isaa dhimmoota biroo kanneen akka seerlugaa, sirna tuqaalee, yaada barreeffamu akkasumas eenyuuf akka barreeffamu yeroo tokkotti xiinxaluu waan gaafatuufi. Haaluma

walfakkaatuun,dandeettiin barreessuu dandeettiinwan afaanii biroo keessaa tokko ta'ee,kanneen biroo caalaa walxaxaafi ulfaataa ta'uu isaa Grabefi Kaplan(1996:87) yoo ibsan, "Namoota addunyaa kana irra jiraatan keessaa walakkaan isaanii sirriiti barreessuu hindanda'an" jedhu. Yaanni hayyoota kanaa akka garsiisutti,dandeettiin barreessuu baay'ee ulfaataafi wantoota hedduu kanneen akka seera afaanii,sirna tuqaleefikanneen barreeffama keessatti irratti walii galame to'achuufi hordofuu ilaallata. Dabalataan, Rabbirraa (2009:16) maalummaa dandeettii barreessuu yoo ibsu, "Ogummaan barreessuu dandeettiinwan afaanii kanneen biroo caala adeemsa walxaxaa kan ofkeessaa qabu waan ta'eef oltokkotti kan gonfatamu akka hintaane ibsa".jedhee kaa'a. Yaanni kun kan mul'isu,ogummaan barreessuu ogummaa baay'ee walxaxaa kan barreessaan altokkotti dhimmoota baay'ee akk mil'atu dirqisiisuufi dandeettiinwan afaanii biroos dandeettii barreessuu kana jalatti hammatamuu kan danda'an ta'uu isaati.

Dabalataanis,barattoonni dandeettii barreessuu sadarkaalee afaanii gadaanaa hanga olaanaatti sirriitti hubannoo hinqaban yoo ta'e,dogoggorri bnarreeffama isaanii irratti isaan quunnamuu mala.Yaada kana deeggaruun Mc Whorter (1997:45) barattoonni dandeettii barreessuu sadarkaa qubeessuu,keeyyata barreessuu,hanga barreeffama olaanaatti gaggeessuuf unkaafi qabiyyee isaa addaan baasuu baannaan dogoggorri adda addaa uumamuu danda'a jedhee ibsa. Yaanni kun kan agarsiisu,dandeettiin barreessuu walxaxaa caasaa afaaniifi yaada barreeffamu irratti yaaduuf xiyyeeffannaa kan gaafatu ta'uu isaati.

Haala walfakkaatuun,Sisaay(2002:2) akka ibsetti,yeroo barreessuu barnoota olaanaa keessattillee shaakala barreessuu keessatti,qubeessuu, hima sirrii ijaaru,hima sirrii ijaaru,sirna tuqaalee,seerlugaafikkf irratti dogoggora uumu jedha.Yaanni kun kan hubachiisu,barreessuu keessatti sadarkaa afaanii kamittuu dogoggoruun kan hinhafne ta'uudha Yaada kana Sisaay (2008:2) Misgaanuu (2011) wabeeffachuun,

*"Barattoonni baay'een rakkoo hanqina barreessuu kan qabaniifi barreeffamatti fayyadamuun sirriitti of ibsuu kan hindandeenye ta'uu keessattuu dandeettiinwan sadarkaa gadiitti guddifachuu danda'an kanneen akka qubeessuu, sirna tuqaalee, fayyadamuufi rakkoon walqabatiinsa yaadaa mul'achuudha jedhee ibsa.*

“Yaada kana irraa wanti hubatamu barattoonni dandeettiiwwan afaanii kanneen akka qubeessuu, sirna tuqaalee walqabatiinsa yaadaa sadarkaa eeganii barreessuu waan hinshaakaliiniif barreeffamaan yaada isaanii sirriitti ibsachuu hindanda’

Gama biraatiin, Taklee (2008:1) yoo ibsu, “Writing is purposeful, creative and interactive activity that requires critical thinking. As people write, they use their creativity and draw on their accumulated experience.....” jedhee, kaa’a.Yaanni kun kan agarsiisu, wanti barreeffamu kaayyoo barreeffamuuf kan qabuufi barreessaan kaayyoo qabu dubbisaa biraan gahuuf mala inni itti dhimma bahudha.Barreessaan yaada dabarsuu barbaade itti yaaduun akka dhiyeessu kan taasisudha.

Barreessaan kuufama beekumsaa qabu tooftaa salphaa, ifaafi jechoota sirriin ibsachuuf isa gargaara. Kana gonfachuuf shaakala addaan hincinne gochuun barbaachisaadha.Yaada kana Taklee (2008) yoo ibsu, “Writing is a process that needs consistent practice. It follows that the more people write, the more competent and successful writers they become.” Jedhee ibsa.Yaanni kun kan hubachiisu, dandeettiin barreessuu shaakala addaan hincinneen kan gonfatamuufi adaduma shaakala walitti fufaa taasisnu hanqina barreessuukeenya irratti mul’atu fooyyessaa deemuun kan danda’amu ta’uusaati. Kanaafuu, hanqina gama barreessuutiin mul’atu furuuf shaakala walitti fufaa taasisuun barbaachisaa ta’uu isaa mul’isa. Barreeffamni kaayyoo barreeffamuuf qaba.Kanaafuu, itti yaadamee barreeffamuun yaada dubbisaafi barreessaa waljijjiirsisuu danda’uu qaba.

Afaan Oromoo waggoota muraasaan dura afaan hojii, afaan qorannoo,afaan barreeffamaafi afaan barnootaa,afaan hojii waajjira mootummaa,sabquunnamtii akka hinturre (Asafaa,2009). Barreeffamni Afaan Oromoo seera mataa isaa qaba.Seerri kunis seera qubeessuu hanga barreeffama dheeraa akkasumas fayyadama sirna tuqaaleefi qubguddeessaa dabalata. Yaada kana ilaalchisee, Fedhaa (1999:85) yoo ibsu, “Dhimma qubeessuun walqabatee mul’atu keessaa inni tokko dheeressuu,gabaabsuu,laaffisuufi jabeessuun barreessuu akka ta’e addeessa.Haalli kun sagaleen haala hinbarbaachifneen yoo dheerate, jabaate,laafeefi gabaabbate ergaa guutuu dabarsuu danda’a. ” jedha. Akkuma yaanni kun mul’isutti,haalli qubeessuu jechoota Afaan Oromoo seera mataa isaa kan qabu ta’ee seera isaa irraa dabnaan ergaa barbaadame dabarsuu hindanda’u.

Kana deeggaruun Guutaa (1981:1) maalummaa qubeessuu yoo ibsu, “Incorrect spelling contributes to inefficient language use in writing. This mainly because accurate spelling may be one manifestation of general proficiency in language.” Jechuudhaani.

Barattoonni barreeffama qindaa’aa seera barreeffama afaanii guutee ergaa dabarsu qopheessuuf sababoota adda addaa irraa kan ka’e rakkachuu malu..Rakkoowwan isaan mudachuu danda’anis rakkoo qubeessuu,sirna tuqaalee bakka barbaachisutti sirnaan fayyadamuu,rakkoo hanqina qindoomina waanbarreeffamuu,hubannoo qabiyyee waanbarreeffamuu, rakkoo xiinqooqaa, xiinsammuufikkf’ndha. Rakkoon xiinqooqaa (Linguistic problem) kan seera ijaarsa caasaa afaanichaa qubeessuu eegalee hamma barreeffama (text) akkasumas, itti fayyadama sirna tuqaalee bakkaafi haala barbaachisummaa isaatti sirriitti fayyadamuu dadhabuudha.Kunis, barattoonni yeroo tokkotti dhimmoota hedduuf akka xiyyeeffannoo kennan isaan dirqamsiisa.

Akkasumas, akkaataan ijaarsa jechoota hiika qabanii,gaalee,ciroofi hima wallaaluunis barattoonni barreeffama ergaa guutuu dabarsuu danda’u akka hinbarreessine rakkisa.Rakkoon biraas rakkoo dandeettii (cognitive problem) walqabatu yoo ta’u,namni tokko qubeefi seera afaaniitti fayyadamee kan barreessu yoo yaanni barreeffamu jiraatedha.

Namni barreessu waan barreessu irratti beekumsa hinqabu yoo ta’e barreeffama ergaa guutuu dabarsu barreessuu hindanda’u. Kanaafuu, barattoonni barreeffama sirrii qopheessuuf seera afaan ittiin barreessanii qofaa beekuun gahaa miti. Waan barreessuu barbaadan irrattis hubannoo gahaa qabaachuu qabu.

Kanarraa ka’uun qorannoon kun “Xiinxala dandeettii Barreeffama keeyyataa Barattootaa Mana Barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> ija Barreeffama Gahumsa qabuutiin”jedhurratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.

## **1.2. Ka’umsa Qorannichaa**

Ogummaan barreessuu quphansa tokkoon kan horatamu miti.Yaaliifi shaakala walitti fufaa kan barbaadudha.Kanamalees, barreessuun hojii walxaxaa yeroo gochi barreessuu raawwatu dhimmoota hedduu xiinxaluu gaafatudha.Barreessuu keessatti hojii walxaxaa yeroo tokkotti raawwachuun amala dandeetticha gonfachuuf taasifamu ta’ee gama kaaniin immoo lafa dubbisaan hinjirretti waan barreeffamuuf yaada dubbisaa keessatti gaaffii ka’uuf malu hambisuuf ogummaa of eeggannoo guddaa barbaadudha.Gama biraatiin,hojiin barreessaa danqaa akka ta’u

kan taasisu,itti fayyadama sirna tuqaaleeti.Fayyadamni sirna tuqaalee tuqaa barbaachisu bakka barbaachisutti fayyadamuudha.

Qajeeltootti hojiirra oolchuun dubbisaan miiraafi ergaa barreessaa haalaan akka hubatu taasisa.Filannoon jechaas qabxii barreessaan tokko iddoo kenneefii itti yaaduu qabudha.Filannoon jechootaa kan barreessaan tokko ergaa barreeffama isaatiin dabarsuu yaade bakka bu'insa sirriidhaaf nita'a jedhee itti fayyadamudha.Jechoonni barreessaan fayyadamee ergaa dabarfatu ergaa isaa barreessaa tokko baatanii waandeemaniif jecha sirrii bakka sirriif oolchuu feesisa.Akkaataa jechoonni itti gurmaa'anii hima ta'an irrattis beekumsa barbaachisu qabaachuun barbaachisaadha.Hima keessatti maalummaafi faayidaa maatiima akkasumas, walta'iinsa inni xumura waliin qabus karaa quunnamtii hindabsiisneen akka ta'utti ijaaramuu akka qabu irratti beekumsa barbaachisa.

Walumaa galatti,dandeettii barreeffama Afaan Oromoo horachuun yeroo dheeraa kan gaafatuu nuffii malee shaakala walitti fufaa taasisuufi dhimmoota ulfaatoo hedduuf xiyyeeffannoo kennuu waanbarbaaduuf dandeettii kana gonfachuu ulfaataa taasiseera.

Kana ilaalchisee Misgaanuu(2011:59) Itaaloo(1999:19) wabeeffachuun “Dandeettiin barreessuu hojii sammuu haala malee walxaxaa waanta'eef barreessaan altokko wantoota hedduutti fayyadamuufi to'achuun agarsiisuudha” jedhee ibsa.Yaadni hayyuu kanaa akka agarsiisutti,wantoonni hedduun to'achuufi fayyadamuun barbaachisu kanneen akka:caasaa afaanii,qabiyyee barreeffamu,filannoo jechootaa, sirna tuqaaleeffikkf yeroo tokkotti yaaduun hojii barreessuu caalaatti walxaxaa kan taasisu ta'uu isaati. Akkasumas, Afaan Oromoo seera barreeffamaa mataa isaa waan qabuuf barattoonni barreeffamaan ergaa dabarfachuu nan dogoggora jedhanii waan yaadaniif barreeffamaan ergaa dabarfachuu irraa baay'ee of qusatu.

Haata'umalee,yeroo Afaan Oromoo afaan dubbattoota hedduu qabuufi guddinaanis tattaaffii olaanaarra jiru kanatti namoonni seera isaa eeganii barreessuu hindandeenye nimul'atu.Barreeffama seera Afaan Oromoo hineegne barreessuun aniif dubbisaankoo waliigallaan rakkoo hinqabu ilaalcha jedhurraa ka'uun hanqina barreeffama isaaniif sodaa hinqaban.Afaan seera barreeffamaa fayyadamtoonni ittiin walii galan kan mataasaa qabaachuun beekamaadha. Seerri dubbiis ta'ee barreeffamaa afaan tokko guddisuu keessatti gahee olaanaa qabu.Seerri barreeffama Afaan Oromoo walxaxaa ta'uufi barreeffama dogoggora irraa bilisa ta'e barreessuuf xiyyeeffannaa dhabuun guddina barreeffama afaanichaa irratti dhiibbaa guddaa

qabaachuun isaa hinoolu. Haata'umalee, dubbattoonniifi barattoonni afaan kanaa seera barreeffama isaa eeganii barreessuufi xiyyeeffannoo kennuun guddina afaan kanaatiif gahee (role) gama isaanii bahuu qabu.

Dabalataanis, barsiisonni Yuunivarsiitii barattoota muumme Afaan Oromootiin digirii jalqabaa baratan haala barreeffama isaanii irratti hanqinni hedduun akka jiru yeroo dubbatan na mudataniiru. Akkan yeroofi bakka garaa garaatti barsiisota Yuunivarsiitii irraa hubadhetti, barattoonni kutaa 12<sup>ffaa</sup> xumuranii Yuunivarsiitii seenuun muumme Afaan Oromootii ramadaman barreeffama ergaa sirrii dabarsuu danda'u barreessuun haa hafuu maqaa isaaniillee qajeelchanii barreessuu kan hindandeenye baay'inaan jiraachuu qeequ. Kun immoo akkan barreeffama barattootaa ija barreeffama gaariitiin akka xiinxalu kaka'umsa naaf ta'eera. Bu'uura kanaan, gaaffilee armaan gaditti ka'aniif deebii kenneera.

Isaanis:

1. Ija barreeffama gahumsa qabuutiin barreeffamni barattootaa mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> maal fakkaata?
2. Wantoonni gahumsaan barreessuu barattootaa danqan maal maal fa'i?
3. Barreeffamni A/O ija barreeffama gaariitiin hanqina qabu guddina Afaan Oromoo irrattis ta'ee milkaa'ina egeree barattootaa irratti rakkoo akkamii qaba?
4. Furmaanni barreeffama barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama dhabanii maali?

### **1.3. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Dandeettii Barreeffama Keeyyata Barattootaa Mana Barnootaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin Xiinxaluu ta'a.

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooree Qorannichaa**

Kaayyoon gooree qorannoo tokkoo qorataan itti yaadee dhimma qorannoo irratti adeemsisu irratti akka xiyyeeffatu gargaara. Innis, yoo haalaan qophaa'e qorataadhaaf agarsiiftuu daandiiti. Yaada kana Yaadasaa (2008:33) yoo ibsu, "Kaayyooleen qorannoo tokkoo, jalqaba irratti itti yaadamee kan barreeffaman yemmuu ta'u, isaanis dhimma rakkoo ta'e sanaaf furmaata barbaaduu akka danda'anitti bocamu. Sababni kanaas kaayyoon kaayyolee qorannoo inni wanta qorataan tokko raawwachuuf ka'e itti aansuun wantoota raawwatamuuf malan



mara addaan baasuudhaan akka itti karoofatetti raawwiitti seenuu danda'uufi hojii isaa daran cimsuuf gargaarsa gochuudhaaf waanta'eef," jedhee ibsa.Yaanni kun kan mul'isu, kaayyoon qorannoo qorataan qorannoo isaatiin adeemsa kamiin maal irratti akka xiyyeeffatu kan taasisu akkasumas, harcaatii hojii irraa kan isa hambisudha.

Dabalataanis, qabxii tokko irratti xiinxala gad fagoo akka taasisu deeggara.Anis kana irraa ka'uun, dhimmoota kanaan gadii adda baasuuf qorannoo kana adeemsiseera. Kaayyoon gooree qorannoo kanaas qabxiwwan armaan gadii irratti kan xiyyeeffatu ta'.a

1. Barreeffama barattootaa mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluu.
2. Wantoota gahumsaan barreessuu barattootaa irratti dhiibbaa fidan xiinxaluu.
3. Rakkinni barreeffama A/O ija barreeffama gahumsa qabuutiin barattoota irratti mul'atu milkaa'ina egeree barattootaas ta'ee guddina A/O irratti dhiibbaa akkamii akka fidu eeruu.
4. Tooftaawwan furmaata ta'uu danda'an eeruu.

#### **1.4. Faayidaa Qorannichaa**

Addunyaa kana irratti qorannoon kan gaggeeffamuuf qaamni bu'aa qorannoo sanaatti fayyadamu waan jiruufi.Kaayyoon hojii qorannoos rakkoo tokkoof furmaata fiduu waan ta'eef qaamni bu'aa qorannootti fayyadamu ni jira. Haaluma kanaan, anis argannoon qorannoo kanaa qaamota armaan gadii fayyaduu danda'a jedhee amana.Isaanis:

1. Barattoonni Afaan Oromootiin barreeffama gaarii barreessuurratti hanqina qaban akka madda beekumsaatti gargaaramuu danda'u.
2. Barsiisota Afaan Oromoo barsiisan akka tooftaatti gargaaruu danda'a.
3. Ogeessota afaanii kanneen akka qophii kitaabilee afaanii irratti hirmaataniifi dhaabbilee qorannoo Afaan Oromoo irratti hojjechuu barbaadan akka ulaagaatti tajaajila.
4. Qaama mataduree kana irratti qorannoo dabalataa hojjechuu barbaaduuf akka ka'umsaatti fayyaduu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa dandeettii barreessuu irratti xiyyeeffachuun rakkoo gama kanaan barattoota mudachuu danda'uuf furmaata laachuudha. Sababni isaas dandeettiin kun dandeettiiwwan afaanii jiran keessaa isa ulfaataafi barbaachisummaa olaanaa qabudha. Qorannoon kun sababoota adda addaa irraa kan ka'e bakkaafi yeroon daanga'aadha.

Haaluma kanaan, mata-dureen qorannoo kanaa Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattootaa Mana Barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> bara 2013 Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin Kan jedhutti kan daanga'edha. Bakki qorannichi itti adeemsifames aanaa Noonnootti mana barnootaa Silk-Ambaa irratti. Manni barnootaa Sil-Ambaa godina Shawaa Lixaatti aanaa Noonnoo keessatti argama. Aanaan Noonnoo magaalaa Finfinnee irraa kallattii Lixaatiin 126 Km irratti kan argamtu ta'ee, magaalaa godina Amboo irraa kallattii Kibba Dhihaatti 101 Km fagaattee argamti. Ka'umsi moggaasa Silk-Ambaa bara 1935 yeroo weerara Xaaliyaanii hoogganaan waraanaa isaanii Beeniiitoo Moosolonii bilbila quunnamtiif isaaf gargaaru, bakka har'a magaalli aanaa irratti hundoofta irratti dhaabbatee ture. Aanaan Noonnoo Bahaan godina Kibba Lixa Shawaatiin, Kaabaan aanaa Jibaati, Kibbaan Naannoo Ummattoota Kibbaatiin Lixaan godina Jimmaatiin marfamtee argamtee kan argamtu ta'uu ragaan aanicha irraa argame ni addeessa.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun otoo danda'amee manneen barnootaa godina Shawaa Lixaa hunda keessatti gaggeeffamee bu'aa gaariitu irraa argama ture. Haata'u malee, hojii idilee koo waliin manneen barnootaa godinicha keessatti argaman hunda keessatti qorannoo kana gaggeessuun ulfaataa waan ta'eef, qorannoon kun Mana Barnootaa Silk-Ambaatti akka daanga'u ta'eera. Dabalataanis xiinxalli dandeettii barreessuu barattootaa manneen barnootaa sad. 1<sup>ffaa</sup> keessaa barataniis qorannoo kanaan otoo hammatame ta'ee bu'aa caalu argamsiisa ture. Sababii isaa jalqabni ijaarsa dandeettii barattootaa sad. 1<sup>ffaa</sup> keessaa waan jalqabuufi. Haata'u malee, kun immoo baajata guddaafi yeroo dheeraa gaafata. Kana irraa kan ka'e, isaan kana qorannoo kanaan hammachiisuu dhabuufi rakkoowwan dandeettii barreessuu barattootaa irratti gufuu ta'anii qorannoo kanaan osoo hinilalamiin hafan dhiisuun hanqina qorannoo kanaati. Anis hanqinoota kana irraa ka'uun, qorannoo kanaa barreeffama barattootaa ija barreeffama gahumsa jedhurratti akkan xiyyeeffadhu ta'eera. Sababiin isaa rakkooleen barreessuu barattootaatiin walqabatan qorannoo kanaan deebii argatu jedhee waanan yaadeefi.

# **BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU**

## **2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee**

### **2.1.1. Maalummaa Barreessuu**

Ogummaan barreessuu dandeettiiwwan afaanii kanneen akka dubbachuu, dubbisuufi dhaggeeffachuu keessaa isa tokko ta'ee, yaada sammuu namaa keessa jiru qubee walii galametti fayyadamuun qindeessanii barreessuuf gargaara. Haaluma kanaan, hayyoonni adda addaa maalummaa barreessuu irratti yaada karaa garaa garaa isaan kennan akka armaan gadiitti dhiyaateera. Rabbirraa (2009:16) ogummaa afaanii yoo ibsu, "Ogummaan barreessuu ogummaa yaadaafi ergaa sammuu ofii keessa jiru jechootatti jijjiiruun waraqaarra kaa'uufi dubbisaanis akka nuti hubannetti akka hubatu gochuuti." jedhee ibsa. Akka yaanni hayyuu kanaa ibsutti ogummaan barreessuu ogummaa yaada ofii keessajiru akka dubbisaa keessatti uumamu taasisuuf yaada jiru waraqaarra kaa'uu ta'uu isaati.

Melakne (1998:174) wabeffachuun, Picas (1982:45) "Writing is a process in which ideas are arranged in sentences to paragraphs and the use of words, phrases and other cohesive devices resulting in stretch of language called composition. It could also defined as a purposeful selection and organization of experience" jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, barreessuun adeemsa yaadonni jechootaa, himaafi keeyyata ijaaruu keessatti walqabsiistota adda adda gargaaramuun ijaarani. ijaarsi kun xiinxala yaadaafi filannoo jechootaa irratti waan xiyyeeffatuuf guddina afaaniitiif gumaacha guddaa qaba.

Akka Taklee (2008:45) "Writing is a process that needs consistent practice. It follows that the more people write, the more competent and successful writers they become." Jedhee ibsa. Yaanni kun kan hubachiisu, dandeettiin barreessuu shaakala addaan hincinnee kan gonfatamuufi adaduma shaakala walitti fufaa taasisnu hanqina barreessuukeenya irratti mul'atu fooyyessaa deemuun kan danda'amu ta'uusaati. Kanaafuu, hanqina gama barreessuutiin mul'atu furuuf shaakala walitti fufaa taasisuun barbaachisaa ta'uu isaa mul'isa. Barreeffamni kaayyoo barreeffamuuf qaba. Kanaafuu, itti yaadamee barreeffamuun yaada dubbisaafi barreessaa waljijjiirsisuu danda'uu qaba.

Karaa biraatiin dandeettiin barreessuu hojii walxaxaa ta'uu isaa Andrain (1979) yoo ibsu, "Writing is defined as complex process which demands cognitive analysis", yaada hayyuu

kanaa irraa wanti hubatamu, dandeettiin barreessuu walxaxaafi xiinxala gad fagoo kan barbaadu ta'uu isaati. Xiinxalli kunis xiinxala filannoo jechaafi tartiiba yaa'a yaadaa kan ilaalu ta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun, barreessuun hojii walxaxaafi sababa isaa Byrne (1988) yoo ibsu, "Writing is a complex process because it requires the mastery of grammatical devices, conceptual thinking and judgemental (have purpose and activating elements)", jedhee kaa'a. Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu barreessuun hojii walxaxaa kanneen akka: fayyadama seer-lugaa, yaada barreeffamu xiinxaluufi kaayyoo barreessuu adda baafachuu yeroo tokkotti waan raawwatuuf ulfaataafi walxaxaa ta'uu isaati.

Dandeettiin barreessuu shaakala wal irraa hincinne kan gaafatu ta'ee barreessaan gahumsa qabu dubbisaa hinbeekanne waliinquunnamtii gahaa uumuu kan danda'u ta'uu Devies(1998:25) yoo ibsu, "Writing is an essentially creative process and good writers must learn to communicate their ideas clearly to unseen audience. this takes a lot of practice", jedha. Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu barreessaan barreeffama gahumsa qabu barreesuufi dubbisaa wajjin walquunnamtii sirrii gochuuf shaakala barreeffamaa walitti fufiinsaana taasisuu qabaachuu isaa agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Garbefi Kaplan dandeettiin barreessuu shaakala walitti fufaadhaan kan gonfatamu ta'uutti kan amanan ta'uu Garbefi kaplan (1996:6) yeroo "believe that writing doesn't come naturally but rather gained through effort and much practice", jedhanii ibsu. Yaanni hayyoota kanaas kan ibsu, dandeettiin barreessuu dhalootaan kan dhufu osoo hintaane, shaakala abbaatiin kan gonfatamu ta'uun ilaalcha isaanii akkata'e hubachiisa. Barreeffamni hojii barattoonni dhimma tokko irratti jechoota qindeessuun seer-luga eeganii barreessanii dubbisaa wajjin walii galtee milkaa'aa uumuuf godhaniidha. yaada kana Heaton (1975:127) ennaa ibsu, "Writing is task which involves students to make correct sentences grammatically by manipulating words in the form of piece of continuous with successfully communicates the writer's idea on certain topic". jedhee kaa'a. Yaada kanarraa kan hubatamu, barreessuun gocha barataan mata duree tokko irratti jechoota qindeessuu seera afaanichaa eeguun barreessee walquunnamtii gochuuf raawwatudha.

Karaa biraatiin, Hedge (1988) dandeettii barreessuu dandeettii dubbachuu waliin waldorgomsiisuun yoo ibsu, barreessuun dubbii caala walxaxaafi xiyyeeffannaa seer-lugaa, yaa'a yaadaafi sirrummaa ergaa darbuu eeguun walquunnamtiin hindanqamneen waan barreeffamu sanaaf filannoo jechaa, caasaa himaa fi wanti ibsamu dubbisaaf karaa hubatamuu

danda'uun barreessuu kan gaafatu ta'uu ibsa. Yaanni kun kan agarsiisu, dandeettiiwwan barreessuufi dubbachuu walbira qabnee yoo ilaallu, dubbachuun haaluma salphaan dhimma dubbatamu sana sochii qaamaatiin deeggaruun dhaggeeffataa waliin walquunnamtii sirrii uumuun kan danda'amu yoo ta'u, barreessuun filannoo jechaatti fayyadamuun seerluga afaanii sirriifi sirrummaa yaada barreeffamu sanaa xiinxaluun dubbisaa waliin quunnamtii gaarii uumuuf kan raawwatamu ta'uu isaati.

### **2.1.2. Faayidaa Barreessuu**

Dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan arfan afaanii keessaa tokko ta'ee dandeettii baay'ee walxaxaafi ulfaataa ta'us faayidaa hedduu kan qabudha. Keessattuu, dandeettiin kun ta'iiwwan bara seenawaa tokko raawwatani darbaniifi murteessaa ta'an dhaloota dhufutti dabarsuuf, namoota bakka adda addaa jiran gidduutti walquunnamtii uumuufi addunyaa barnootaa keessatti walquunnamtii bariisaafi barattoota gidduutti taasifamuuf faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u, dhimma kana ilaalchisee yaadni hayyoonni jedhan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Haaluma kanaan, dandeettiin barreessuu dandeettiiwwan afaanii arfan keessaa isa tokko ta'ee, dandeettii, ilaalchaafi haala barreessaan ofii isaafi addunyaa kanaaf qabu jijjiiruuf kan humna qabu ta'uu isaa Ibraahim (2015) irratti yoo ibsu, "Writing is one of the language skill. it plays a major role in experiencing one's ideas, thought, opinions, and attitudes." jedhee ibsa. Yaanni hayyuu kanaa kan agarsiisu, Barreessaan yeroo barreessu wantoota adda addaa xiinxaluu waan barbaachisuuf dandeettiin barreessuu ogummaawwan afaanii arfan keessaa tokko ta'ee, muuxannoo, yaadaafi ilaalcha barreessaan addunyaafi ofii isaatiif qabu kallattii jijjiirsisuu kan danda'u ta'uu isaati.

Dabalataanis, dandeettiin barreessuu karaa barreessaan dubbisaa isaatiif yaadaafi fedhiisaa qooduufi amansiisu ta'ee kangargaaru ta'uu Ibraahim (2015) ennaa ibsu, "Through writing people are capable of sharing ideas, feeling, persuading and convincing others". Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu, barruun karaa barreessaan meeshaa barreessaan ittiin kaayyoo miirasaa ibsu, yaada isaa qooduufi amansiisuuf itti fayyadamu ta'uusaati.

Karaa biraatiin, barreessuun tooftaa barattoonni sadarkaa hubannoo isaanii ittiin mirkaneeffachaa deemaniifi barsiisaanis duubdeebii barachuufi hubannoo barattootaa ilaalchisee yaadasaa isaa kennuu keessatti kan fayyadu ta'uu Ibraahim (2015:40) yoo ibsu, "Writing allows students to see

their progress and get feedback from their teacher and also allows teachers to monitor students and diagnose problem encountered this shows writing plays a predominant role in language learning”, jedhee ibsa. Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu, faayidaan barreessuu addunyaa barnootaa keessatti barsiisaan barannicha akka to’atu kan gargaaruufi barattoonni barannoo argatanirratti sadarkaa maal irra akka jiran hubatanii tarkaanfii malu fudhachuuf kan isaan gargaaruufi ogummaan barreessuus barnoota afaanii keessatti gahee guddaa qabaachuu ta’uu isaati.

Gama biraatiin, ogummaa barreessuu karaa barnoota afaanii ittiin guddifatan ta’uu Guantumfi Chakraverty (2000:22) yoo ibsan, ”Writing is an important part of language learning...”, jedhee ibsa. Karaa biraatiin, barreessuu yaada sammuu keessa jiru qindeessanii waraqaa irra kaa’uufi yaadicha qabatamaa taasisuuf kan gargaaru ta’uu,

Brown (1980) yoo ibsu, “writing is the process of putting ideas on paper to change our thought into words to sharpen our main ideas to give them structure and coherent organization”, jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu yaada sammuu barreessaa keessa jiru kan qabatamaafi mul’ataa hintaane mul’ataa taasisuuf gargaaru isaati. Zahur (2013) maalummaa barreessuutiin walqabsiisee faayidaa barreessuu yoo ibsu, barreessuun hojii kalaqa sammuu dhala namaa kan namni qofti mudannoo isaa yoomessa murtaa’ee qubee irratti waliigalame (orthography) dhimma ba’uun fuulduraaf itti fayyadamuuf gargaaru jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, barreeffamni meeshaa, muuxannoo beekumsaafi ta’ii haala yeroo keessatti nama mudatu ittiin qabanii fuulduraaf itti gargaaraman waan ta’eef baattuu odeeffannoo ta’uun dhala namaafi bineensa kan adda baasu ta’uu isaati.

Karaa biraatiin, yaanni sammuu namaa keessa jiru nama biraafis ta’ee abbichumaaf tartiiba qabatee kan hinjijjiirreefi harca’aadha. Kanaafuu, yaanni namaa kan inni ifatti bahee mul’atu dubbii afaanii yookiin barreeffamaani.

Barreessaanis jechoota walitti qindeessuun miira isaa akka bakka bu’utti dubbisaa waliin walquunnamtii taasisuuf gargaara jechuun ibsa. Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu, karaan dhaggeeffataa yookiin dubbisaan yaadaafi miira barreessaa yookiin dubbataa isaa adda baasee hubachuu danda’u yoo barreesse yookiin dubbate qofaadha. Haaluma kanaan, dubbisaan yaada barreessaahubachuuf yaada barreessaan jechootatti fayyadamee qindeessee barreesse dubbisuuni. Kanaafuu, barreeffamni yaada barreessaa hubachuuf gargaara.

### 2.1.3. Amaloota Barreeffama Gaarii

Kaayyoon barreeffamaa inni guddaan barreessaafi dubbisaa gidduutti walquunnamtii uumuuf akka ta'e beekamaadha. Walquunnamtiin taasifamu kun hawwataa, ifaafi ergaa guutuu akka dabarsuuf ulaagaalee ga'umsa barreeffamaa madaaluuf oolan guutuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan,,akka Boucher(1984)fi Hedge (1988) tti foormulaan yookiin tooftaan barreeffama tokko gaarii taasisuuf akka walii galaatti irratti waliigalame kan hinjirre ta'ullee barreeffamni gaariin tokko amaloota inni qooddatu yookiin qabaachuu qabu ibsaniiru. Hayyoonni kun,amaloota keeyyanni gahumsa qabu waliin qooddatan irratti walii galu. Bu'uuruma kanaan, barreeffama tokko gaarummaan isaa kan madaalamu bakka barreessaan hinbeekamneefi hinjirretti dubbisaadhaaf waan dhiyaatuuf barreessaa bakka bu'uun ergaa inni dabarsuu barbaade miira isaa waliin yoo dhiyeessuu danda'eefi barreessaan dandeettii kalaqqiitti fayyadamuun suura yookiin arga yaadaa waan ibsuu barbaade sanaa dubbisaa keessatti uumuu yoo danda'edha.

Amaloonni kunis, 1<sup>ffaa</sup>,n xiyyeeffannoo/focus dha. Innis, hima ijoo keeyyataa irratti hundaa'uun himoonni gargaartuun hima ijoo ibsuuf oolan waa'ee hima ijoo sanaa gad-fageenyaan kan ibsaniifi himoonni dhiyaatan waa'ee hima ijoo qofa kan balballoomsan yoo ta'e, barreeffamichi xiyyeeffannoo qaba. 2<sup>ffaa</sup>,n immoo dagaagina/development yoo ta'u, innis; barreeffama tokko keessatti himni ijoo keeyyataa ibsa bal'aafi fakkeeniyotaan dhiyaatee hima ijoo ilaalchisee gaaffii sammuu dubbisaa keessatti ka'uu malu guutummaatti deebisuun dubbisaa isaa kan quubsu yoo ta'edha.

Tekle (2015:69) yaada kana deeggaruun yoo ibsu, "A well-developed paragraph must treat adequately the idea it is presenting, and satisfy the reader. A well-developed/complete paragraphs finally leave the reader virtually with no unanswered questions," jechuun ibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu keeyyanni dagaagina qabu yaada hima ijoo keessatti tuqame ilaalchisee dubbisaadhaaf dhimmoota ka'uu qabaniifi sammuu dubbisaatti gaaffii ta'uu malan deebisuun dubbisaa isaa quubsuu qaba. Dubbisaanis, yaada hima ijootiin eerame ilaalchisee gaaffii hinqabaatu jechuudha. Amaloota barreeffama gaarii keessaa 3<sup>ffaa</sup>,n tokkummaa/unity ta'ee, inni immoo barreeffama tokko keessatti himoonni keeyyata tokko ijaaran tokkummaa cimaa kan qabani. Yaada kana Addunyaa (2018:149) "Keeyyanni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu yaada hima ijoo keessatti dhiyaate himoonni gargaartuufi himni goolabaan yoo tumsanidha." jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu keeyyanni tokko tokkummaa qabaachuuf

himoonni gargaartuun keeyyataa hima ijoo waliin hariiroo cimaa kan qabaniifi himni goolabaa hima ijoo keeyyataa kan deeggaru akkasumas, yaanni hima ijoo ibsame hima goolabaan yoo deeggarama ta'uu isaati.<sup>4ffaa</sup> n immoo walta'insa/coherence yoo ta'u, walitti hidhannaa himoota keeyyata ijaaraniiti. Haaluma kanaan, dhangala'insi yaadaa himoota walduraa duuba jirani qindoomina cimaa kan qabu akkasumas, miira dubbisaa kan dadammaqsani. Yaada kana Tekle (2015:69) irratti yoo ibsu, "Coherence in writing means that all ideas in a paragraph flow smoothly from one sentence to the next sentence. It refers to relatedness a sentence in paragraph. All sentence in paragraph must be related to and flow into each other." jechuun lafa kaa'a. Yaanni kun kan ibsu, yaadonni hima tokko ijaaran kan wal hinfalleessineefi hariiroon himaa himatti jiru kan waldeeggaruun firummaa hidhata cimaa agarsiisan jechuudha.

Dabalataanis, walqabatiinsi amaloota barreeffama gaarii keessaa isa tokko ta'uu isaa Geetaachoo(2009:124) yoo "Keeyyanni tokko walta'umsa qaba kan jedhamu, himoonni keeyyaticha keessaa kan walitti rarra'an ta'ee yaadaan walqabatee kan demu yoo ta'edha. Walta'umsa keeyyata tokkoo eeguuf a) walqabsiistotatti fayyadamuu... walqbsiistonni kunis keeyyata keessatti yaada dabalataa agarsiisuuf, yeroo agarsiisuuf, yaada sanaaf xiyyeeffannoo kennuuf, fakkeenya kennuuf, yaada walitti qabuufi kkf 'f fayyadu. b) Tariiba qabatamaan kaa'uu. Tariiba qabatamaa yoo jennu; tariiba yeroo, tariiba bakkaa yookiin gocha raawwatamuun ta'uu danda'a." jedhee kaa'a. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, walta'iinsa (coherence) 'n amaloota barreeffama tokko gaarii jechisiisan keessaa isa tokko ta'ee, yaadonni keeyyata tokko ijaaran walitti rarra'uun walta'umsa keeyyatichaaaf kan hojjetan ta'ee, walqabsiistotatti dhimma bahuun keeyyanni tariiba qabatamaan kan dhiyaate yoo ta'edha. Kanaaf barreessaan tariiba wantootaafi walqabsiistota yaadota akka barbaachisummaa isaaniitti walitti fiduun wal unachiisanitti fayyadamuun walta'umsa keeyyyataa kan eegsisu ta'uu isaati. Haaluma kanaan, Addunyaa (2012:29) Walta'umsa barreeffama tokkoo eeguuf dhimmoota ilaalcha keessa galuu qaban yoo ibsu,

*“Wal ta'insa barreeffama tokkoo eeguuf meeshaa guddaan walqabsiistota, sirna tuqaaleefi, irra deddeebiidha. Walqabsiistotaan jechoota, ciroowwaniifi himoota walitti hidhuuf caasaa tajaajilaafi gosoota isaanii beekuun haaldureedha. Kanaafuu, kamiifi akkamii caasaaleedhamsagaa hanga himaatti jiran addaan baafachuun kanneen isaan irra guddataniif (keeyyataafi barreeffama dheeraaf) bu'uura”* jechuun ibseera.



Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti barreessaan walta'umsa yaada barreessuu eeguuf irra-deddeebii,sirna tuqaaleefi walqabsiistotatti haalaan fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaatiifi walqabsiistotatti fayyadamuuf caasaalee dhamsagaa hanga himaatti kanneen kanneen akka jechaa,ciroofi himootaafi isaanii ol jiran beekuun barbaachisaa ta'uu isaati.

5<sup>ffaa</sup> irratti sirrummaa/correctness/dha. Innis; Barreeffamni dhiyaatu seera afaanii eeguun jechoota idileefi filannoo jechaatti dhimma bahee hamma danda'ametti akka walquunnamtii hinmaqsineti karaa dogoggora irraa bilisa ta'een dhiyaachuu qaba. Walumaa galatti, barreeffamni tokko yaada hima ijootiin eerame himoota gargaartuutiin tooftaa adda addaatiin kan ibsuufi barreessaan dandeettii kalaqaa isaa fayyadamuun eenyummaa isaa kan dubbisaa isaatiif ittiin ibsu yoo ta'e barreeffamichi amaloota barreeffama gaarii jedhaman kan guutu ta'uu isaati.

## **2.2. Sababoota Dandeettii Barreessuu Danqan**

Seerri barreessuu kan walii gala dhaabbataafi dambii ifaan ifatti beekame waan hinqabneef barreeffama ulaagaa barbaadamu guutu barreessuufi ogummaa kanaan hubannaa wal fakkaataa qabsiisuun ulfaataadha. Kana irraa kan ka'e barreessaan hammuma hubannoo isaatiin yaada barbaade barreessuun ergaa isaa dabarfachuun nimul'ata.

Dandeettiin barreessuu barattootaa karaalee adda addaatiin gufachuu danda'a.Sababiin isaa hojii barreessuu keessatti wantoota adda addaa yeroo tokko keessatti waan hedduu xiinxaluu waan barbaaduufi.Wantoonni itti yaadamuu qabanis, kanneen akka caasaa himaa,filannoo jechaa,kaayyoo,jamaa, qindoominaafi kkkf.(Ibraahim, 2015).Wantoonni kun xiyyeefannoon yoo hinilaalamne,walquunnamtii barreessaafi dubbisaa gufachiisuu danda'u.Dabalataan, qubee afaan ittiin barreessamu adda baasuu dadhabuu, itti fayyadama mallattoolee barreeffamaa qixaan beekuu dhabuunis rakkoo mataa isaa danda'edha.Dhimma kana irratti yaadni beektotaa akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Akka Byrne (1988:4)tti barreeffamni seera waliigalaa fayyadamtoonni afaanichaa itti walii galan dhabuu irraa kan ka'e barreessaan caasaa afaaniis ta'ee, seerota afaanii biroo akka ofii yaadetti akka ibsine dhorkuun dandeettii barreessuu akka hinguddifanne taasisuu ibsa.Haaluma kanaan,Hedge (1988:5) barreeffama keessatti seeronni walii galaa dhabamanis barreessaan beekumsa qindoomina,filannoo jechaa,caaslugaa ,caasaa himaafi hubannoo xiinqooqaa dhabuun dandeettii barreessuutiif danqaadha jedha. Dabalataanis,akka Byrne (1988) jedhutti, hojiin barreeffamaa adeemsa walxaxaa dhimmoota hedduu yeroo tokkootti xiinxaluu

gaafatu. Wantoonni xiinxalaman kunis, seerota barreeffamaa hunda ilaalchisee yaaduufi murtii kennuu (kaayyoofi filannoo jechaa) akkam akka ta'e irratti itti yaaduu barbaada jedha. Yaanni kun kan agarsiisu, barattoonni barreeffama gaarii barreessuuf baay'ee itti yaaduu barbaada. Kun immoo yeroofi shaakala akkasumas, deeggarsa baay'ee barbaada. Karaa biraatiin, Byrne (1988:4) sababoonni dandeettii barreessuu ulfaataa taasisan: qorsammuu, hubannoo xiinqooqaan walqabatuufi beekumsa barreessuun walqabatee jiru jechuun bakka sadiitti qooda.

Yaada hayyuu kanaa irraa akka hubatamutti, barreessuun barattootatti akka ulfaatuuf ilaalcha barreessaan dandeettii kana guddisuuf qabu guddina dandeettii kanaaf shoorra guddaa qaba. Akkasumas, hubannoo inni saayinsii afaaniif qabuufi dandeettii yaada sammuu isaa kan hinmul'anne gara barreeffamatti fayyadamuun gara waan mul'ataatti jijjiiruuf qabu gahee mataa isaanii qabu. Kanaaf, hanqinni wantoota kanaa dandeettiin barreessuu akka hinguddanne taasisu. Akka Ibraahim (2015) Norish (1993) wabeeffachuun ibsetti, dandeettiin barreessuu akka walxaxaa ta'u kan taasise dubbisaan ergaa barreessaa irraa darbu hubachuuf maddi isaa afaanuma yookiin jechootuma barreessaan fayyadame. Barreeffamni sun ta'ii ibsame guutummaatti bakka bu'uun ibsuu qaba. Kun immoo xiyyeeffannoon filannoo jechaafi caaslugaaf kennamuu qaba malee ergaa darbaa jiruuf qofa akka hintaane ibsa. Barreessaa gaariinis dandeettii kalaqqii isaa fayyadamuun eenyummaa isaa dubbistoota isaatiif kan ittiin of beeksisudha.

Wantoota dandeettii barreessuu rakkisaa taasisan keessaa qabxiin biraa fedhii dhabuu barattootaafi carraa hirmaannaa dhabuu isaaniiti. Barattoonni barreessuuf kaka'umsa dhabuufi carraa shaakala barreessuu dhabuun dandeettii barreessuu nidanqa. Kana ilaalchisee, Zamel (1997) yeroo ibsu, "The writing tasks can be developed rapidly when the student's concerns and interests are acknowledged, when they are given numerous opportunities to write and when they are encouraged to become participants" jedha. Yaada hayyuu kanaa irraa akka hubatamutti, barattoonni dandeettii barreessuu akka guddifataniif fedhiin isaanii eegamuufi skaakala barreessuu keessatti hirmaachuuf jajjabeeffamuu qabu. Barsiisonnis barattoota isaanii onnachiisuu qabu. Kun hintaane taanaan barattoonni dandeettii kana guddifachuu hindanda'an. Kanaaf, barattoonni dandeettii barreessuu akka gonfataniif barsiisotas ta'ee barattoonni gahee ofii haalaan bahuu qabu.

Dabalataanis, barattoonni waa'ee waan beekaniifi fedhii irratti qabaniirratti yoo barreessan ogummaa barreessuu dandeettiin barreessuu isaanii caalatti bu'a-qabeessa ta'uu, Leki (1991:9)

yeroo ibsu,”The desire on the part of the writer to communicate something is very important because it is much more difficult for students to write about something they have no interest in.” jedhee kaa’a.Waraabbii kana irraa kan hubatamu,barattoonni waan jaalatan irratti yoo barreessan dandeettii barreessuu isaanii guddifachuu kan danda’aniifi mata duree hinjaalanneefi hinbeekne irratti akka barreessan yoo taasifaman immoo dandeettii barreessuu akka hinguddifanne taasisuu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, barattoonni ofii isaaniif dhimma fedhan irratti yoo barreessan gaarii ta’uu Thomsan et.al. (2003) “...it is reasonable and motivating to allow students to choose their own topics and that when students are allowed this freedom, their work is more successful.” jedhu. Yaada hayyoota kanaa irraa hubachuun akka danda’amutti, dandeettii barreessuu guddisuu keessatti qajeelfama darbuun gaggeeffamuu qofa osoo hintaane, barattootaaf bilisummaan yaadaa kennameefii waan fedhan irratti yoo barreessan dandeettii barreessuu guddifachuu kan danda’aniifi fedhii isaanii daangessuun ajaja darbu qofaan akka deeman gochuun gahumsa barreeffama isaanii miidhuu danda’uu isaati.

Dandeettii kamiyyuu gonfachuuf shaakala gochuun barbaachisaa akkuma ta’e,Ogummaa barreessuu kana guddisuufis shaakala walitti fufaa taasisuun murteessadha.Yaada kana Hedge (1988) ennaa ibsu, “My experience tells me that in order to become a good writer students needs to write a lot,”jedha.Yaanni hayyuu kanaa akka ibsutti,barreessaa gaarii ta’uuf shaakala walitti fufaa gochuun barbaachisaa ta’uufi shaakala hintaasifne taanaan barreeffama gaarii qopheessuun ulfaataa ta’uu hubachiisa.Wantoota barattoonni dandeettii barreessuu akka hingonfatamne taasisan keessaa qabxiin biraa haala kenniinsa yaad-deebii barsiisonni barattoota isaaniitiif kennani.Barsiisonni abbaltii barattoota isaanii irratti yaad-deebii yeroo kennan of eeggannoon raawwachuu qabu.

Sababiin isaa yaad-deebiin isaan barsiisota isaanii irraa argatan adeemsa barnoota isaanii irratti dhiibbaa uumuu waan danda’uufi.Kanaafuu, yaad-deebiin barattootaaf kennamu of eeggannoon yoo raawwatame haamilee isaanii cimsuufi ofitti amanamummaa isaanii dabaluu keessatti gahee kanqabu yoo ta’u,yaad-deebiin kennamu karaa barattoota mufachiisuufi abdi kutachiisuun yoo ta’e garuu fedhiifi milkaa’ina isaanii ni quucarsa.Yaada kana Zamel (1985) deeggaruun yoo ibsu, “written responses given by teachers are vague and abstract which don’t help students revise their learning.” jedhee kaa’a.Yaada kana irraa kan hubatamu,duub-deebiin barsiisonni

barattootaaf kennan ifa kan hintaaneefi barattoonni dogoggora isaanii akka hinhubanneef danqaa ta'uun fedhii dandeettii kana guddifachuu qaban keessaa balleessuu danda'a. Kun immoo milkaa'ina isaanii gufachiisa.

Haalli barsiisonni afaanii dogoggora barattoota ittiin ilaalan sirreessanis barattoonni dandeettii isaanii akka hinguddifanne taasisuu danda'a. Barnoota afaanii keessatti doggorri kan hinhafneefi dhiibbaa uumamaa akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Akka Addunyaa (2012:30) Edge (1983) fi Corder (1975) wabeeffachuun ibsutti, "dogoggorri adeemsa barachuu waan ta'eef balaaleffamuu hinqabu," jedha. Kana irraa wanti hubatamu, adeemsa barachuu keessa shaakala gaggeeffamuun, dogoggoruun hinhafu. Kana waan ta'eef dogoggorri adeemsa shaakalaa keessa kan mudachuu danda'uufi akka salphinaa yookiin gad aantummaatti fudhatamuu kan hinqabne ta'uu isaati. Kanaafuu, barsiisonni barattoota isaaniitiif hojii yeroo kennan jajjabeessuufi onnachiisuun kan irraa eegamu malee dogoggora uumamaan mudatuuf akka barattoonni waan dogoggoranitti hindeebine gochuun barbaachisaa miti. Wantoota barattoonni dandeettii barreessuu akka hingonfatamne godhan keessaa qabxiin biraa haala kenniinsa yaad-deebii barsiisonni barattoota isaaniitiif kennani. Barsiisonni adeemsa barachuu barattoota isaanii irratti yaad-deebii yeroo kennan of eeggannoon raawwachuu qabu. Sababiinsaa yaad-deebiin isaan barsiisota isaanii irraa argatan adeemsa barnoota isaanii irratti dhiibbaa uumuu waan danda'uufi.

Kanaafuu, yaad-deebiin barattootaaf kennamu of eeggannoon yoo raawwatame haamilee isaanii cimsuufi ofitti amanamummaa isaanii dabaluu keessatti gahee kanqabu yoo ta'u, yaad-deebiin kennamu karaa barattoota mufachiisuufi abdi kutachiisuun yoo ta'e garuu fedhii isaanii xiqqeessuun milkaa'ina isaanii quucarsa. Zamel (1985) yaada kana deeggaruun yoo ibsu, "written responses given by teachers are vague and abstract which don't help students revise their learning." jedhee kaa'a. Yaada kana irraa kan hubatamu, duub-deebiin barsiisonni barattootaaf kennan akka isaan dogoggora isaanii sirreeffataniif kan kallattii kennu osoo hintaane kaka'umsa keessa isaaniitii kan balleessu ta'uu isaati..

Kanaafuu, yaad-deebiin barreessuu irratti barattootaaf kennamu barattoonni rakkoo gama kanaan jiru keessaa akka bahaniif xurree agarsiisu qabaachuu akka qaba. Haaluma kanaan, barreessuun hojii rakkisaa ta'usaa Abu et.al. (2001:30) yoo ibsan, "writing is a difficult skill for native speakers and non-native speakers alike because writers must balance multiple issues such as content, organization, purpose, audience, vocabulary, punctuation, spelling and mechanic," jedhu.

Akka yaada hayyoota kanaa irraa hubachuun danda'amutti, dandeettiin barreessuu ulfaataafi walxaxaa kan yeroo tokkotti dhimmoota hedduu ilaalcha keessa galchuu gaafatu ta'uu isaati. Kunis, kan agarsiisu barreessaa afaan dhalootaas ta'ee lammaffaan yeroo barreessu dhimmoota hedduu akka; qindoomina qabiyyee, faayidaa waan barreessuu, eenyuuf akka barreessu, tooftaa kamiin akka barreessuu, sirna qubeessuufi akkamiitti akka dhimma ba'u irratti yeroo tokkotti yaaduu waan gaafatuuf dandeettiin barreessuu ulfaataa akka ta'uu isaati.

### **2.3. Wantoota Dogoggoraaf Nama Saaxilan**

Barreessaan barreeffama isaa kaayyoofi jamaa adda addaatiif barreessa. Kanaaf immoo barreeffamni bakka barreessaan hinjirretti yaada isaa dubbisaa biraan gahuuf tajaajila waan ta'eef barreessaan waliigaltee yookiin seerota barreessuun walqabatani jiran irratti hubannoo gahaa qabaachuun barbaachisaadha. Kun immoo ergaan isaa gufannaa tokko malee dubbisaa bira akka gahu gargaara. Haa ta'umalee, seerota barreessuun walqabatani jiran irratti hubannoo gahaa dhabuun ergaa barreeffamaa dabsuu irra darbee walquunnamtii irratti dhiibbaa uuma. Akkasumas, afaanicha afaan barreeffamaatti akka hinguddanne quucarsa. Haaluma kanaan, barreessuu keessatti wantoonni dogoggoraaf nama saaxilan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

#### **2.3.1. Rakkoo Caaslugaa**

Barattoonni afaan 2<sup>ffaa</sup> isaaniitiin barreessuuf baay'ee rakkatu. Sababiin isaa haalli walta'umsa matimaafi xumuraa afaan dhalootaa keessaa afaan 2<sup>ffaa</sup> keessatti bifa walfakkaatuun waan hintajaajilleefi. Kanaaf, barattoonni walta'iinsa matimaafi xumuraa afaan dhalootaa isaanii keessatti fayyadaman afaan 2<sup>ffaa</sup> keessatti haala walfakkaatuun hojii irraa oolchuu yaalu, (Tyner, 1987). Haaluma kanaan, Melese and et. all, (2007:12) rakkoon wal unannaa matimaafi gochimaa, bamaqaafi walqabsiistotaan walqabate barreessuu irratti barattoota ni mudata. Rakkoo wwan akkasii kun immoo baarreeffama seera afaanii eeggate barreessuu irratti gufuu ta'uu danda'u.

#### **2.3.2. Rakkoo Caasaa Hima (Problem of Sentence Structure)**

Rakkoon caasaa himaan walqabatu, caasaa himaa waljala darbuun ergaa yaameen ala kan biraa yemmuu dabarsu kan uumamudha. Kunis, hima keessatti matimaafi xumura waljala dabarsuufi himoota of danda'anii dhaabbachuu danda'an sirna tuqaalee haalaan fayyadamuun gargar baasuu

dadhabuun ni jira. Kun immoo barreessaafi dubbisaa gidduutti walquunamtii gufachiisa. Yaada kana Kharma (1986) barattoonni caasaa himaa sirrii hinbeekne, himoota dheeraa ijaaruufi walqabsiistuu sirriitti fayyadamuu hindanda'an. Akkasumas, Zamel (1983:22) barreeffama keessatti walqabsiistonni bu'aa guddaa kan qaban ta'uuyyuu ibsuun, barattoonni walqabsiistotatti sirnaan fayyadamuuf kan rakkatan akka ta'e ibsa.

### **2.3.3. Rakkoo Filannoo Jechaa (Diction)**

Barreeffamni gaariin tokko caasaa himaa , caasluga sirriifi jechoota filatamaniin ijaarama, (Norish 1983). Barattoonni caasaa himaa sirrii, filannoo jechaa fayyadamuu, sirna tuqaalee sirrii fayyadamuun "maalan eenyuuf akkamitti barreessa?" kan jedhu itti yaadaa yoo barreessan dubbisaa isaanii waliin wal quunnamtii gaarii uumuu danda'u. Haa ta'u malee barreeffama isaanii keessatti dhimmoota kanaaf xiyyeeffannoo yoo kennuu dhiisan dhaamsi barreeffama isaanii kaayyoo yaadameen ala ta'uu danda'a. Kanaaf, barreessaan jamaa barreessuuf qabiyyee barreessuu barbaade sana jechoota akkamiitti fayyadamee akka barreessu irratti yaaduun barbaachisaadha.

### **2.3.4. Rakkoo Hubannoon walqabatu**

Barattoonni barreeffama yeroo qopheessan hanqinni hubannoo kanneen akka ijaarsa caasaa jechaa, gaalee, akkasumas, qindoomina matimaa, irraawwatamaafi xumurtuu isaan mudachuu danda'a. Kun immoo waan barreessuu barbaadan akka fedhanitti ibsachuu isaan dhorka. Kanaafuu, barattoonni yaaddoo dogoggoruun mala jedhurraa kan ka'e waan barreessuu barbaadan irratti bilisaan yaada maddisiifachuu hindanda'an.

### **2.3.5. Hanqina seera Qubeessuu**

Barreeffama keessatti hanqinni qubeessuu seera sagaleessuu afaanichaa keessatti qubee irraa hir'isuu yookiin dabaluu hiikaafi sagaleessuu jechichaa danquudha. Rakkoon kun dhiibbaa afaan tokko afaan biraa irraan gahuun kan uumamu ta'ee qubeessuun barattootatti akka ulfaatu taasisa, (Gowere, 1995 and et.al.)

### **2.3.6. Fayyadama Qub-guddeessaa**

Barreeffama keessatti qubee guddaan bakkeewwan barbaachisaniin alatti yoo galan yaada ibsan sanarratti iftoominni akka dhabamu taasisu. Fayyadamni isaanii jalqaba himaa, maqaalee

dhaabbilee mootummaafi mit-mootummaa,biyyootaa,magaalotaa,namaa,jaarmiyaalee hawaasaa adda addaa ,laggeen beekamoofi kkf irratti galuun kan tajaajilan yoo ta’u,kunis, walii galtee fayyadamtoota afaanichaatiin kan mirkanaa’edha.Yaada kana Rabbirraa (2009:135) yoo ibsu,

*“Qubee guddaafi xiqqaan yeroo barreeffaman walmakanii osoo hintaane,seera barreeffamaa eeguun katabamu.Qubee guddaafi xiqqaa seera malee walkeessa makuun dogoggora.Jecha yookiin hima akkasumas, yaada tokko yeroo barreessinu seera afaanii eegnee quboota gosa lamaanittuu fayyadamna.”*  
jechuun kaa’a.

Yaanni hayyuu kanaa kan agarsiisu, qubee guddaas ta’ee xiqqaan barreeffama keessatti bakka itti tajaajilu waan ta’eef barattoonnis kana adda baafachuun fayyadamuu qabu malee bakka itti barbaachisaniin ala yoo fayyadaman barreeffamichi seera walii galtee waan hineegneef ergaa yaadame hindabarsu.

Faayidaa qubguddeessaa Krol (1991) yoo ibsu, “capital letters are useful sentence initials,the beginning of important words in topic heading.” jechuun ibsa.waraabbii kanarraa wanti hubatamu qubguddeessi jaqaba himootaafi jechootaa maqaaleen beekamoon ittiin barreeffaman irratti jalqaba galuun kan tajaajilu ta’uu isaati.

### **2.3.7. Hanqina Fayyadama Sirna Tuqaalee (Punctuation Mark)**

Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffamaa kan barreessaan miira isaa bakka buusuun dubbisaa waliin ittiin waliigaludha.Kunis itti fayyadama irratti haala walii galteetiin yoo raawwatedha.Itti fayyadama waliigalteen ala yoo ta’e garuu, walquunnamtii danqa Haaluma kanaan, Byrne(1988:16)fi (Wilson1995:191) akka jedhanitti, itti fayyadama ilaalchisee sirni tuqaalee ulaagaa dhaabbataa waan hinqabneef barreessuu keessatti barattoota rakkisu jedha. Haaluma walfakkaatuun, immoo itti fayyadama sirna tuqaalee irratti beekumsi walfakkaataan dhabamuun sirna tuqaaleetti haalaan fayyadamuuf kan rakkisaa ta’uu Byrne (1988:16) yoo ibsu “punctuation has never been standard to the extent... it is problematic.” jedhee ibsa. Kun kan agarsiisu, itti fayyadama sirna tuqaaleerratti beekumsi walfakkaataan fayyadamtootaa dhabamuun walquunnamtii barreeffamaan darbu kan danqu ta’uu isaati.

Haata’u malee, Addunyaa (2018:134) “sirna tuqaaleetti haalan dhimma bahuun dhiibbaa eeyyentaa kan geessisuufi ergicha hubachuu akka saffisiisu, yoo taasisu,haalaan itti fayyadamuu dhabuun garuu dhiibbaa hi’eentaa kan ergaa dabarsuu feenus maqsuu danda’a,” jedha.Yaada

hayyuu kanaa irraa wanti hubachuun danda'amu,fayyadamni sirna tuqaalee beekumsa sirna tuqaaleef jiru irratti hundaa'us, karaa sirriin fayyadamuun waliigaltee yaadame kan saffisiisu yoo ta'u, karaa malee fayyadamnaan garuu waliigaltee uumuun barbaadame dabsuu kan danda'u ta'uu isaati.

### **2.3.8. Rakkoo Qindoominaan Walqabatan**

Kharma (1996) akka jedhutti, barattoonni caasaa keeyyataa, dagaagina mata duree, caasaa haasaa waliigalaafi ergaa haasaa keessaa beekuu dhabuu malu. Haaluma kanaan, akka Tsegay (2006:17) tti barattoonni keeyyata yeroo barreessan keeyyata tokko mata duree tokkoon ibsuufi hima ijoo dagaagsuun ibsuu dhiisuun rakkoo qabaachuu ibsa.Yaada kana deeggaruun Raime(1983) akka ibsutti,barattoonni barreeffama gaarii akka hinqindeessineef kan gufuu itti ta'u,hima ijoo fi himoota gargaartuu adda baasuu dadhabuu isaaniiti.Yaanni hayyuu kanaa kan mul'isu barattoonni hima ijoo fi gargaartuu adda baasuu dadhabuun maalirratti xiyyeeffachuun ibsuu akka qaban wallaalchisa.Kana irraa kan ka'ewantoota dubbisaatti gaaffii ta'uu malu deebisuu hindanda'an.Walquunnamtiin akka milkoofne taasisa.Dabalataan,Pincas (1982) akka ibsutti, sababiin barreeffama gaarii barreessuu dadhabuu barattootaa walqabsiistotatti haalaan fayyadamuu dhabuu isaaniiti jedha.Yaada kana irraa kan hubannu barreessitoonni walqabsiistota bakka barbaachisanitti haalaan fayyadamuu yoo hindandeenye, yaadota haala gaariin walitti qindeessuu hindanda'an. Walumaagalatti,itti fayyadamni sirna tuqaalee barreeffama keessatti yaadota adda addaa walitti qindeessuuf waan gargaaraniif,barattoonni haaluma barbaachisummaa isaaniitti itti fayyadamuun isaan irraa eegama.

### **2.3.9. Rakkoo Fayyadama Walqabsiistuu**

Walqabsiistonni barreeffama keessatti jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, ciroofi ciroo, himaafi hima akkasumas yaadota walitti hidhuuf kanneen oolanidha (Rabbirraa, 2009:105).Haaluma walfakkaatuun,Addunyaa (2018:67) akka ibsutti, “walqabsiistuun jechoota, gaaleen, ciroowwan,himoota, keeyyattootaafi yaadolee walqabsiisa.Walqabsiistotti haalaan fayyadamuun ergaa qindaa'aafi miidhagina qabu dabarsuuf kan oolu yoo ta'u,haalaan fayyadamuu dhiisuun garuu yaada darbarsuun barbaadameef danqaadha.Yaada kana Pincas (1982) akka ibsutti rakkoon barreeffama gaarii barreessuu dhabuu barattootaa walqabsiistuutti haalaan fayyadamuu dhabuudha.Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, barreeffama keessatti



walqabsiistuutti haalaan dhimma ba'uun barreeffama gaarii qopheessuuf kan gargaaru yoo ta'u,karaa hintaane gargaaramuun garuu,ergaa darbu dabsuu danda'a.

## **2.4. Barreessuu Akkamitti Barsiisuu Qabna?**

Ogummaa barreessuu barattoota barsiisuun maloota adda addaa darbaada.sababni isaa akkuma barattoonniifi barsiisonni garaa gara ta'an barreeffama barsiisuunis tooftaa adda addaa barbaada.Yaada kana irratti Hedge (1988:5)akka ibsutti,barreeffamni tokko ulaagaa isaa eeggateera jechuuf sadarkaalee torba(7) keessa darbuu qaba.Isaanis:kaka'umsa horachuu,mata duree filachuu,mata duree daangessuu,gumee qopheessuu,barreeffama duraa barreessuu,keessa deebi'uun barreessuufi gulaaluun dubbisaaf dhiyeessuudha.Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti barreessuun hojii hordofu kan mataa isaa qabu ta'uu isaati.Kanaafis deeggarsi barsiisaa iddoo olaanaa qaba.Kana ilaalchisee White (1987:261) akka ibsutti,barsiisonni barattoonni isaanii ogummaa barreeffamaa akka horataniif deeggaruu qabu.Yaanni kun kan ibsu,barattoonni dandeettii yookiin ogummaa barreessuu akka gonfataniif deeggarsi barsiisaa gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaati.

Ogummaa barreessuu barsiisuu keessatti barsiisaan dhugummaa (accuracy)fi sirrummaa (fluency) akkasumas,kaayyoo barreessuuf duraa duubaan yookiin adeemsaan barsiisuu qaba. Akka White (1987) jedhutti, dandeettii (ogummaa) barreessuu guddifachuuf qabxiilee armaan gadii irratti xiyyeeffachuun gaariidha.

- Jechoota filuun barattootaaf kennuu.
- Jechoota filamaniin himoota akka ijaaran deeggaruu.
- Himoota wal jala darban (jumbled sentences) barattootaaf kennuu.
- Himoota kana karaa ijaarsa sirrii (logical) ta'een duraa duuba yaadaa eeguun qindeessuu.
- Walqabsiistuuwwan adda addaa fayyadamuu.
- Matimootaafi akeektuuwwan waljala dabarsuu.
- Fakkeenya kanaan yaada mataa isaanii yookiin keeyyata ofiif filatan akka barreessan deeggaruufi
- Hiriyoota waliin waliif ilaaluun sirreeffama barbaachisu akka waliif kennan carraa kennuudha.

Barattoonni dhimmoota seer-lugaan walqabatan qofaarratti osoo hintaane haala ittiin qindoomina waan barreessanii eegan irrattis deeggarumuu qabu.Dabalataan, kaayyoo

yaada maddisiisuu, maaltu sadarkaa barreessuu kamitti yaadamuu akka qaburratti barattoota isaanii deeggaruun barbaachisaadha.

## **2.5. Barreeffama Keessatti Gahee Shaakalaa**

Dandeettiin shaakalaa ala guddachuu danda’u hinjiru. keessattuu dandeettiin barreessuu shaakala walitti fufaan booda gonfatama. Barattoonni hammuma shaakalan dandeettii barreessuu isaanii fooyyeffachaa deemu. Haaluma kanaan, Scardamalia (1987) fi Chandler (2000) yaada kana deeggaruun yoo ibsan, barattoonni dandeettii barreessuu isaanii guddifachuuf shaakala barreessuu walitti fufaa ta’e taasisuu akka qabaniifi barsiisonnis akka barattoonni dalagaa kana keessatti hirmaataniif jajjabeessuu qabu jedhanii lafa kaa’aniiru. Yaanni hayyoota kanaa irraa kan mul’isu, barattoonni dandeettii barreessuu guddifachuuf shaakala walitti fufaa taasisuu akka qabaniifi barsiisonni immoo barattoonni kun hirmaannaa ho’aadhaan akka shaakalan jajjabeessuun kan isaan irraa eegamu ta’uu isaati.

### **2.5.1. Gahee Yaad-Deebii Barreeffama Irratti Kennamu Qabu**

Barreessuu keessatti barsiisaan yaad-deebii barattoota isaatiif kennuun barbaachisaadha. Bu’aa yaad-deebii hojjiirra oolchuuf immoo barattootaafi barsiisota gidduutti walhubannaan jiraachuun barbaachisaadha (Zamil 1989:96). Dagaagina dandeettii barreessuu barachuus ta’ee barsiisuu keessatti yaad-deebii ni kennama. Yaad-deebii kennamu kun barattoota onnachiisuun hojii isaanii caalatti hojjechuun dandeettii kanaan akka of gahoomsan gochuu kan danda’udha. Yaada kana Ockay (1997:13) yoo ibsu, “To motivate students the writing teacher should include comments of praise and encouragement in their written feedback.” Jechuudhaani.

Yaanni hayyuu kanaa kan agarsiisu, duub-deebii barreeffamaa barsiisaan barattootaaf kennu kan barattoota jajjabeessuufi hojii caalaaf isaan kakaasu ta’uu qaba. Kunis, Yaad-deebii barsiisaan barattoota isaaf kennu kan sodaachisuufi mufachiisu yoo ta’e, barattoonni hojii kanatti akka hindeebine isaan taasisa. Yaada kana irraa kan hubatamu, yaad-deebii isaanii karaa haamilee isaanii gad buusuun yoo kennan barattoota sochii shaakalaa gufachiisuu danda’uu isaaniiti. Kanaafuu, barsiisonni yaad-deebii barreeffamaan barattoota isaaniitiif kennan irratti barattoota isaanii karaa irra buusuus ta’ee karaa irraa maqsuuf humna guddaa waan qabaniif yaad-deebii barattoota isaaniif kennan of eggannoon gochuu qabu.

### **2.5.2. Gaheeyaad-Deebii Barattootaaf Kennamu Barreessuu Irratti Qabu**

Barreeffama barattootaarratti barreeffamaan yaada kennuun akka isaan dandeettii barreessuu isaanii guddifataniif baay'ee gargaara. Yaada kana ilaalchisee ilaalcha hayyoonni kennan akka armaan gadiitti dhiyaateera. Haala barachuu barataa ilaalchisee yaad-deebii karaa lamaan kennamuu danda'a. Inni tokko yaad-deebii afaaniin kennamu kan barsiisaan adeemsa barachuu barattootaa ilaalchisee barattootaaf dhuunfaan, gareen yookiin daree barnootaa keessatti kennu yoo ta'u, yaad-deebii kun barattoonni of ilaaluun akka of sirreessan gargaara. Qabiyyeen yaad-deebii kanaa dhimmoota hedduu irratti ta'uu danda'a. Kanaafuu, barattoonni dhimmoota ka'an keessatti of sirreessuuf carraa argatu.

Gosti yaad-deebii inni biraa immoo yaad-deebii barreeffamaan kennamu ta'ee, innis barsiisaan dhimma yaad-deebii irratti kennamu sana gadi fageenyaan ilaaluun erga xiinxaleen booda yaad-deebii kennudha. Yaad-deebii haala kanaan kennamu barataan iddoo rakkoo isaa haalaan akka ilaalu kan taasisu waan ta'eef, barsiisaan dhimmicha yaada irratti kennu sana haalaan adda baasuutu irraa eegama. Yaada kana Leki(1990) yoo ibsu "The one undeniable fact about text based on feedback being that it helps students to become aware of errors and other writing problems which they failed to notice or to do any thing they handed in their drafts." Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, yaad-deebii barreeffamaan kennamu akka barattoonni dogoggora isaanii adda baasanii hubataniifi of sirreessan isaan gargaara.

### **2.5.3. Gahee Yaad-Deebii Barsiisonni Barreessuu Irratti Barattootaaf Kennan**

Barsiisaan barreeffama barattoota isaanii irratti yaad-deebii barreeffamaan kennuun danda'u. Haala kenniinsa isaa irratti hundaa'ee yaad-deebii kun barachuu barattootaa irratti dhiibbaa mataa isaa uumuu danda'a. Yaad-deebii barattootaaf kennamu kan jajjabeessu (praise) yoo ta'e, barattoonni caalatti shaakala isaanii akka itti fufan taasisa. Haalli kun immoo akka barattoonni dandeetti isaanii guddifataniif gargaara.

Haala kana Ockay (1997) yoo ibsu, "To motivate students the writing teacher should include comments of praise and encouragement in their written feedback." jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni yaad-deebii barattoota isaaniitiif barreeffamaan kennan keessatti tooftaafi jechoota barattoota isaanii ittiin jajjabeessuu danda'an filatanii fayyadamuun milkaa'ina guddina dandeettii isaaniitiif barbaachisaa ta'uudha. Kanaafuu, yaad-deebii barattootaaf kennamu kan jajjabeessuufi onnachiisuu danda'u ta'uuqaba malee kan sodaachisuufi nuffisiisu ta'uu hinqabu

jechuudha. Kun taanaan, barattoonni shaakala isaanii bakkuma jirutti akka dhaaban taasisuu akka danda'u Ibraahim (2015:48) yoo ibsu, "If teachers see their students' response as end of interaction then students stop their." jedhee kaa'a. Yaanni hayyuu kanaa kan mul'isu, barsiisaan barattoota isaaniitiif yaad-deebii yeroo kennu akka xumura hariiroo isaan gidduu jiruutti haamilee barattootaa miidha yoo ta'e barattoonnis shaakala isaanii bakkuma jiranitti dhaabu. Haa ta'umalee duub-deebiiin barattootaaf akka isaan kaka'umsa horatanitti kennamuu qaba.

Humnaafi sadarkaa barattootiin olitti yaad-deebii kennuunis akka isaan shaakala isaanii irraa abdi kutachuun harka dachaafatanii taa'an taasisa. Yaada kana Harmar (1988:84) yoo ibsu, "some times over correcting can have a very demotivating effect and the teachers need to keep a proper balance between accurate and truthful on the one hand treating students sensitively and sympathetically on the other hand." jedha. Yaanni kun kan agarsiisu, barsiisaan yeroo yaad-deebii barattoota isaaf kennu, sadarkaa isaanii tilmaama keessa galchuun sirrummaafi dhugummaa waan yaad-deebii irratti kennuu karaa jaalalaafi gara laafina ibsuun kennuufi haamilee barattootaatiif of eeggachuun barbaachisaa ta'uu mul'isa .

Haaluma walfakkaatuun, Zamel (1985:79) yoo ibsu, "feedback by teachers who were viewed as "a tired dog" and views student papers as final products was ineffective and unhelpful for students' learning writing". jechuun ibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu, barsiisaan yeroo yaad-deebii barattoota isaatiif kennu barattoonni akka barreeffama ga'umsi isaa sirriitti eegame barreessaniitti eeguu yookiin abdachuu hinqabu.

Haala kanaan, fudhatee barreeffama barattootaa keessatti hanqinoonni garaa garaa yoo mul'ate aarii irraa kan ka'e duub-deebii kennuun barattoota mufachiisuun barbaachisaa akka hintaaneefi obsaafi of eeggannoodhaan deeggarsa barbaachisu kennuun kan irraa eegamu ta'uu isaati. Kanaafuu, dandeettiin barreessuu adeemsaafi shaakalaan fooyya'aa deema waan ta'eef yeroo tokkotti barattoonni barreeffama ulaagaa barreeffamaa mara guute barreessanii dhiyeessuu qabu jechuun rakkoo mataa isaa qabaachuu waan danda'uuf haalaafi sadarkaa barattootaa giddu-galeeffachuun barbaachisaadha.

Haaluma walfakkaatuun, barsiisonni akka gorsaafi ogeessaatti barattootatti dhiyaachuun deeggaruutu irraa eegama malee doorsisaafi sodaachisaan barattoota isaaniitti dhiyaachuu hinqaban. Yaada kana Zamil (1989:69) yoo ibsu, "Teachers are no more authorities but are consultants, assistants and facilitators instead." jedhee ibsa.

Yaani kan ibsu, barsiisonnibarattoota isaanii akka gorsaa, jajjabeessaafi gargaaraatti itti dhiyaachuu qabu malee barattoota dhiphisuun barbaachisaa kan hintaane mul'isa.

Kanaaf, barreeffama barattoonni barreessan keessatti barsiisaan karaa adda addaatiin kan barattoota fayyadu ta'uu Zamel (1985:79) ennaa ibsu, "The role of teachers should be various and each role can provide students with different assistance in their writing process."jedha.Yaanni akka mul'isutti,shaakala barreessuu barattootaa keessatti deeggarsi barsiisaa iddoo olaanaa qabaachuudha.Kana jechuun barsiisaan hojii walii galaa barattootaaf gumaacha barbaachisu haala keessatti ilaaluun kennuun kan irraa eegamuufi deeggarsa kennuun malu keessatti gahee isaa daangessuun barbaachisaa kan hintaane ta'uu isaati.

#### **2.5.4. Yaad-Deebii Barattoonni Barreessuu Irratti Waliif Kennan**

Barattoonni hojii barreeffamaa isaaniif kenname haalli itti waliif sirreessan ni jiraata. Kunis, daree barnootaa bal'aafi barsiisaan sa'aatii qabu keessatti sirreessee waliin gahuufi qulqullinaan sirreessuu hindandeenye keessatti.

Hojiin kunbarattootaaf faayidaa guddaa qaba. Barattoonni rakkoo hanqina barreeffamaan walqabatu waliif sirreessuun akka walirraa barataniifi sodaa malee yaada qaban waliif qoodan gargaara. Gama biraan, barsiisaa irraa hojii qooddachuudhaan qaama rakkoo furu taasisuun of ilaaluunis ofitti amanamummaafi miira itti gaafatamummaa fudhachuun rakkoo furuuf miira gahumsaa keessa isaaniitti guddisa.

Gama biraan,barattoonni barreeffama waliif sirreessuun akka barreeffama gaariifi ulaagaa guute barreessaniif isaan gargaara. Yaada kana Mangelsdrof (1992:275) ennaa ibsu, "peer feedback gives students a sentence of audience increases their own motivation and their confidence in their writing and helps them to learn evaluate their writing better."jechuuni. Yaanni hayyuu kanaa kan agarsiisu,barattoonni barreeffama barreessan walii isaaniitiif yoo sirreessan akka isaan dubbistoota horataniii ofiif of madaaluun ofitti amanamummaa akka horatan waan hojjetan matuma isaaniitiif madaaluu akka shaakalan isaan taasisa.

Haaluma walfakkaatuun,duub-deebii barattoonni waliif kennan hirmaannaa barattootaa dabaluuif gahee kan qabu ta'uu isaa Jacobins (1989:68) yoo ibsu,bu'aa guddaan yaad-deebii barattoonni waliif kennanii tattaaffii barattoonni barachuu isaanii keessatti qaban dabaluuif kan tajaajilu ta'uu isaa ibsa.Kana irraa wanti hubatamu barattoonni sirreeffama barsiisaa isaaniin kennamuufiin ala

walii isaaniin yaad-deebii yoo waliif kennan caalatti miira waldorgommiitti akka galaniifi kaka'umsaan barnoota isaanii akka hordofan kan taasisu ta'uu isaa agarsiisa.

Dabalataanis, "Peer feedback increases students involvement and insight that is students are given an other role of readers and advisors in the writing process. Gradually, learners can become autonomous and reasonable in the learning process (Jacobins ,1989:69) Yaada kana irraa kan hubatamus, yaad-deebiin barattoonni waliif kennan barattoonni gahee barataafi barsiisaa waan taphataniif rakkoo barreeffama keessatti uumamuuf fala barbaaduu shaakalu waan ta'eef miira itti gaafatamummaan hojjetu. Walumaa galatti shaakala barreeffamaa keessatti, barattoonni yaad-deebii waliif kennuun hirmaannaa barattoonimurtii kennuufi itti gaafatamummaa fudhachuu keessatti qaban dabala.

## **2.6. Sadarkaalee Barreessuu**

Beekumsi afaanii fayyadama afaanii irratti waliigaltee hawaasni qabu bu'uura godhachuun, miseensi hawaasaa beekumsa ijaarrata. Hojiin barreessuu afaan tajaajilaaf barreeffamaatiif oolchuu irratti xiyyeeffata. Kunis, akkaataa hawaasni afaanitti fayyadamu bu'uura godhachuun, walii galtee hawaasaa sirna barreeffamaatti fiduun walhubannaa hunda galeessummaa qabu uumuudha. Kaayyoo kana hojiirra oolchuuf yaaxinoonni lama hundaa'aniiru. Isaanis; yaaxina sirrummaa (product approach) fi yaaxina adeemsaa (process approach) jedhamantu jiru. Akka Nunan (1989) gaheen yaaxina sirrummaa (product approach) sirrummaa waan barreeffamee irratti xiyyeeffachuun, wanti barreeffame, dubbifamuu, seerluga sirrii hordofuu, seera haasaa eeguufi dogoggora hundarraa bilisa ta'uun bilchaatee tajaajilaaf dhiyaachuu qaba jetti. Haaluma walfakkaatuun, akka Getnet (1994:4) yaaxinni sirrummaa, sirrummaa caaslugaa, seera qubeessuu eeguun barreessuu, filannoo jechaa fi walii galteef hojiirra oolmaa barreeffama barattootaa irratti xiyyeeffachuu qaba jedha.

Dabalataanis, akka Byrne (1988:21) tti yaaxinni sirrummaa barreeffama keessaa dogoggora hambisuufi isa to'achuu qaba. Walumaagalatti, akka Hedge (1988:8) jedhutti, barattoonni sirrummaa barreeffama tokkoo eeguuf, sirrummaa seerlugaa, filannoo jechaa, fayyadama sirna tuqaalee, unka barreeffamaa, qubeessuu, caasaa himaa, yaadota walquunnamsiisuuf walqabsiistuu sirrii fayyadamuu, qabiyyee qindeessuun haala ifaafi amansiisaa ta'een dhiyeessuu akka qaban ibsa.

Inni 2<sup>ffaa</sup> ‘n yaaxina adeemsaa (process approach) yoo ta’u, yaaxinni kunis, gaheen barsiisaa kaayyoofi faayidaa barreessuu barattootaaf ibsuun barattoonni dhimma tokko irratti akka barreessan deeggaruudha. Akka Hedge (1988:9) jettutti, barreessaa gaariin barreeffama gahumsa qabu qopheessuuf adeemsa garaa garaa keessa darbuu qaba.

Adeemsi kunis; karoorsuu, gaaffii “maal, eenyuuf?” akka barreessu adda baasuufi hojiin kunis yeroo tokko raawwatee kan adda citu osoo hintaane walitti fufiinsaan kan raawwatudha. Yaanni kun kan mul’isu, hojiin barreessuu gocha yeroo tokkoon xumuramu osoo hintaane sadarkaalee adda addaatiin hojii raawwatamu ta’uu isaati. Barreessaa muuxannoo qabus ta’ee kan jalqabaa gahumsa hammamuu qabaatu, barreeffama gaarii qopheessuuf si’uma tokko barreessuun milkaa’uu hindanda’u. Barreeffama fudhatama qabu barreessuuf karoorsuu, xiinxaluu, barreessuu, gulaaluufi barreessuun tarkaanfiiwwan fudhatamuu qabani. Kanaaf, barreessaa gaariin barreessuun duras ta’ee yeroo barreessuu dhimmoota kanaaf iddoo kennuu qaba.

### **2.6.1. Adeemsa Barreessuun Duraa**

Kaayyoon barreessuu dubbisaafi barreessaa gidduutti walquunnamtii sirrii uumuudha. Kana gochuuf immoo barreessaa irraa gahee guddaatu eegama. Mata duree irratti barreessuu barbaadeen ergaa dubbisaa isaa biraangahuu danda’u irratti xiinxala gaggeessuu qaba. Waa’ee dubbistootaa, kaayyoo barreessuuf, filannoo jechaa akkamiifi mala kamiin ergaa dubbisaa isaa biraan akka gahuu danda’u irratti yaaduun gaariidha.

Walii galatti “ maalan eenyuuf akkamitti dhiyeessa?” gaaffii jedhu deebisuuf hojjechuu qaba. Barreessaan qabiyyee dhiyeessuu barbaade ilaalchisee muuxannoofi beekumsa qabu irraa ka’ee yaadota qindeessuu eegala. Kanaafuu sadarkaan kun barreeffama gaariifi ulaagaa eegame guutu barreessuuf isa jalqabaafi murteessaadha. Kana ilaalchisee Tekle (2015) yoo ibsu,

*“Writers beginners or experienced should spend a reasonable amount of time to thinking the topic they are going to write on. Thinking what to write about and planning writing constitute the pre-writing stage-the first stage in the writing process. Before one leaps to writing, he/she should consider the purpose and audience /targetreader.”* jechuun ibsa.

Yaada hayyuu kanaa irraa kan hubatamu, barreessitoota jalqabaas ta'ee kanneen muuxannoo qaban sadarkaa barreessuu duraa kanatti mata duree irratti barreessuu barbaadan ilaalchisee sirriitti itti yaaduufi karoorsuu qabu. Akkasumas, osoo barreessuutti hinseeniin dura kaayyoo mata duree sana barreessaniifi jamaa yookiin dubbistoota ofii yaaduunis sadarkaa isaaniitiin dhiyeessuuf akka dandeessisutti dhiyeessuu kan qaban ta'uu qaba. Walumaa galatti, sadarkaan kun sadarkaa wixinee hojii barreessuu milkaa'ina qabu qopheessuuf kaa'uudhaan barreessaan sadarkaalee fuulduraa hafaniif itti of qopheessudha.

### **2.6.2. Adeemsa Yeroo Barreessuu**

Sadarkaan kun sadarkaalee barreeffama gaarii barreessuu keessatti hordofamuu qaban keessaa isa tokko ta'ee innis yeroo gulaalliiti. Sadarkaa gulaalliitti wantoonni ilaalamuu qaban filannoo jechaa, tartiiba yaadaa, irra deddeebii, yaada rarra'ee hafe xumuruu, yaada ifa hintaane ifa gochuufi irraa hir'isuu fa'i. Gama biraatiin, barattoonni sadarkaa adeemsa barreessuu keessatti dhimmi isaan xiyyeeffannaa itti kennuu qaban, qabiyyee mata duree isaaniiti. Qabiyyeen irratti barreeffamu karaa iftoomina qabuun dhiyaachaa deemuu mirkaneeffachuunis sadarkaa (stage) kanatti ilaalama.

Kanaafuu, waa'een sirrii ta'uufi dhiisuu seer-lugaa, qubeessuu, akkasumas, itti fayyadamni sirna tuqaalee dhimmoota sadarkaa kanatti ilaalamuu qaban waan hintaaneef barattoonni qabiyyee waan barreessanii qofa mul'isuu qabu. Sodaa irraa bilisa ta'uun mata-duree sanaan waan walqabatu waraqaa irra qubachiisuu qabu.

Yaada kana Raimes (1988:246) yoo ibsu, "When writing takes place, the students are concerned more to get their ideas on paper rather than concerned with accuracy as much as thought," jedha. Kana irraa kan hubatamu, sadarkaa yeroo barreessuu kanatti barattoonni dhimmoota barreeffamicha keessatti ka'uu qabaniifi hinqabne irratti malee sirrummaa seera afaanichaa irratti xiyyeeffachuu hinqaban.

Dabalataanis, barreessaan sadarkaa kanatti yaadota qindeessuu, himoota haala loojikii yookiin sababaafi bu'aa irratti hundaa'een ijaaruufi karoora jalqabaa hojiitti hiikuu irraa eegaluu akka qabu Tekle (2008:85) yoo ibsu,



*“The second stage in paragraph construction is the actual writing. At this stage the writer composes the ideas collected or generated into a paragraph, arranging sentences into a logical sequence. This stage is influenced by the sketch/outline made in the first stage since the ideas to be included in paragraph and their arrangement should be based on the plan.” jedhee kaa’a.*

Yaada kana irraa kan hubatamu, sadarkaa barreessuu keessa jiran keessaa yeroon barreessuu isa tokko ta’ee sadarkaa kanatti barreessaan yaadota gume irratti kaa’ame irratti hundaa’uun yaadota waliin deeman maddisiisuun yaada barreeffamicha ijaaru qindeeffata. Akkasumas, dhimmoota hammatamuu qabaniifi hinqabnes gargar baafachaa barreeffama isaa kan ijaaru ta’uu agarsiisa.

Walumaa galatti, sadarkaan kun barreessaan yaadota bifa gumeetiin sadarkaa barreessuu duraa keessatti himaafi gaalee qopheesse gara keeyyataatti ol guddisuun iddoo babal’isee itti ibsu jechuudha.

### **2.6.3. Adeemsa Barreessuu Boodaa**

Hedge (1988) akka jettutti barreessaan gahumsa hinqabne gulaallii isaa sadarkaa karoorsuu irratti eegala. Yaanni kun kan agarsiisu, gulaalliin sadarkaa karoorsuutti osoo hintaane erga waan barreessuun barbaadame irratti yaada keenya bilisaan burqisiifnee xumurree booda ta’uu isaati.

Gulaalliin barreessaan mata duree tokko irratti erga barreessee hanqinoota akka: qindaa’inaa, fayyadama sirna tuqaalee, irra deddeebii, keessaa hanqisuu, seerlugaafi k.k.f. sirrummaan akka tajaajilan gochuuf hojii hojjetamudha.

Yaada kana Hedge (1988) yeroo ibsu, “Editing is a final adjustment of the text and correction of the linguistic flaws in the text to ensure the maximum accessibility of the reader.” jedha. Yaanni kun akka mul’isutti, gulaalliin hojii sirreeffama barreeffamaa taasifamu isa xumuraa dogoggora seera afaanii uummame sirreessuufi fudhatamummaa barreeffamni sun dubbisaa biratti qabu dabaluudhaaf hojii raawwatamudha. Walumaagalatti, sadarkaan kun iddoo gahumsi barreessichaa itti madaalamuufi dubbistoonni dandeettii barreessichaa ittiin ilaalani.

## 2.7. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Barruuwwan walfakkii waraqaa qorannoo amma hojjetamaa jiru waliin walfakkeenya kan qabaniifi kanaan dura hojjetaman jechuudha. Kunis qorataa boodaan dhufuuf akka madda ragaa ta'ee tajaajila.

Bu'uura kanaan, akka hubannoo qorataatti barruuwwan walfakkii qorannoo kanaan walfakkaatan hojjetaman keessaa inni jalqabaa Muhaammad Curruutiin bara 2009 kan gaggeeffamedha. Mata dureen isaa “ Xiinxala Barreeffama Barattootaa Afaan Oromoo kutaa 10<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin” kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaa barreeffama barattootaa kutaa 10<sup>ffaa</sup> ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluudha. Bakki qorannoon kun itti adeemsifames magaalaa Dirre Dawaa keessatti mana barumsaa Saabbiyaan Sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> fi Qophaa'inaa irratti.

Mata dureen qorannoo kanaa immoo “Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattootaa Mana Barumsaa Silk-Ambaa Kutaa 12<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin” kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaa barreeffama barattootaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluudha.

Mata dureefi kaayyoon qorannoo kanaa waan walfakkaatan yoo fakkataniyyuu sadarkaa barattootaa, bakkaafi baraan addaa addummaa qabu. Qorannoo inni duraa magaalaa bara 2009 Dirree mana barumsaa Saabbiyaan Sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> fi keessatti barattota kutaa 10<sup>ffaa</sup> irratti kan adeemsifame yoo ta'u, qorannoon kun immoo turtii waggoota sadii booda godina Shawaa Lixaa aanaa Noonnootti barattota mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> irratti adeemsifame. Kanaafuu, mata dureewwan qorannoo kun tokko fakkaatan illee bakka, yeroo akkasumas sadarkaa barataa irratti adeemsifamaniin garaagarummaa qabu.

Qorannoo lammaffaan mata duree kanaan hariiroo qabu baruma 2009 Raggaasaa Asaffaatiin mataduree “Xiinxala Dandeettii barreessuu Barattoota Kutaa 7<sup>ffaa</sup> :Haala Mana Barnootaa Sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> Marsaa 2<sup>ffaa</sup> Magaalaa Gaasaraa Irratti Xiyyeeffate” kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaa Afaan Oromootiin barreessuu keessatti hanqina barattoonni mana barumsaa Waxee Ciimoofi Gaasaraa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> marsaa 2<sup>ffaa</sup> kutaa 7<sup>ffaa</sup> qaban maal akka ta'an adda baasuudha.

Mata dureen qorannoo kanaa immoo “Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattootaa Mana Barnootaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin” kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaas dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> ija barreeffama

gahumsa qabuutiin xiinxaluudha. Kaayyoowwan qorannoowwan kanaas inni jalqabaa Afaan Oromootiin barreessuu keessatti hanqina barattoonni qaban xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u,inni 2<sup>ffaa</sup> garuu dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa12<sup>ffaa</sup> ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluu irratti kan adeemsifame.Kanaafuu, qorannoowwan lamaanuu kaayyoo, bakkaafi sadarkaa barattoota irratti adeemsifamaniin kan walhinfakkaanne ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Qorannoo sadaffaan mata duree qorataa waliin hariiroo qabu, bara 2008 Sisaay Siyyumiin kan hojjetame yoo ta'u,mata dureen isaas “Xiinxala Wantoota Dandeettii Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11<sup>ffaa</sup> irratti Sababa Ta'an” kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaa :Wantoota barattoonni hamma qophaa'ina ga'anittisababoota dandeettii barreessuurratti uumamu adda baasuun tarreessuudha.

Mata dureen qorannoo kanaa immoo “Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattoota Mana Barumsaa Silk-Ambaa Kutaa 12<sup>ffaa</sup>”Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon isaa immoo ija barreeffama gahuma qabuutiin barreeffama keeyyataa barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> xiinxaluudha.

Kaayyoowwan qorannoo kanaas yoo ilaalle, kaayyoon qorannoo isa jalqabaa, wantoota barattoonni hamma kutaa 12<sup>ffaa</sup> ga'anitti sababoota dandeettii barreessuu irratti uumamu adda baasuun tarreessuu kan jedhu yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa immoo ija barreeffama gahumsa qabuutiin barreeffama keeyyata barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> xiinxaluudha.

Kanaafuu, qorannoowwan lachanuu hariiroo qabaataniyyuu kaayyoon, baraafi mata duree akkasumas, sadarkaa barattootaafi bakka irratti hojjetamaniin garaa garummaa niqabu.

# **BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALLEEN QORANNICHA**

## **3.1. Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoo kanaan barreeffama Keeyyataa barattoota Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluu yoo ta'u, malli qoratichi itti gaggeeffames mala makaa (akkamtaafi ammamtaa) dha. Odeeffannoowwan lakkoofsaan walqabatan gaaffii ammamtaa kan deebisan yoo ta'u, kanneen akkamtaa deebisan immoo kanneen yaada ibsuu waliin wal qabatani. Ragaaleen yookiin odeeffannoon maddoota garaagaraa irraa funaanaman akkaataafi bakka barbaachisanitti lakkoofsaafi jechaan qaaceffamanii dhiyaataniiru.

## **3.2. Maddoota Ragaalee**

Qorannoo kanaaf madda ragaa qorataan filate ;barsiisota mana barumsaa Silk-Ambaatti Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan, barattoota mana barumsaa Silk-Ambaatti kutaa 12<sup>ffaa</sup> barataniifi yaadannoo barattoota kanneeniiti. Maddoonni ragaa armaan olii sababiin isaan filatamaniifis, mata duree yookiin dhimma qoratamu waliin walitti dhufeenya cimaa waan qabaniifi.

## **3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu**

Qorannoon iddattoo bu'uura taasifachuun gaggeeffamu qaba. Iddattoo jechuun qorannoo taasifamu keessatti qaama madda ragaa ta'uun tajaajiluufi dhimmi qorannichaa kallattiin ilaallatudha. Qorannoo gaggeeffamu keessatti iddattoo yookiin odeeffannoo kennitoota dhimma qorannichaa hunda hirmaachisuun waan rakkisaa ta'uuf garee dhimmi qorannichaa ilaallatu keessaa bakka bu'an akkaataa barbaachisummaa isaatti filachuun odeeffannoof itti fayyadamuun furmaata argame qooddattoota ilaallatu maraaf oolchuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:65) yoo ibsu,

*“Qorannoon tooftaa ammamtaas ta'ee akkamtaatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuu hinoolu. Kanneen dhimmichi ilaalu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef, iddattoo argaman irraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamolee dhimmi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda'ama jedha.*

Yaada kana irraa kan hubatamu, mala ammamtaas ta'ee akkamtaa fayyadamuun qorataan odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaannachuuf garee dhimmi sun ilaallatu mara hirmaachisuun ulfaataa waan ta'uuf iddattoo garee bakka bu'an tooftaa barbaachisaa ta'een filachuun gaarii ta'uu isaati.

Bu'uuruma kanaan, ani manneen barnootaa aanaa Noonnoo keessatti argaman keessaa mana barnootaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> mala iddatteessuu mit-carraa yookiin akkayyoo fayyadamuun filatee qorannookoo irratti gaggeesseera. Sababiin barattoonni kutaa 12<sup>ffaa</sup> keeyyata qulqullina qabu barreessuu irratti hanqina qabu shakkii jedhu qabaachuufi barsiisota dhaabbilee barnootaa olaanoo irraa hanga sadarkaa Yuunivarsiitiitillee qeeqni akkasii yeroo ka'u waan isa mudataniif. Sababni biraa immoo barreeffamoonni hojjetootuma mootummaatiin barreeffamanii ittiin hojjetaman seeraafi ulaagaa barreeffama Afaan Oromoo waan gadi buuseefi barattoonni kutaa 12<sup>ffaa</sup> immoo beekumsa argataniin hawaasa tajaajiluuf warra dhiyaatan ta'uurraa kan ka'e sadarkaa kanatti barreeffama isaanii ija barreeffama gaariitiin madaalee qulqullina isaa baruu waan barbaadeefi. Ani dareen qorannoo irratti gaggeessu mala iddatteessuu miti carraa fayyadamuudhaan barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan qofa filadheera.

Haaluma kanaan, barattoonni kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan kanneen baay'inni isaanii 407 ta'e, keessaa barattoota 134 (33%) mala iddatteessuu sirnaawaatti fayyadamuun iddattummaaf filadheera. Kanas barattoota akkaataa taa'umsa isaaniitiin 1<sup>ffaa</sup> bira darbuun 4<sup>ffaa</sup> fudhachuun iddatteesseera. Dabalataan, barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan 2 mala iddatteessuu akkayyootiin filachuun odeeffannoo mala adda addaatiin irraa funaannadhee argannoo qorannichaaf akka gumaachan taasiseera.

### **3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa**

Hojii qorannoo keessatti dhimma qorannoon sun ilaallatu bira ga'anii gad fageenyaan xiinxaluun tooftaa cimaafi bilchina yaadaa nama gaafata. Bilchinni kunis bilchina tooftaafi bifa gaaffiin ittiin dhihaatu akkasumas, mala qaaccessa ragaati. Anis dhimman qorannoo irratti gaggeessu kanaaf tooftaa funaansa ragaa sirrii ta'e adda baasuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, malleen funaansa ragaa kanneen akka qormaata, sakatta'a dokumentii, bar-gaaffiifi af-gaaffii fayyadamuun odeeffannoo qixa barbaachisaa ta'een argadhe xiinxaluun dhiyeesseera.

### **3.4.1. Qormaata**

Qorannoo kanaaf tooftaaleen ragaa ittiin funaannadhe keessaa qormaanni isa tokko. Qormaanni barreeffamaa akaakuu qormaataa kan qoratamtoonni yaada isaanii barreeffamaan akka kennaniif qophaa'udha. Haaluma kanaan, anis qormaata barreeffamaa barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> barataniididdattoodhaaf filatamaniif qopheessee deebii isaanii barreeffamaan akka kennan ajajee ragaa argame qaaccessuun dhiyeesseera. Barbaachisummaan mala kanaas gahumsa barattoonni barreessuu irratti qaban adda baafachuuf kan gargaaru ta'uun waan itti amanameefi. Xiyyeeffannoon qormaata dhiyaatee deebii barattoonni kennan osoo hintaane, gahumsa barreeffama isaanii xiinxaluudha.

### **3.4.2. Bar-Gaaffii**

Hojii qorannoo kana keessatti meeshaalee funaansa raga ani dhimma itti bahe keessaa bar-gaaffiin isa tokko. Innis yaada gaaffii ta'eef iddattoota filataman irraa deebii barreeffamaan kennamu argachuuf na gargaareera. Haaluma kanaan, barattoota baay'inni isaanii 134 ta'aniif gaaffilee 15 (kudha shan) qopheessuun odeeffannoon barbaadu funaannadhee galtee qorannoo kootiif fayyadameera.

### **3.4.3. Af-Gaaffii**

Af-gaaffiin mala gaaffii dhimma waa'een isaa akka baramu barbaadame tokko qaama dhimmi ilaaluuf iddattooyyaafannoo dhiyeessuun waan gaafatameef yaada walii galaa akka kennaniif dhiyaatudha. Bu'uuruma kanaan, anis gaaffilee af-gaaffiif ta'an ja'a (6) kanneen odeeffannoon waliigalaa irraa argamuu danda'u qopheessee barsiisota mana barumsaa Silk-Ambaatti Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan lamaan jiraniif dhiyeessee odeeffannoo argadheera.

### **3.4.4. Xiinxala Dokumentii**

Dokumentii xiinxaluun qorannoo adeemsifamu ragaalee kallattii adda addaan funaanamaniin alatti mata duree qorannoon irratti taasifamu ilaalchisee ragaalee barreeffamaan argamanii qorannichaaf madda odeeffannoo ta'u jedhee qorataan filatudha. Kanaanis odeeffannoo funaannate qaaccesuun kallattii inni agarsiisu kaa'a. Haaluma kanaan, dandeettii barreessuu barattootaa mana barnootaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> barataniid keessaa barattoota 4 irraa yaadannoo guurrachuun barreeffama isaanii xiinxaleera.

### **3.5. Mala Xiinxala Ragaalee**

Malli xiinxala ragaalee adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti odeeffannoo madda adda addaa irraa tooftaalee garaa garaa fayyadamuun funaanamuun qorannoo tokkoof tajaajilan mala ittiin qaacceffamanii argannoo tokko irra akka gahamuuf gargaarudha.

Kanaaf immoo odeeffannoo kennitoonni sodaa tokko malee odeeffannoo irraa barbaadamu akka kennaniif qajeelfamaafi barbaachisummaa isaa ibsuun dhiibbaa isaan mudachuu maluuf wabii ta'uukoo bifa iftoomina qabuun kenneera.

Haaluma kanaan, ragaaleen funaanaman tooftaa odeeffannoowwan madda ragaa irraa itti funaanamaniifi hiika argachuu danda'aniin qaacceffamaniiru. Odeeffannoowwan madda ragaa adda addaa irraa tooftaalee garaa garaa fayyadamuun funaanamanis akkaatuma hariiroo qabaniin toora tooraan qindaa'aniiru. Odeeffannoowwan bar-gaaffii kanneen bifa ammamtaa qaban gabatee keessatti lakkoofsaafi dhibbeentaan ( %) bakka tokkotti xiinxalamaniiru.

Dhuma irrattis, xiinxalli walii galaa erga taasifamee booda ragaaleedhaaf hiika kenneera. Odeeffannoowwan af-gaaffii kanneen bifa akkamtaatiin funaanaman immoo walitti qindaa'uun jechaan yookiin maal akka agarsiisaniin xiinxaleera.

Odeeffannoo funaanaman irraa ka'uun ragaalee ergan xiinxalee booda bu'aa qorannoo ibsuun yaanni furmaataa akkasumas, yaboon itti kenneera. Bu'uura kanaan, ragaaleen karaa bar-gaaffii sassaabe mala hammamtaatiin kanan xiinxalee yoo ta'u, af-gaaffiin kanneenan sassaabe immoo tooftaa akkamtaatiin xiinxaleera. Ragaaleen mala barreeffamaafi sakatta'a dokumentiin walitti qabamanis barreeffama Afaan Oromoo barreessuu keessatti bu'aa isaan qabaniifi hariiroo uumaniin jecha,,himoota,caaslugaafi sirna tuqaalee irratti hundaa'uun hanqinoota mul'atan kaasuun xiinxaleera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE

## 4.1 Ibsa Waa'ee Odeeffannoo Kennitootaa

Barattoota mana barumsaa Silk-Ambaatti kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan keessaa kanneen ani iddattoof filadhe dhiira 65fi dhalaa 69 walii gala barattoonni 134 filachuun odeeffannoo kanan irraa funaannadhe yoo ta'u, barsiisota mana barumsaa Silk-Ambaatti Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan baay'inni isaanii 2 ta'e irraa odeeffannoon galma qorannichaaf ta'a jedhee yaade funaanuun xiinxaleera. Barsiisonni filatamanis lachanu dhiira yoo ta'an, Afaan Oromootiin sadarkaa barnootaa inni tokko digirii jalqabaa (BA) fi muuxannoo ogummaa barsiisummaatiin waggaa 14 kan qabu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo sadarkaa barnootaatiin digirii 2<sup>ffaa</sup> (MA) kan qabuufi muuxannoo hojiitiin waggaa torba qabudha. Barsiisonni kunis, sadarkaa barnootaafi muuxannoo gahaa waan qabaniif gaaffiilee qorannoo isaaniif dhiyaataniif deebii gaariifi dhugaa jiru gahumsaan ibsu jedhee itti amaneera.

## 4.2. Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee Mala Garaa Garaan Funaanaman

Qorannoo mataduree “xiinxala dandeettii barreeffama Keeyyata barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin” jedhuuf ragaalee gara argannootti na geessu jedhee itti amane mala adda addaatiin funaannadhe haala armaan gadiitiin qindeessee dhiyeesseera. Haaluma kanaan, ragaan bar-gaaffii barattootaa irraa funaannadhe akka agarsiisutti, keeyyanni barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin yoo ilaalamu hanqinoota baay'eetu mul'ata. Fakkeenyaaf, qormaata barattootaaf dhiyaaterra akka hubatamutti, barattoonni itti fayyadama sirna tuqaaleerratti hanqina guddaa qabu. Hanqinoonni uumamanis, bakka buufata xiqqaa qoodduu galchuu, bakka tuq-lamee tuqaa tokko galchuu, bakka mallattoo gaaffii duwwaa dhiisuu, bakka qoodduun galuu qabu qoodduu malee barreessuun bal'inaan mul'ata. Haala kana keessatti barreeffamni barattootaa ija barreeffama gaariitiin yoo madaalamu barattoonni mallattoolee barreeffamaa yookiin sirna tuqaalee bakka barbaachisanitti galchuu irratti hanqina baay'eetu irraa mul'ata. Hanqinoonni fayyadama sirna tuqaalee haala kanaan kan itti fufu taanaan guddina seera barreeffama Afaan Oromoofi guddina afaanichaa irratti dhiibbaa cimaa qaba.

Dabalataanis, xiinxala ragaa qubeessuu barattootaa irraa hubachuun akka danda'ametti, barattoonni barreeffama isaanii keessatti seera qabeessuu Afaan Oromoo eeganii qubeessuu irratti hanqinoota hedduu mul'isaniiru. Dogoggorri mul'ate kunis, barattoonni seera qubeessuu



afaanichaa dabsuun bakka sagaloota dheeressuu qabanitti gabaabsuu, bakka gabaabsuu qabanitti, dheeressuun, bakka jabaachuu qabanitti laaffisuun, bakka laaffisuu qabanitti jabeessuun qubeessuun ni mul'ata.

Akka seera qubeessuu Afaan Oromootti sagaloonni jecha tokko qubeessuuf oolan ergaa barreessaafi dubbisaa keessatti baay'inaafi akaakuun safaramaadha. Safara kennameef irra dabarraanis ta'ee hir'annaan barreessaafi dubbisaa jidduutti walii galtee uumuu hindanda'amu. Fakkeenyaaf, akka ragaa qubeessuu barattootaa irraa hubatamutti, jecha 'muuxannoo' jedhu iddattoowwan hirmaatan keessaa barattoonni baay'inni isaanii 89 (66%) ta'an 'muuxaannoo' jedhanii barreesaniiru. Kana irraa kan hubatamu, barattoonni harka caalaan jechoota seera qubeessuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti. Hanqinni seera qubeessuu kunis, ergaa dabsuurra darbee seera barreeffama afaanichaa irratti dhiibbaa hamaa geessisuun isaa beekamaadha. Gabatee 4.3.2. irratti gaaffii bifa bar-gaaffiitiin '*Ogummaa barreessuu kee guddifachuuf yaalii akkamii?*' goota gaaffii jedhuuf barattoonni 76% ta'an ogummaa barreessuu isaanii fooyyeffachuuf yaalii gahaa kan goone ta'uu isaanii ibsaniiru. Yaanni kun kan agarsiisu, barattoonni hanqina barreessuu isaanii fooyyeffachuu isaanii irratti yaaliin isaan taasisan gadaanaa ta'uu isaaniiti. Kunis, akka isaan barreeffama qulqullina hinqabne barreessan isaan taasisa.

Haaluma walfakkaatuun, barreeffamni barattootaa qub-guddeessa haalaan itti fayyadamuu irratti yoo ilaalame barreeffama isaanii irratti hanqina baay'ina baay'eetu mul'atu. Kunis, qubee guddaa bakka hinbarbaachifnetti galchuufi bakka barbaachisutti otoo hingalchuun kan uumame ta'uu ragaa gabatee 4.2.2.3. hubachuun ni danda'ama. Akka ragaa kana irraa hubatamutti, barattoonni baay'ina harka caalaa seera qub-guddeessaa eeguun barreessuu irratti hanqina baay'eetu irraa mul'ata. Hanqinni kun immoo barreeffama qulqullina qabu barreessuu irratti hanqina qaba. Akkasumas, bar-gaaffii gabatee 4.3.3. gaaffii 5<sup>ffaa</sup> irratti barattootaaf dhiyaate irratti deebii barattoonni kennan akka agarsiisutti, barattoonni baay'anaa 89 (66%) ta'an barreeffama qulqullina qabu barreessuu dadhabuun egeree yookiin boruu isaanii irratti dhiibbaa akka isaan irratti qabaatu itti amanuu isaaniiti. Yaada barattootaa kana irraa hubachuun akka danda'amutti barattoonni barreeffama qulqullina qabu barreessuu dadhabuu isaaniin walqabatee egeree isaaniitiif yaaddoo qabaachuu isaaniiti. Haaluma walfakkaatuun, yaada af-gaaffii 2<sup>ffaa</sup> irratti barsiisotaaf dhiyaate irraa hubachuun akka danda'amutti, barreeffamni barattootaa qulqullina

dhabuun mul'ataafi milkaa'ina isaanii boruu irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu barsiisonni gaafataman irratti walii galu.

Gama biraatiin, gaaffii bar-gaaffii gabatee 4.3.6. irratti barattootaaf dhiyaaterratti yaada barattoonni kennan irraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni baay'inni isaanii 67% ta'an barsiisonni abbaltii barreessuu walitti fufiinsaan kan isaaniif hinkennine ta'uu ibsu.

Yaada gaaffii kanaa waliin kan simatu, af-gaaffii 3<sup>ffaa</sup> irratti barsiisotaaf dhiyaate irratti 'Abbaltii barattootaaf kennite keessatti barattoonni akka duub-deebii walii isaaniif kennan nijajjabeessitaa?' jedhuuf deebiin barsiisotaa akka agarsiisutti, hirmaattonni afaan tokkoon sababoota hanqina yeroofi barattoonni xiyyeeffannoo isaanii guutuun waliin waanhirmaanneef hamma barbaachisu kan hinjajjabeeffamni ta'uu isaaniiti.

Haata'umalee, ogummaan barreessuu ogummaa yeroo gabaabaa keessatti gonfatamu waan hintaaneef hojiin barreeffamaan walqabatu yeroo mara barattootaaf kennamuun barattoonni shaakala walitti fufaa booda kan cimsatan waan ta'eef deeggarsa cimaa argachuu qabu. Hojii shaakala barreessuuf isaan gargaaru kana irra deddeebiin hinkennine yoo ta'e, barattoonni dandeettii barbaadamu kana irratti hanqina qabaachuu danda'u.

Gabatee 4.3.8. irratti gaaffii barattootaaf dhiyaate irraa yaanni deebii isaanii akka agarsiisutti, abbaltii barreessuu darbanii darbanii kennan irratti duub-deebiin barsiisonni isaaniif kennan barattoota harka caalaa kan hinonnachiifne ta'uusaati. Yaada kanaan kan walfakkaatu af-gaaffiin 1ffaa irratti barsiisotaaf dhiyaate 'Dogoggora barreessuu keessatti barattoonni uuman akkamiin keessummeessita?' jedhuuf yaanni b/saa 1<sup>ffaa</sup> barattoonni shaakala barreessuu keessatti xiyyeeffannaa waan hinkennineef akkasumaan itti dadhabuun hojii akkasii irratti dadhabsiisaa ta'uu yoo ibsu, yaanni b/saa 2<sup>ffaa</sup> yaada b/saa 1<sup>ffaa</sup> waliin haala walhinfaallessineen barattoonni hojii shaakala barreessuu irratti nuffii agarsiisuun fedhii deeggaruu barsiisaa keessaa kan xiqqeessan ta'uutu hubatama.

Yaanni kun akka agarsiisutti, xiyyeeffannaa dhabuun waliin hojjechuufi waliin hojjechuu dhabuun barsiisaafi barataa akka barattoonni ogummaa barreessuutiin hingahoomne taasisa.

Dabalataan, gabateedhuma 4.3.10. gaaffii barattootaaf dhiyaate irratti yaanni barattootaa akka agarsiisutti, barsiisonni abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennan irratti duub-deebii barreeffamaa barattootaaf kennan irratti barattoonni walii isaaniif duub-deebii akka waliif kennan hindeeggarre

ta'uu barattoonni 97% ta'an irratti waliigaluu isaaniiti. Adeemsa kana keessatti barattoonni walii isaanii akka sodaatan waan ta'uuf barattoonni fedhii guutuun akka hinhirmaanne taasisa. Haala walfakkaatuu, dogoggora barreessuu irratti barattoonni uumaniif barsiisonni ilaalcha tuffii qabaachuu isaanii gaaffii gabatee 4.3.12. irratti deebii barattoonni kennan irraa hubachuun ni danda'ama.

Gama biraatiin, barreeffama Afaan Oromoo ga'umsa qabu barreessuu dhabuun guddina Afaan Oromoo irratti dhiibbaa guddaa kan qabu ta'uu barattoonni irra jireessa ta'an kan irratti wallii galan ta'uu deebii gaaffii barattoonni gabatee 4.3.13. irratti kennan irraa hubachuun nidanda'ama. Gaaffii kanaan, kan walqabatu, af-gaaffiin 5ffaa irratti barsiisotaf dhiyaate 'hanqinni barreeffama gaarii ija barreeffama gaariin fudhatama qabuu afaanicha irraan dhiibbaa ga'u qaba? Gaaffii jedhuuf yaanni barsiisota lachanu bifa tokkoon afaanichi afaan hojii mootummaa, saayinsiifi qorannoo akka hintaane gochuun afaanicha quucarsa yaada jedhu kennan.

Akka walii galaatti, dhimma irratti yaanni kallattii lamaaniin kenname akka agarsiisutti, hanqinni barreeffama Afaan Oromoo ga'umsa qabuuf afaanichi afaan sadarkaa olaanaatti afaan mana hojii mootummaa, barnootaa, saayinsiifi qorannoofi qo'annoo akka hintaane taasisuun guddina isaa irraan dhiibbaa geessisa.

Gaaffii af-gaaffiin 4ffaa irratti barattootaaf dhiyaate 'Sadarkaalee barreeffama gaarii barreessuuf gargaaran sadan haala kamiin hojiirra oolchita?' jedhuuf yaanni b/saa 1<sup>ffaa</sup> sadarkaalee barreessuu sadan hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'uutti kan walii galan yoo ta'u, b/saa 2<sup>ffaa</sup>, n yeroo tokko tokko sadarkaalee barreessuu sadan hojiirra oolchuuf kan yaalan ta'uu ibsu.

Yaada b/sonni lachuu kennan irraa akka hubatamutti, barsiisonni sadarkaalee barreessuu sadan akka barbaachisummaa isaatti hojiirra kan oolchine ta'uu isaati. Af-gaaffii 6<sup>ffaa</sup> irratti b/sotaaf dhiyaate kan 'hanqina barreeffamni Afaan Oromoo qabuuf falli maal? Jedhuuf b/saa 1ffaa'n barreeffamni Afaan Oromoo ija barreeffama gaariitiin qabu furuuf barsiisaa irraa gahee guddaan akka eegamu ibsuun barsiisaan nuffiifi dadhabbi malee barattoota isaa bakka ga'uu qabaniin gahuuf murannoon hojjechuu qaba kan jedhan yoota'u, yaanni b/saa 2<sup>ffaa</sup> yaada b/saa 1<sup>ffaa</sup>tti dabaluun, barattoonnis, waan barsiisaan isaanii isaan ajaju fudhatanii hojiitti hiikuun hanqina isaanii keessaa ofga'oomsuu qabu yaada jedhu qabu.

Gaaffii kanaaf yaada barsiisonni kennan irraa hubachuun akka danda'amutti, hanqina barreeffama Afaan Oromoo ija barreeffama gaariitiin fudhatama qabuu furuuf falli barsiisonniifi barattoonni gahee isaanii bahuufi waliin hojjechuu kanqaban ta'uu isaati.

Gama biraatiin, dandeettii barreessuu barattootaa xiinxaluuf ragaan yaadannoo barattootaa irraa funaaname akka agarsiisutti, barattoonni seera barreessuu Afaan Oromoo eeganii barressuun ergaa dabarsuurratti hanqina guddaa qabaachuu isaaniiti.

Seerota barreeffama Afaan Oromoo baay'inaan mul'atan keessaa warri ijoon; sirna tuqaalee, qubeessuufi qub-guddeessa yoo ta'u, sirna tuqaaleerratti odeeffannoon yaadannoo barattootaa irraa funaaname akka agarsiisutti, barattoonni sirna tuqaaleetti karaa sirrii ta'een kan hinfayyadamne ta'uu isaati.

Kana irraa hubachuun kan danda'amu, hanqinni itti fayyadama sirna hinfayyadamne ergaafi seera barreeffama afaanichaa irratti danqaa ta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun, odeeffannoon yaadannoo barattootaa kun akka agarsiisutti, barreeffama barattootaa irratti seera qubeessuufi fayyadama qub-guddeessaa irrattis hanqinoonni baay'een nimul'atu. Akka walii galaatti, odeeffannoon yaadannoo barattootaarraa argame akka mul'isutti, barreeffama barattootaa irraa hanqinoonni hedduun kan mul'atan ta'uu isaati. Rakkoowwan haala kanaan barreeffama barattootaa keessatti uumaman kunniin guddina seera barreeffama afaanichaa irratti kan dhiibbaa qabuufi dubbisaafi barreessaa walquunnamtii gidduutti walquunnamtii yaadame dabsa.

#### **4.2.1. Xiinxala Qormaataa Ijaarsa Keeyyataa**

Qormaanni ijaarsa keeyyataa mata duree adda addaa irratti barattoonni akka isaan keeyyata ijaaran taasisuun keeyyata isaan ijaaran ulaagaa keeyyanni gaariin tokko ittiin ijaaramuun madaaluuf gargaara. Haaluma kanaan qorataan, iddattoo filataman 134'f mata duree *“Faayidaa Barumsaa”* jedhuun akka keeyyata ijaaran taasisuun ulaagaalee barreeffamaa ittiin madaaleen dhibbeentaafi lakkoofsa barattootaa sirriin barreessaniif dogoggora adda addaa agarsiisanii bifa gabateetiin akka armaan gadiitti madaaleera.

T/L	Dogongora Uumame	Dogongoraan Kan barreessan	Dogongoraan Kan Barreessan		Sirriin kan Barreesan		Kan Ta'uu Qabu
			Lakk	%	Lakk.	%	
1.	Qubguddeessa	-fUIBaaNa -hindii -Roobii dhufu	84	63	50	37	-Fulbaana -Hindii -Roobii dhufu
2.	Caasluga	-Daa'imman kunuunsa barbaaddi. -Loomeen mana barumsaa dhaqe.	92	69	42	31	Daa'imman kunuunsa barbaadu. -Loomeen mana barumsaa dhaqe.
3.	Qubeessuu	-barrate -gudaa -gaddaa -taarree -jirma	88	66	46	34	-Barate -guddaa -gadaa -tarree -jirma
4.	Sirna tuqaalee	-Qormaata yoom xumurta. -Safuu bara kanaaf? Lubbuuqababeeyyii	96	72	38	28	Qormaata yoom xumurta? -Safuubara kanaaf! Lubbu-qabeeyyii
5.	Filannoo Jechaa	-laaqana -Bicuu	98	73	36	27	-ciree -xiqqoo

Qub-guddeessi barreeffama keessatti faayidaa adda addaa qaba. Innis akka seera barreeffama Afaan Oromootti keessatti bakka galuufi hingalle qaba. Haaluma kanaan, barreeffama Afaan Oromootti qub-guddeessi jalqaba maqaalee dhuunfaa, biyyootaa, guyyoota torbanii, ji'oota waggaa keessaa, jaarmiyaa hawaasaafi mootummaa, jalqaba bo'owwan walaloofi himaa akkasumas, keeyattootaafi kkf'n irratti gala. Bakkeewwan kanaafi kana fakkaataniin ala yoo gale ergaa barreessaa dabarsuu hindanda'u. Raga keeyyata barattoonni ijaaran irraa akka hubatamuttis, keeyyata ijaaran keessatti haalli isaan qub-guddeessa fayyadaman hanqina qabaachuu isaati. Raga barreeffama barattootaa keessaa fudhatame akka fakkeenyaatti yoo ilaalle, jecha '**Fulbaana**' jedhee barreeffamuu qabu '**fUIBaaNa**' jedhanii barreessaniiru. Akka seera barreeffama Afaan Oromootti jechi '**Fulbaana**' jedhu maqaa ji'oota waggaa waanta'eef qubeen jalqabaa guddaa ta'uu qaba. Haata'u malee ragaan funaaname akka mul'isutti, barattoonni

baay'inni isaanii 84(63%) ta'an qub-guddeessa bakkeewwan adda addaa itti barbaachisanitti kan hinfayyadamne yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 50(37%) ta'an fayyadama qub-guddeessaarratti fooyyee qabu.Odeeffannoon kun akka mul'isutti, barattoonni baay'ina irra-jireessa ta'e qaban qub-guddeessa fayyadamuu irratti seera barreeffama Afaan Oromootiin ala deemuu isaaniiti.Adeemsi kun haala kanaan kan itti fufu yoo ta'e,guddina afaanichaatiif danqaa guddaadha.

Gama biraatiin, Caaslugni walta'iinsa matimaafi gochimaa ta'ee ramaddii,ennaa, koorniyaafi lakkoofsa agarsiisuun tajaajila..Haata'umalee, odeeffannoon barreeffama barattootaa irraa funaaname akka mul'isutti,barattoonni seerluga Afaan Oromoo eeganii barreessuu irrattis hanqina qabaachuu isaaniiti.Kunis,iddattoowwan filataman keessaa 19% lakkoofsa, 23% koorniyaa,17% ramaddii,10% ennaa matima barreessanii mul'isuurratti hanqina guddaa qabu. Walumaa galatti, barattoonni baay'ina olaanaa 92( 69%) ta'e qaban caasluga Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti hanqina qabaachuu ragaan barreeffama isaanii irraa fadhatame kan agarsiisu yoo ta'u,barattoonni baay'inni isaanii 42(31%) ta'an immoo wal ta'iinsa matimaafi gochimaa eeguun barreessaniiru. Kun kan hubachiisu, barattoonni baay'ina irra jireessa qaban barreeffama isaanii keessatti walta'iinsa matimaafi gochimaa eeganii barreessuu kan hindandeenye ta'uu isaati.Gabaabumatti gama kanaan barattoonni barreeffamaan ergaa dabarfachuu hindanda'an

Dabalataanis, jechoonni Afaan oromoo amaloota laafuu, jabaachuu, dheerachuu,gabaabbachuu, irrabutaafi hudhaa ta'uu kan qabaniifi seerri kun immoo namoota afaanicha barreessuufi dubbisuu danda'an qofa biratti kan beekamudha.Laafuun jecha tokko keessa sagalee dubbifamaan qeenxee ta'ee kangalu yoo ta'u,jabaan immoo jecha tokko keessa sagaleewwan dubbifamaa gosa tokko lama walitti aananii yoo galan kan uumamudha.Sagalee dheeraanis kan uumamu jecha tokko keessatti sagaleewwan dubbachiistuu gosa tokko lama walitti aananii yoo galan kan uumamudha.Sagaleen irra butaa immoo bakka sagaleewwan dubbifamaa gosa adda addaa lama walitti aananii galaniifi sagalee 'i'n itti liqimfamtee haftutti kan uumamu yoo ta'u,sagaleen hudhaas yeroo sagaleeffamu bakka qaamoleen uumama sagalee walirraa utaanitti kan uumamu ta'ee mallattoo 'naan bakka bu'a.Kanaafuu,jechoonni Afaan Oromoo yeroo barreeffaman seera jechoonni Afaan Oromoo yeroo qubeeffaman seerota qubeessuu afaan kanaa ala kan qubeeffaman taanaan ergaa dabarsuu hindanda'an.

Odeeffannoon gabatee armaan olii irraa akka hubachiisutti,barattoonni sagaleewwan AfaanOromoo qubeessuurratti hanqina qabu. Hanqinni qubeessuu barattootaa irratti mul'ate kun jecha tokko qofaarratti osoo hintaane jechoota adda addaarratti hanqina mul'isani. Haaluma kanaan,laafaa jabeessuurratti 8%,jabaa laaffisanii qubeessuurratti 13%,gabaabaa dheeressuurratti 6%,dheeraa gabaabsanii kan qubeessan 11%,irrabuta irratti kanneen hanqina mul'isan 5%fi jechoota sagalee hudhaa qubeessuu irratti 8% kan ta'an waliigalatti,barattoonni 88(66%) ta'an jechoota AfaanOromoo seera qubeessuu afaanichaa eeganii qubeessuurratti hanqina qabaachuu kan mul'isan yoo ta'u,kanneen baay'inni isaanii 46 (34%) ta'an immoo jechoota Afaan Oromoo seera qubeessuu afaanichaa eeguun qubeessaniiru.Kana irraa kan hubatamus barattoonni irra jireessi seera qubeessuu jechoota Afaan Oromoo eeganii kan hinbarreessine ta'uu isaati.Akka seera qubeessuu afaan kanaattis jecha tokko yeroo qubeessinu qubee tokko itti dabaluus ta'ee irraa hir'isuun hiika jechichaa geeddara. Kun immoo walquunnamtii yaadame danqa.

Dabalataanis,odeeffannoon barreeffama barattootaa irraa funaaname akka mul'isutti,barattoonni fayyadama sirna tuqaalee irrattis,hanqina qabaachuu isaaniitu mul'ata.Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffamaa kan barreessaan dhimma ba'uun ergaafi miirasaa ittiin ibsatudha. Kana jechuun barreeffamni sirna tuqaaleetiin ala gonkumaa ergaa dabarsuu hindanda'u.Barreeffama Afaan Oromoo keessatti sirni tuqaalee akaakuufi faayidaa adda addaa qabu.Barreeffama barattootaa keessatti hanqinni itti fayyadama sirna tuqaalee bal'inaan kan mul'atu ta'uyyuu xiinxaluuf akka mijatutti sirna tuqaalee irra deddeebiin dogoggorri irratti mul'ate ragaa armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.Haaluma kanaan,barattoonni 15% ta'an buufata xiqqaafi tuqaa irratti,18% mall.gaaffii irratti,21% waraabii irratti,8% sarara xiqqaafi waraabii qeenxee irratti %fi 10% immoo sirna tuqaalee biroorratti kanneen dogongoran yoo ta'u, waliigalatti barattoonni 96(72%) ta'an barreeffama isaanii keessatti sirna tuqaalee irratti hanqina kan qaban yoo ta'u, barattoonni 38(28%) ta'an immoo sirna tuqaalee eeganii barreessuutti kanneen fooyyee qabanidha.Walumaagalatti, barattoonni irra-jireessi sirna tuqaalee eeganii barreessuurratti hanqina qabu.Kunis sirna barreeffamaafi walquunnamtii barbaadamerraan dhiibbaa geessisa.

Ergaa barreeffamaan darbu keessatti filannoon jechaa gahee guddaa qaba.Sababiin isaa barreessaan tokko ergaa dabarfachuu yaade barreessuuf eenyuufan maal akkamitti barreessa kan jedhu yaada keessa galchuu qaba.Kanaafuu, yaanni giddu galeessa ergaa akkuma jirutti ta'ee waa'ee nama ergicha fudhatuu adda baasuun akkaataa dhaamsa isaa jalaa hingufachiifnetti jechoota sirrii haala ifa ta'een filachuun fayyadamuun barbaachisaadha.

Haata'umalee, ragaa gabatee armaan olii kanarraa akka hubatamutti barattoonni 98 (73%) ta'an barreeffama isaanii keessatti filannoo jechootaatti fayyadamuurratti kan hanqina qaban yoo ta'u, barattoonni 36(27%) ta'an immoo barreeffama isaanii keessatti filannoo jechaatiin kan barreessanidha. Walumaagalatti, barattoonni harka caalaan barreeffama isaanii keessatti filannoo jechaa fayyadamuun ergaa dabarfachuu irratti hanqina qabu.Hanqinni filannoo jechaa kun waaltina afaaniifi ergaa barreemaan darbu irratti danqaa ta'a.

#### 4.2.2. Xiinxala Ragaa Yaadannoo Barattootaa Irraa

Qorannoo kana keessatti maddoota ragaa qorataan itti fayyadame keessaa tokko yaadannoo barattootaati.Haaluma kanaan, qorataan qorannoo kanaas,dandeettii barreessuu guddisuuf faca'iinsa shaakala barreessuun walqabatanii qabiyyee barumsa isaanii keessatti argaman akka madda ragaatti fayyadameera. Qorataanis, yaadannoo barattootaa mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan 10 irraa guurrachuun xiinxalee jira.

##### 4.2.2.1. Xiinxala Ragaa Sirna Tuqaalee Irratti

Sirni tuqaa mallattoolee barreeffama A/O ta'ee tajaajila.Namni A/Oromootiin barreessus seera fayyadama sirna tuqaalee eegeeyoo barreeffame ergaa barreessaan yaade seeraan kan dabarsu yoo ta'u, seeraan ala yoo fayyadame garuu dhaamsa barreessaa karaa irraa dabsa.

##### Gabatee 4.2.2.1. Xiinxala Ragaa Sirna tuqaalee

T/L	Kanneen dogongoraan Barreessan	Lakk.	%	Kanneen sirriin barreessan	Lakk.	%
1.	Rabbirraan nirafa, Boontuun hinteessi.	112	84	Rabbirraan ni rafa; Boontuun niteessi.	22	16
2.	Waa sadii kabaji.maatiikee, hiriyaakeefi kaayyookee.	93	69	Waa sadii kabaji: maatiikee, hiriyaakeefi kaayyookee.	41	31
3.	Situ na arge.Sobaa	103	77	Situ na arge.Soba?	31	23
4.	Toltuun naamusa qabdi. Haata'umalee barumsa hindandeessu.	99	74	Toltuun naamusa qabdi. Haata'umalee, barumsa hindandeessu.	35	26



Yaadannoo barattoota muraasaa akka fakkeenyaatti fudhachuun yoo ilaalu,boqonnaa sadii gilgaala saddeet gaaffii 2<sup>ffaa</sup> hima ijoo “**Beekumsi karaa adda addaa argama.**” jedhu jalatti ajaja “*himoota ijoo kenname fayyadamuun bakka duwwaa irratti keeyyata ijaari.*”jedhu irratti yaadannoon barattootaa yoo ilaalamu hanqinoota barreessuu hedduutu irraa hubatama. Bu’uura kanaan, qabxiilee qorataan irratti hundaa’uun yaadannoo barattootaa xiinxale fayyadama sirna tuqaalee,qubeessuu,qub-guddeessa, fa’aadha.

Ragaan gabatee armaan olii akka mul’isutti,barattoonni sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti.Barreeffama Afaan Oromoo keessatti sirna tuqaalee seeraan dhimma bahuu dhiisuun ergaan waan barreeffamee akka hindabarre taasisa.Haaluma kanaan,gabatee armaan olii irraa hubachuun kan danda’amu barattoota iddattoodhaaf filataman keessaa barattoonni 22(16%) buufata xiqqaatti seeraan kan dhimma ba’an yoo ta’u, barattoonni 112 (84%) ta’an buufata xiqqaatti seeraan fayyadamuu irratti hanqina kan qaban qabaachuu isaaniiti.Haaluma walfakkaatuun,barattoonni tuq-lameetti haala gaariin dhimma ba’an iddattoof filatame keessaa baay’inni isaanii 41 (31%) yoo ta’an,tuq-lameetti sirnaan fayyadamuu irratti hanqina kan qaban immoo 93(69%) ta’uu gabatee kana irraa hubachuun ni danda’ama.Ragaa iddattoowwan filatamanii irraa hubachuun akka danda’amutti barattoonni irra jireessi tuq-lameetti haalaan fayyadamuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti.Kun immoo haala kanaan itti fufu taanaan ga’umsaafi guddina barreeffama Afaan Oromoo irratti kan dhiibbaa qabu ta’uu isaati.

Gama biraatiin, gabateen armaan olii akka agarsiisutti,barattoonni mallattoo gaaffiifi qoodduutti fayyadamuu irratti hanqinni jiraachuu isaati.Kunis, iddattoowwan fiataman keessaa barattoonni baay’inni isaanii 31(23%) ta’an mallattoo gaaffiitti fayyadamuu kanneen danda’an yoo ta’u, kanneen baay’inni isaanii 103 (77%) ta’an immoo mallattoo gaaffiitti fayyadamuu irratti hanqina qabachuu isaaniitu hubatama. Barattoonni baay’inni isaanii 99 (74%) ta’an immoo qoodduutti fayyadamuu irratti hanqina kan qaban yoo ta’u,barattoonni baay’inni isaanii 35(26%) ta’an qoodduutti fayyadamuu kan danda’an ta’uu isaati.Kunis, kan agarsiisu,baay’ina barattootaa iddattoof filatamanii keessaa irra jireessi isaanii mallattoo gaaffiifi qoodduutti fayyadamuun barreessuu irratti hanqina kanqaban ta’uu isaati.Walumaa galatti, hanqina barattoonni sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuun barreeffama afaan Oromoo barreessuu irratti qaban haala ammaa kanaan yoo itti fufe guddina afaanichaatiif rakkoo hamaa ta’uu isaati.

#### 4.2.2.2. Xiinxala Ragaa Qubeessuu Irratti

Barreeffamni Afaan Oromoo seera qubeessuu kan mataa isaa qaba. Jechoonni afaanichaa seera kana eeguun yoo barreeffaman ergaa dabarsu. Kanaafuu, jechoonni Afaan Oromoo amaloota qaban irraa ka'uun garee adda addaatti qoodamu. Amaloota kanneen keessaa gabaabinaafi dheerina yoo ta'u, sagalee gabaabaan jechi Afaan Oromoo dubbachiiftuuwwan Afaan Oromoo warreen bu'uura shanan keessaa tokko fudhachuudhaan dubbachiiftuu qeenxeen kan katabamu jechuudha (Rabbirraa, 2009:28). Sagaleen dheeraanis sagaleen dubbachiiftuu gosa tokko lama walitti aanee yoo gale uumama. Sagalee jabaan immoo jecha tokko keessatti bakka sagaleewwan dubbifamaa gosa tokko lama ta'an walitti aananii galanitti uumama. Sagalee laafaanis kan uumamu jecha tokko keessatti dubbifamaa tokko qofa yoo gale. Sagalee irra butaa immoo bakka sagaleewwan dubbifamaa gosa adda addaa lama walitti aananii galanitti uumama.

#### Gabatee 4.2.2.2. Xiinxala Ragaa qubeessuu

T/L	Kanneen dogongoraan Barreessan	Lakk.	%	Kanneen sirriin barreessan	Lakk.	%
1.	Muuxaanoo	89	66	Muuxannoo	45	34
2.	Manaa barnoota	96	72	Mana barnootaa	38	28
3.	Bekkumsa	100	75	Beekumsa	34	25
4.	Maddii oddeffaannoo	79	60	Maddi odeeffannoo	55	40
5.	Faayida hedduu	85	63	Faayidaa hedduu	49	37
6.	Hiirkattuummaa	98	73	Hirkattummaa	36	27
7.	Qoraanno	87	65	Qorannoo	47	53

Afaan Oromootiin qubeessuun sirna mataa isaa qaba. Kanaaf, barattootas ta'ee namoonni Afaan Oromootiin barreessan seera qubeessuu afaanichaa eeguun barbaachisaadha. Seera qubeessuu jechoota Afaan Oromoo eeganii qubeessuun ergaa yaadame dabarsuuf gumaacha kan qabu yoo ta'u seera qubeessuu isaa eeguu dadhabuun immoo guddina afaanichaa irraan dhiibbaa geessisa. Gabatee armaan olii kana irraa akka hubatamutti, barattoonni seera qubeessuu jechoota Afaan Oromoo eeguu irratti hanqina guddaa qabaachuu isaaniiti.

Akka ragaan funaaname agarsiisutti, jechoonni qubeeffaman bakka dheerachuu qabanitti gabaabbachuun, bakka gabaabbachuu qabanitti dheerachuun, bakka jabaachuu qabanitti laafuun, bakka laafuu qabanitti jabaachuun qubeeffamuun ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti, ragaa gabatee armaan olii irraa jecha jalqabaa fudhannee yoo ilaalle, iddatto fudhataman keessaa barattoonni

baay'inni isaanii 89(66%) ta'an jecha **muuxaanoo** jedhu keessatti sagaleewwan bakka gabaabbachuu qabutti dheeressuufi jabaachuu qabutti laaffisuun qubeessuun ni mul'ata.Barattoonni 45(34%) ta'an immoo jecha kana seeraan qubeessaniiru.

Walumaa galatti, qubeessuu barattootaa keessatti barattoonni sagaleewwan bakka dheeressuu qabanitti gabaabsuun, bakka gabaabsuu qabanitti dheeressuun,bakka jabeessuu qabanitti laaffisuun, bakka laaffisuu qabanitti jabeessuufi kan biroon nimul'a. Haalli kun immoo seera qubeessuu dabsuurra darbee seera barreeffama afaanichaa miidha waan ta'eef seera qubeessuu afaanichaa eeguun qubeessuun barbaachisaadha.

#### 4.2.2.3. Xiinxala Ragaa Qubguddeessaa

Qubeewwan Afaan Oromoo qubee guddaafi xiqqaa jedhamuun kan qoodaman ta'ee isaan kun yeroo barreeffaman walmakanii osoo hintaane seera barreeffamaa eeguun katabamu.Jecha yookiin hima, akkasumas yaada tokko yemmuu barreessinu seera barreeffamaa eegnee quboota gosa lamaanittuu fayyadamna.Qub-guddeessi seeraafi bakka itti tajaajilu qaba.Isaan keessaa muraasni: jalqaba himaafi bo'oo walaloo irratti,maqaa dhuunfaa barreessuu keessatti,maqaaalee ardiwwanii,maqaaalee magaalotaa,bakkaa, biyyaa godinaalee,naannoowwanii,sabootaafi afaanotaa barreessuu keessatti,maqaaalee guyyoota torbanii,ji'ootaa,tibbootaafi ayyaanotaa barreessuu keessatti,akkasumas,,maqaaalee dhaabbileefi jaarmiyaalee hawaasaafi mootummaafi kkf barreessuuf jalqaba qubee guddaa barreessina.

#### Gabatee 4.2.2.3. Xiinxala Ragaa Qub-guddeessa

T/L	Kanneen dogongoraan Barreessan	Lakk.	%	Kanneen sirriin barreessan	Lakk.	%
1.	dHalli namaa	77	57	Dhalli namaa	57	43
2.	naaNnoo iRRaa	93	69	Naannoo irraa	41	31
3.	miiDiYaa	86	64	Miidiyaa	48	36
4.	beektoTa	90	67	Beektota	44	33
5.	kItaaBa dubisuu	95	71	Kitaaba dubbisuu	39	29
6.	qabeeNya	97	72	Qabeenya	37	28

Odeeffannoo gabatee armaan oliirraa akka hubatamutti, barattoonni qub-guddeessa fayyadamuu irratti hanqina qabaachuu isaaniitu baay'inaan hubatama. Ragaa hanqina qubguddeessaa kana argachuuf qorataan barattoota iddattoof filataman irraa yaadannoo isaanii funaanuun sakatta'ee hanqina itti fayyadama qubguddeessa funaannatee xiinxaleera.

Ragaa funaaname, kana irraa hubachuun akka danda'amutti barattoota iddattoof filataman kan baay'inni isaanii keessaa 77(57%) ta'an qubee guddaa bakka barbaachisutti galchuun barreessuu irratti hanqina kan cimaa kan qaban yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii 57(43%) ta'an qubee guddaa bakka barbaachisutti galchuun barreessuu irratti fooyyee qabu. Kun kan agarsiisu, barattoonni irra-jireessi qubee guddaa bakka barbaachisutti galchuun barreessuu irratti hanqina qabaachuu isaati. Kun immoo seera barreeffama Afaan Oromoo kan hineegne waan ta'eef afaanicha irraan rakkoo guddaa geessisa.

### 4.3. Xiinxala Ragaalee Bar-gaaffii Barattoota Irraa Funaanamanii

Ragaaleen gaaffilee qorannoof deebii argamsiisuu danda'u jedhamanii yaadaman qophaa'anii bifa bar-gaaffiin barattootaaf dhiyaachuun hojjetamanii walitti funaanamanii xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan, tokkoon tokkoon gaaffiilee dhiyaatanii baay'ina deebistootaa irratti hundaa'uudhaan bifa hammamtaatii xiinxalamanii gabatee armaan gadii keessatti haala ifa ta'een kaa'amaniiru.

#### Gabatee 4.3.1. Xiinxala Fayyadama: Seer-lugaa, Sirna tuqaalee, hima ijoo, Himoota gargaartuu, Walta'insa, Tokkummaa, fi xiyyeeffannoo keeyyataa

T/L	Dhimmoota xiyyeeffannoon ilaalaman	Barattoota Sirriin Fayyadaman		Barattoota Dogoggora Fayyadamaa Qaban		Ida'ama	
		Lakk	%	Lakk.	%	Lakk	%
1.	Seerluga afaanii eeganii barreessuu	36	27	98	73	134	100
2.	Haala itti fayyadama Sirna tuqaalee	9	7	125	93	134	100
3.	Itti fayyadama hima ijoo fi gargaartuu	37	28	97	72	134	100
4.	Tokkummaa keeyyataa eegu	25	19	109	81	134	100
5.	Fayyadama qub-guddeessaa	48	36	86	64	134	100
6.	Xiyyeeffannoo Keeyyataa agarsiisuu	15	11	119	89	134	100
7.	Wal-hidhiinsa keeyyataa eegu	10	7	124	93	134	100
8.	Walta'insa matimaafi gochimaa eeguun barreessuu	41	31	93	69	134	100
9	Yaada maddisiisuun barreessuu	34	25	100	75	134	100
10	Qindoomina yaadaa eeganii barreessuu	42	33	92	67	134	100

Gabatee 4.3.1.kana irraa akka hanqinaatti kan hubatamu,iddattoowwan filataman keessaa barattoonni baay'ina olaanaa 98 (73%) barreeffama isaanii keessatti seer-luga Afaan Oromoo eeganii barreessuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti.Seerlugni Afaan Oromoo keessatti walta'iinsa matimaafi gochimaa ibsa.Kunis,bakka matimni hima tokkoo danuu ta'ee gochimni isaa immoo matima qeenxee agarsiisu yookiin matimni qeenxeen gochima danummaa mul'isuun ibsamutti dubbisaafi barreessaa gidduutti akka waliigalteen hinuumamne taasisa.Gama biraatiin,caasaan hima Afaan Oromoo tartiiba matima ,antimafi gochima jedhu hordofa.Matimni abbaa gocha raawwatamee yoo ta'u, antimni immoo qaama gochi irratti raawwatamu ta'ee,gochimni raawwii raawwatame ibsa. Haata'u malee, tartiibni caasaalee kanaa yoo waljijjiire walquunnamtii hindanqu. Kunis kan ta'eef, quunnamtiin waliin dubbiin taasifamu caasaa afaanii osoo hintaane ergaa darbu irratti waan xiyyeeffatuufi. Haala kana keessatti dubbataan qaamolee hima ijaaran keessaa kan ergaan isaa irratti fuulleffatu hunda dursuun warra hafan itti aansee dubbachuu danda'a.Walquunnamtii barreeffamaan taasifamu keessatti himni tartiiba kana irraa maqnaan waliigaltee barreessaafi dubbisaa gidduu dabsuuf sababa ta'a.

Kanaafuu, barreeffama AfaanOromoo keessatti caasaa himaa eeguun barreessaafi dubbisaa gidduutti walhubannaa uumuuf oola. Akkasumas, qaamolee himaa keessaa hambisuunis ergaa barreessaan dubbisaadhaaf dabarsuu barbaade dabsuu danda'a.Fkn:Mata duree Faayidaa bishaanii jedhuun barreessan keessatti qooda faalkaalee sadan keessaa bishaan dhangala'oodha.jechuu“*Faalkaa sadan ittiin argamu keessaa dhangala'oo*” kan jedhu yoo ilaalle,ergaa guutuu dabarsuu hindanda'u. Sababiin isaa hiriira jechootaa kana keessa matimnifi xumurri hinjiran.Kanaafuu, dubbisaan yaada barreessaa kanaa irraa waan hubachuu danda'u hinqabu.Haala kanaan,barreeffama barattooa harka caala bifa kanaan hanqina adda addaa mul'isa.Kanaafuu, barreeffamni barattootaa kun hanqina guddaa kan qabu ta'uu isaati.Barattoota qormaata kana fudhatan keessaa 36 (27%) kan ta'an kanneen barreeffama fooyya'aa barreessanidha.Afaan tokko afaan barreeffamaa taasisuudhaaf seera barreeffamaa isaa irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.Seera barreeffamaa dhaabbataa hunda galeessa hinqabu taanaan afaan dubbii qofa ta'ee hafa.Kun immoo guddina afaanichaa irratti gufuu guddaadha.

Qabxii 2<sup>ffaa</sup> irratti ka'e irraa akka hubatamutti, barattoonni 125 (93%) ta'an qormaata barreeffamaa isaaniif kenname keessatti itti fayyadama sirna tuqaalee irratti hanqina guddaa kan mul'isan ta'usani.Sirni tuqaalee mallattoolee barreeffamaa kan barreessan yaadaafi miira isaa

bakka buusuun dubbisaan walquunnamuuf itti fayyadamu. Haata'u malee, yoomiifi eessatti sirna tuqaa kam fayyadamuu akka qabnurratti hubannoon jiru ergaa dabarsuun barbaadamerratti dhiibbaa qaba. Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhiisuun akkuma fedhanitti walitti fufuun barreessuun yaanni tokko eessaa ka'ee eessatti akka xumuramuufi yaanni kam isa kam waliin akka deemu beekuurratti rakkisaa ta'a. Akkasumas, dubbisaan barreeffama tokko karaa eegamneen hubachiisuu danda'a. Akka walii galaatti barattoonni qormaata fudhatan sirna tuqaaleetti sirnaan fayyadamuurratti hanqina guddaa mul'isaniiru.

Keessattuu sirnoota tuqaalee kanneen akka buufata xiqqaa (;), tuq-lamee (:), mallattoo waraabbii ("") fi raajeffannaa (!) fayyadamuurratti hanqinni jiru guddaadha. Kun himoota waldeeggaranii fi danda'an lamaan walitti hidhuun hariiroo isaan lamaan qaban ibsuu, dhimmoota walfakkaataniif seensiftuu kan ta'e tuqlamee akkasumas, yaada qaama biraan ibsame abbummaasaa beeksisuuf mallattoo waraabbii fi miira barreessaan ittiin yaada tokko ilaale, kan ittiin ibsamu mallattoon waraabbii guutummaatti hojiirra akka hinoolle agarsiisa. Sirna tuqaalee hafanittis sirriitti dhimma bahaniiru jechuu osoo hintaane, fooyyee qabaachuu isaa ragaan barreeffama isaanii ni mul'isa. Gama biraatiin barattoonni sirna tuqaalee kana fayyadamuurratti fooyyee qabu jedhamanii filataman lakkoofsaan muraasa 9(7%) ta'u. Baay'ina barattootaa iddattoof filatamanii fudhannee yoo ilaalle hanqinni jiraachuu mul'isa.

Qabxiin xiyyeeffannoo biraa barattoonni ittiin madaalaman keeyyata keessatti haala itti fayyadama hima ijoofi himoota gargaartuu yoo ta'u, barattoota baay'inni isaanii 97(72%) ta'an hanqina kan mul'isanidha. Ijaarsa keeyyataa keessatti himni ijoofi himoonni gargaartuun gahee mataa isaanii qabu. Haala kanaan, barreeffama keessatti faayidaan hima ijoo yaada barreessaan keeyyata sana keessatti dabarfachuu barbaadeef yaada handhuura ta'e kan ofkeessatti qabateefi yaada keeyyatichaa guutummaatti dimshaashessuufi bakka tokkotti cuunfee kan dhiyeessudha. Innis keeyyata keessatti bakka adda addaatti kan argamudha. Himoonni gargaartuu immoo caasaa keeyyataa ta'anii keeyyata tokko keessatti hima ijoo babal'isanii kan ibsaniifi yaada hima ijoo keessatti dubbisaatti gaaffii ta'uu malu kan deebisani.

Haata'umalee, barreessaan qaamolee keeyyataa kana haalaan adda baafatee itti fayyadamuu baannaan dubbisaa kallattii dhorkuu irra darbee barreessaa tuffachiisuu danda'a. Barattoonni baay'inni isaanii 37(28%) ta'an kanneen hima ijoofi gargaartuu adda baafatani. Gama kanaan barreeffama barattootaa kana ija barreeffama gaariin yoo ilaalle hanqinni hammana hinjedhamne

jiraachuu isaa hubachuun ni danda'ama.Kun immoo dammaqinaan irratti hojjetamuu baannaan barreeffama barattootaa fudhatama dhabsiisuurra darbee afaan kana kan barreeffamaa akka hintaaneef dhiibbaa uumuu mala.

Gabatee armaan olii irratti hanqinni barreeffama barattootaa irratti mul'ate inni biraa tokkummaa keeyyataa eeguu irrati. Hanqinni kunis barattoota 109 (81%) ta'e irratti baay'inaan kan mul'ate yoo ta'u, kanneen 25(19%) ta'an immoo tokkummaa keeyyataa eeguun barreessuu isaaniitu mul'ata.Tokkummaan keeyyataa ijaarsa keeyyataa keessatti hariiroo hima ijoo fi gargaartuu gidduu kan ibsu ta'ee,yaanni hima ijoo keessatti himoota gargaartuufi goolabaan yoo tumsamani.Tumsi himoota keeyyata tokko ijaaranii ergaa darbuuf humna guddaa ta'a.Tokkummaa dhabuun kun ergaa darbu dabsuurra darbuun dubbisaa nuffisiisa.

Kanaafuu, barreeffama barattootaa kana ija barreeffama gaariitiin yoo ilaalamu ulaagaa kaa'ame kana kan guutu miti. Qabxiin itti aanu fayyadama qubguddeessaa yoo ta'u, innis akka gabaticha irraa hubatamutti barattoonni hedduun qubee guddaa bakka barbaachisutti haalaan kan hinfayyadamnetu hubatama . Haala kanaan, barattoonni 86 (64%) ta'an hanqina kan mul'isan yoo ta'u,barattoonni 48 (36%) ta'an fayyadama qubguddeessaa irratti kanneen haala gaarii irra jiran ta'uu isaati.Afaan Oromoo keessatti qubee guddaafi xiqqaa seera malee walkeessa fuudhuun dogoggora.Jecha yookiin hima, akkasums yaada tokko yeroo barreessinu seera afaanii eeguun lamaanittuu fayyadamuun barbaachisaadha.Barreeffama keessatti bakkeewwan itti tajaajilu keessaa muraasni:Jalqaba himaafi bo'oo walaloo, maqaa dhuunfaa barreessuu keessatti maqaalee ardiiwwanii,maqaa magaalotaa, biyyaa, kallattii,ji'ootaa waggaa, maqaa torbaniifi kkf irratti kanfayyadu ta'ee gidduu, himaa,jechaafi caasaa biraatti fayyadamuun barreeffama Afaan Oromoo keessattidogoggora uuma.

Dhimmi qabxii 6<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaate xiyyeeffannoo keeyyataa kan ilaallatu yoo ta'u,gabatee armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, barattootni keeyyata barreessan keessatti hanqina xiyyeeffannoo qaban lakkoofsaan 119 (89%) ta'an keeyyanni isaanii xiyyeeffannoo agarsiisuu irratti hanqina kan mul'isu yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii muraasa 15(11%) ta'an barreeffama barreessaniin xiyyeeffannoo agarsiisaniiru. Baay'ina iddattoo filatamanii kana fudhannee yoo ilaalle, harki caalaan barattootaa barreeffama isaanii keessatti xiyyeeffannoo agarsiisuu hindandeenye jechuudha.Xiyyeeffannoo keeyyataa keessatti yaadni hima ijoo

keessatti akeekame himoota callaadhaan guutummaatti yoo ibsameefi himoonni gargaartuun yaada hima ijoo keessatti kaafameen ala yaada biraa gidduutti dhiyeessuu yoo dhiisani.

Bu'uura kanaan, barreeffamni barattootaa yoo ilaalame hanqina kan mul'isu ta'uutu hubatama. Kanaafuu, barreeffamni barattootaa ija barreeffama gaariitiinis yoo ilaalame ulaagaa eegamu hinguutu.

Qabxiin madaallii 7<sup>ffaa</sup> walta'umsa (wal-hidhiinsa) keeyyataa eeguu yoo ta'u, gama kanaan akka gabatee armaan olii irraa hubatamutti, barattoonni baay'inni isaanii 124(93%) ta'an walta'insa keeyyata barreessanii irratti hanqina kan qaban yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 10(7%) ta'an immoo walta'insa keeyyataa eeganii kan barreessanidha. Wal-hidhiinsi walqabsiistota bamaqaalee, tuqaaleefi irra deddeebii jechoota ijoo ta'anii dhimma bahuun yaadota walhordofsiisuun ijaarsa keeyyataa keessatti kan fayyadudha. Ijaarsa keeyyataa keessatti dhimmi kun haalaan hojiirra hinoolle taanaan walta'iinsi keeyyataa eegameera jechuun rakkisaadha. Ulaagaa kanaan akka ilaalametti barreeffama barattootaa keessatti hanqina guddaatu mul'ata. Akkasumas, qabxii madaallii 8<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaate irraa akka hubatamutti, barattoonni 41(31%) ta'an walta'iinsa matimaafi gochimaa eeguun kan barreessan yoo ta'u, barattoonni 93 (69%) ta'an immoo walta'insa matimaafi gochimaa eeguun barreessuu irratti hanqina qabu. Kun kan agarsiisu, barattoota iddattoof filataman keessaa harka caalaa 93 (69%) kan ta'an walta'insa matimaafi gochimaa eeguu irratti rakkina kan qaban yoo ta'u, kanneen 41(31%) ta'an immoo walta'iinsa matimaafi gochimaa eeguu kan hindandeenye ta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun, qabxiin madaallii 9<sup>ffaa</sup> irratti mul'atu akka agarsiisutti, barattoonni baay'inni isaanii ta'an 100 (75%) keeyyata barreessan keessatti ergaa isaanii dabarfachuuf yaada maddisiisuu irratti hanqina kan qaban yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii 34 (25%) ta'an immoo keeyyata ijaaran keessatti yaada isaanii maddisiisuun ergaa dabarfachuu irratti kanneen fooyyee qabanidha.

Ragaa kana irraa akka hubatamutti, barattoonni harka caalaan keeyyata barreessan keessatti yaada isaanii haala gaariin ibsachuu irratti hanqina kan qaban ta'uu isaati. Qabxiin madaallii 10<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaaterraan hubachuun kan danda'amu barattoonni baay'inni isaanii 92(67%) ta'an keeyyata barreessan keessatti qindoomina yaadaa eeganii barreessuu irratti hanqina kan qaban yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii 42(33%) ta'an immoo keeyyata barreessan keessatti qindoomina yaadaa eeguu irratti kanneen fooyyee qaban ta'uu isaati. Ragaan



dhiyaate akka mul'isutti, barattoonni baay'ina harka caalaa 92(67%) ta'e qaban keeyyata barreessan keessatti qindoomina yaadaa eeguun barreessuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti. Kun immoo ergaa barreeffamaan dabarfatan dabsuun dhiibbaa guddaa uuma.

Walumaa galatti, ragaan gabatee armaan olii irratti dhiyaate akka mul'isutti,qabxiilee madaallii barreeffamni barattootaa ittiin madaalame hundaan barattoonni hanqina guddaa kan qaban ta'uu isaatu mul'ata. Haalli kun immoo hubannoo barattootaarrattis ta'ee guddina saayinsii barruu Afaan Oromoo irratti rakkoo guddaa qabaachuu isaatu hubatama.

**Gabatee 4.3.2.Xiinjala Xiyyeeffannoo brfma keessatti duraa duuba eegu,seera afaanii eegu,xiyyeeffannoo hima ijoofi gargaartuuf kennamuufi gahee barataa**

T/L	Gaaffilee	Baay'ina barattoota deebii kennanii					
		1		2		Ida'ama	
		Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%
1 .	B/saankee yeroo brfma si shaakalchiisan duraa duuba eegan qabu?	47	35	87	65	134	100
2 .	Ogummaa barreessuu guddifachuuf seera barreeffama afaanichaa eeguuf yaalii goota?	32	24	102	76	134	100
3 .	Keeyyata ijaartu keessatti hima ijoofi gargaartuuf xiyyeeffatta?	38	28	96	72	134	100
4 .	Ogummaa brfmaa guddifachuu keessatti gaheenke iddoo qaba?	40	30	94	70	134	100

Fr: 1=Eeyyee, 2=Lakki Gabatee 4.3.2.irratti gaaffii 1<sup>ffaa</sup>f deebii barattoonni kennan irraa hubachuun akka danda'amutti,barattoonni baay'inni isaani 87(65%) ta'an barsiisaan isaanii barreeffama yeroo shaakalchiisan duuraa duuba keeyyata barreessuu keessatti hordofamuu qabu kan hinhordofne yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii 47(35%) ta'an immoo barsiisaan isaanii yeroo barreeffamama shaakalchiisu duraa duuba eegamuu qabu eegani kan shaakalchiisa akka ta'e ragaan dhiyaate ni agarsiisa. Kana irraa hubachuun kan danda'amu barattoonni harka caalaan 87(65%) barsiisaan isaanii yeroo qabiyyee barreessuu yeroo barsiisu, duraa duuba barreeffama fudhatama qabu barreessuuf hordofamuu qabu kan hin eegne ta'uu isaati.Haata'u malee barreeffama fudhatama qabuufi ulaagaa guute barreessuuf tartiibonni hordofamuu qaban hineegamne taanaan barreeffamichi gatii dhaba. Haalli kun immoo guddina barreeffama afaanichaafi dandeettii barattootaa irratti danqaa guddaadha.

Qabxii 2ffaa irraa kan hubatamu barattoonni baay'inni isaanii 102 (76%) ta'an ogummaa barreeffama afaanichaa guddifachuuf gonkumaa yaalii gochaa kan hinjirre yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 32(24%) ta'an immoo ogummaa barreeffama afaanichaa eeguuf yaalii gochaa kan jiran ta'uu isaati.

Walumaa galatti ragaa dhiyaatteraa akka hubatamutti barattoonni baayina olaanaa qaban 102(76%) ogummaa barreeffama afaan Oromoo guddifachuuf yaalii isaan seera barreeffama afaanichaa eeguuf taasisan gadaanaa ta'uu isaati. Kun immoo guddina seera afaanichaa irrattis ta'ee sirna barreeffa afaanichaa irraan dhiibbaa kan geessisu ta'uu isaati.

Gabatee armaan olii keessatti ragaa qabxii 3<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaatteraa hubachuun akka danda'amutti barattoonni baay'inni isaanii 96(72%) ta'an keeyyata ijaaran keessatti hima ijoofi gargaartuuf xiyyeeffannoo kan kennine yoo ta'u, 38(28%) barattoonni baay'inni isaanii ta'an immoo keeyyata barreessan keessatti hima ijoofi gargaartuuf xiyyeeffannoo kanneen kennanidha. Ragaa kana irraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni baay'ina olaanaa qaban yeroo barreessan hima ijoofi calla yookiin gargaartuudhaaf xiyyeeffannoo kan hinkennine ta'uu isaati. Haata'umalee keeyyanni tokko ergaa guutuu dabarsuuf hima ijoofi himoonni gargaartuun waliin qindaa'uu qabu.

Kanaan alatti keeyyanni tokko hima ijoo kan of keessa hinqabne yoo ta'e himoonni gargaartuun maal akka ibsan hinbeekamu. Yaanni qabxii 4<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaate akka mul'isutti, ogummaa barreeffamaa guddifachuuf barattoonni baay'inni isaanii 94 (70%) ta'an ogummaa barreeffamaa guddifachuu keessatti gaheen isaanii gadaanaa yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 40 (30%) ta'an immoo ogummaa barreeffama Afaan Oromoo guddifachuu keessatti gahee qabaachuu isaaniiti.

Walumaa galatti barattoonni harka caalaan ogummaa barreeffama Afaan Oromoo guddifachuu keessatti gaheen isaanii xiqqaa ta'uutti kanneen amananan ta'uu isaati. Haa ta'umalee dandeettii barreeffamaa guddifachuu keessatti gaheen yookiin tattaaffii barattoonni taasisan murteessaa ta'uu isaati

**Gabatee 4.3.3.Xiinxala dhiibbaa hanqinni barreessuu egeree Afaan Oromoofi barattootaa irratti qabu**

T/L	Gaaffilee	Baay'ina barattoota deebii kennanii					
		1		2		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
5.	Hanqinni barreeffama A/Oromooati barreessitu egeree keerratti miidhaa qabaa ?	89	66	45	34	134	100
6.	Barreeffamni Afaan Oromoo ati barreessitu hanqina qabaachuun milkaa'ina quunnamtii keerratti dhiibbaa qabaa?	115	86	19	14	134	100

Fr. 1= Eeyyee, 2= Lakki

Gabatee 4.3.3. irratti dhiyaate irratti deebii barattootaa irraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni garri caalu yookiin 89 (66%) ta'an hanqina dandeettii Afaan Oromoo barreessuu qabaachuun egeree (boruu) isaanii miidhuu kan danda'u ta'uu irratti yeroo walii galan, barattoonni baay'inni isaanii 45(34%) ta'an immoo hanqinni barreessuu Afaan Oromoo egeree barattootaa gonkumaa dhiibbaa gahuu akka hindandeenye ta'uu isaati. Walumaagalatti, barattoonni baay'ina olaanaa qaban (89%) hanqina barreeffama Afaan Oromoo qabaachuun milkaa'ina isaanii egereesani irratti miidhaa akka qabu kan ibsan yoo ta'u, barattoonni muraasni (14%) ta'an immoo barreeffama Afaan Oromoo hanqina qabu barreessuun milkaa'ina isaanii boruu irratti gufuu kan hinqabne ta'uu isaati. Gaaffii 2<sup>ffaa</sup>s ilaalchisee barattoonni baay'inni isaanii 115 (86%) ta'an barreeffamni Afaan Oromoo hanqina qabu guddina boruu isaanii irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu isaa yoo ibsan, barattoonni baay'ina isaanii 19(14%) ta'an immoo barreeffamni Afaan Oromoo isaan barreessan hanqina qabaachuun isaa quunnamtii taasifamu irratti miidhaa homaatuu kan hingeessisne ta'uu isaa ibsuu isaaniiti. Walumaagalatti, barattoonni harka caalaan 86% ta'an barreeffamni isaan barreessan hanqina qabaachuun milkaa'ina quunnamtii isaanii irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu irratti yoo walii galan muraasni isaanii 14% immoo barreeffamni Afaan Oromoo hanqina qabaachuun guddina boruu afaanichaaf rakkoo kan hinqabne ta'uu ibsuu isaanii hubachiisa. Haalli kun immoo barattoota keessatti miirri ofitti amanamummaa akka hinuumamne gochuun barnoota biroos akka isaan haala hinhordofne taasisuurra darbee guddina Afaan Oromoo irratti gufuu ta'uu isaati.

**Gabatee 4.3.4. Xiinxala Filannoo Fedhii Dandeettii Afaanii Guddifachuu Barattootaa**

T/L	Gaaffii	Baay'ina barattoota deebii kennanii									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%	Lak.	%
7.	Ati dandeettiwwan afaanii keessaa isa kamiif caala xiyyeeffannoo kennita?	32	24	30	23	35	26	37	27	134	100

Fr. 1=Dubbisuu, 2=Barreessuu, 3=Dubbachuu, 4=Dhaggeeffachuu

Gaaffii gabatee 4.3.4. irratti faca'insa fedhii barattootaa ibsurraa akka agarsiisutti, barattoonni baay'inni isaanii 32(24%) ta'an dandeettiwwan afaanii arfan keessaa fedhii dandeettii dubbisuu guddifachuu kan qaban yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 37(27%) ta'an immoo fedhii dandeettii barreessuu guddifachuu kanneen qaban ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, barattoota filataman keessaa kanneen baay'inni isaanii 35(26%) ta'an dandeettiwwan afaanii jiran keessaa dandeettii dubbachuu guddifachuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, barattoonni 30 ( 24%) ta'an immoo dandeettii dhaggeeffachuu guddifachuu irratti kanneen xiyyeeffatani. Walumaagalatti, barattoonni harki caalu 37(27%) dandeettii dhaggeeffachuu guddifachuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, barattoonni baay'inni isaanii gadaanaa ta'e, dandeettii barreessuu dagaagfachuu irratti kanneen xiyyeeffatan ta'uu isaa agarsiisa. Haalli kun immoo ogummaa barreessuutiif xiyyeeffannoon kan hinkennamne ta'uu agarsiisa.

**Gabatee 4.3.5. Xiinxala Afaan Oromootiin barachuu irratti fedhii maatii barattootaa**

T/L	Gaaffii	Baay'ina barattootaa deebii kennanii									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
8.	Afaan Oromoon barachuu keetiif maatiin kee ilaalcha akkamii qabu?	79	59	37	28	12	9	6	4	134	100

Fr. 1= baay'ee olaanaa, 2=olaanaa, 3=giddu-galeessa, 4=gad-aanaa

Gabatee 4.3. 5. gaaffii 8<sup>ffaa</sup> irratti ilaalcha barattoonni afaan Oromootiin barachuu irratti maatiin isaanii qaban irraa akka hubatamutti, barattoonni baay'inaan 79 (59%) ta'an maatiin ijoolleen isaanii Afaan Oromootiin barachuu isaaniitiif fedhii baay'ee olaanaa ta'e kan agarsiisan ta'uu isaa kan agarsiisu yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 37 (28%) ta'an immoo ijoolleen Afaan

Oromootiin barachuu irratti maatiin fedhii olaanaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Kunis, maatiin barattootaa ijoolleen isaanii Afaan Oromootiin barachuutti baay'ee kan gammadan ta'uu isaa agarsiisa.

Akkasumas, barattoonni baay'inni isaanii 12(9%) ta'an Afaan Oromootiin barachuu isaaniitiif maatiin fedhii giddu-galeessaa kan qaban yookiin barataniis dhiisanis xiyyeeffannaa kanneen itti hinkennine ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, maatiin barattootaa baay'inni isaanii 6(4%) ta'an immoo barattoonni yookiin ijoolleen isaanii Afaan Oromootiin barachuu isaaniitiif gonkumaa kanneen fedhii hinqabne ta'uu isaati. Walumaa galatti, maatiin barattootaa harka caalu yookiin 79(59%) ta'an barattoonni yookiin ijoolleen isaanii Afaan Oromootiin barachuu irratti fedhii baay'ee olaanaa kanneen qaban yoo ta'u, maatiin barattootaa baay'ina muraasa yookiin 6(4%) ta'e immoo barattoonni Afaan Oromootiin barachuu irratti gonkumaa fedhii kan hinagarsiifne ta'uu isaaniitu hubatama.

**Gabatee 4.3.6. Xiinxala kenniinsa abbaltii barreessuufi duub-deebii barattootaaf kennamuu**

T/L	Gaaffilee	Baay'ina barattootaa deebii kennan									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
9.	Barsiisaankee abbaltii barreeffamaan galu hammam siif kennu?	15	11	32	24	20	15	67	50	134	100

**Frt: 1=yeroo mara, 2 = yeroo baay'ee 3 = yeroo tokko tokko 4= gonkumaa hinkennine**

Gabatee 4.3.6. gaaffii 9<sup>ffaa</sup> irraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni baay'inni isaanii 15(11%) ta'an barsiisaan isaanii abbaltii barreeffamaa yeroo mara kan kennaniif ta'uu kan ibsan yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 32(24%) ta'an immoo abbaltiin barreeffamaa yeroo baay'ee kan isaaniif kennamu ta'uu ibsani. Kun kan agarsiisu barattoonni hundi hojii kennamu bifa walfakkaatuun kan hinhirmaanne yoo ta'u, argannoo barattootaa irratti dhiibbaa mataa isaa kan qabu ta'uu isaati. Akkasumas, barattoonni baay'ina 20(15%) qaban abbaltiin barreeffamaa yeroo tokko tokko kan isaanii kennamu yoo ibsan, baay'ina 67(50%) ta'an immoo barsiisaan isaanii gonkumaa abbaltii barreeffamaa kan hinkennineef ta'uu ibsu. Qabxii kana irraa kan hubatamu, hojiin abbaltii barreeffamaa walitti fufiinsaan barattootaaf kennamaa kan hinturre ta'uu isaati. Kun immoo barattoonni dandeettii kana akka hindagaagfanne gochuudhaan

beekumsa isaanii miidhuu danda'a.Gama kaaniin,barattoonni abbaltii barreeffamaa hamma kenname irratti harcaatiin jiraachuu mul'isa.

**Gabatee 4.3.7. Xiinxala irra deddeebii duub-deebii barattootaaf kennamuu**

T/L	Gaaffii	Baay'ina barattootaa deebii kennan					
		1		2		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
10.	B/saankee abbaltii siif kennan irratti duub-deebii yeroon kennu?	28	21	106	79	134	100

Fr: 1=Eeyyee, 2= Lakk.

Odeeffannoon gabatee 4.3.7.gaaffii 10<sup>ffaa</sup> akka mul'isutti,barattoonni baay'inni isaanii 28(21%) barsiisaan isaanii abbaltii barreeffamaa isaaniif kennan irratti duub-deebii yeroon kan kennan ta'uu kan ibsan yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 106(79%) ta'an immoo barsiisaan isaanii abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennaniif duub-deebii yeroo isaa eeggatae kan hinkennine ta'uu ibsa.Kana irraa kan hubatamu barattoonni lakkoofsa irra caalaa ta'e barsiisaan isaanii abbaltii barreeffamaa kennan irratti duub-deebii yeroo isaa eeggate kan hinkennine ta'uu isaa yoo ta'u, kun immoo barattoonni haamileen akka hinhordofne taasisuudhaan barachuu isaaniirratti irratti dhiibbaa qabaachuu isaati.

**Gabatee 4.3.8.Xiinxala bu'aa duub-deebii barsiisotaan barattoof kennamuu**

T/L	Gaaffii	Baay'ina batattoota deebii kennanii									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
11.	Duub-deebiin abbaltii barreeffamaa irratti barsiisaan siif kennu kaka'umsa akkamii siif kenna?	28	21	33	25	41	30	32	24	134	100

Fr: 1 = olaanaa, 2=giddu galeessa, 3= hamma tokko, 4= hinkennu

Odeeffannoo gabatee 4.3.8.gaaffii 11<sup>ffaa</sup> irraa hubachuun akka danda'amutti,barattoonni baay'inni isaanii 28(21%) ta'an akka ibsanitti duub-deebii abbaltii barreeffaamaa irratti barsiisaan isaanii isaaniif kennan kaka'umsa olaanaa kan isaaniif kennu yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 33(25%) ta'an immoo duub-deebii abbaltii barreeffamaa irratti barsiisaan

isaaniif kennu fedhii caalmaatti barreessuu gaarii ta'e kan uume ta'uu isaati. Akkasumas, barattoota 41(30%) ta'aniif duub-deebiin abbaltii isaanii irratti kennamuuf caalmaatti akka barreessaniif fedhii yookiin kaka'umsa cimaa kan keessatti hin uumne yoo ta'u, barattoonni 32(24%) ta'an immoo duub-deebiin abbaltii barreeffamaa irratti isaaniif kennamu gonkumaa fedhii darbanii barreessuu kan keessaatti hinuumne ta'uu agarsiisa. Walumaagalatti duub-deebiin abbaltii barreeffamaa barattoota kanaaf kenname caalatti dabalani akka barreessaniif kaka'umsa kan hinkennineefi akka fedhii dhaban taasisuu isaati.

**Gabate 4.3.9. Xiinxala Fedhii Dogoggora Sirreeffachuu Barattootaa**

T/L	Gaaffii	Baay'ina barattootaa deebii kennan									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
12.	Dogoggora barreeffama A/Oromoo irratti si mudatu sirreeffachuuf fedhii akkamii qabda?	78	58	20	15	19	14	17	13	134	100

**Frt:** 1=baay'ee olaanaa, 2= olaanaa, 3=gadaanaa, 4= baay'ee gadaanaa

Gabatee 4.3.9.gaaffii 12<sup>ffaa</sup> irratti odeeffannoo kennamerraa hubachuun akka danda'amutti, barattoonni baay'inni isaanii 78 (58%) ta'an adeemsa barreessuu isaanii keessatti dogoggoroota isaan mudatu sirreeffachuu fedhii baay'ee olaanaa kan qaban yoo ta'u, kanneen baay'inni isaanii 20 (15%) ta'e qaban immoo dogoggora barreeffama Afaan Oromoo irratti isaan mudatu sirreeffachuuf fedhii olaanaa kan qaban ta'uu agarsiisa. Haalli kun agarsiisu, barattoonni dogoggora Afaan Oromootiin barreessuu irratti isaan mudatu sirreeffachuuf fedhii qaban baay'ee muraasa ta'uu isaa yoo ta'u, bu'uurri isaas waan adda addaa ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, iddattoo filataman keessaa barattoonni baay'inaan 19(14%) ta'an dogoggora Afaan Oromootiin barreessuu keessatti isaan mudatu sirreeffachuuf fedhii gadaanaa qabaachuu isaanii kan mul'isuufi kanneen baay'inaan 17(13%) ta'an immoo dogoggora Afaan Oromootiin barreessuu keessatti isaan mudatu sirreeffachuu keessatti fedhii baay'ee gadaanaa kan mul'isan ta'uu isaaniiti. Gabaabumatti, odeeffannoo gabateen armaan olii kennu irraa wanti hubatamu barattoonni baay'inaan muraasa yookiin 78(58%) ta'an dogoggora Afaan Oromoon barreessuu keessatti isaan mudatu sirreeffachuuf kanneen fedhii baay'ee olaanaa qaban yoo ta'u, barattoonni lakkoofsa irra caalaa 17 (13%) qaban immoo Afaan Oromoon barreessuu keessatti dogoggora isaan mudatu sirreessuuf kanneen gonkumaa fedhii hinqabne ta'uudha.

**Gabatee 4.3.10.Xiinxala Duub-deebii Barattooni Waliif Kennanii**

T/L	Gaaffii	Baay'ina barattoota Deebii Kennanii					
		1		2		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
13.	Barsiisaanke abaltii barreessuu irratti siif kennu hiriyaakee waliin akka deeb-deebii wali kennitan ni taasisuu?	37	28	97	72	134	100

Frt: 1 =Eeyyee, 2= Lakki

Gabatee 4.3.10.gaaffii 13<sup>ffaa</sup> irratti barattootaaf dhiyaate irraa akka hubatamutti,barattoonni baay'inni isaanii gadaanaa 37 (28%) ta'e barsiisaan isaanii abaltii barreeffamaan isaaniif kenname barattoonni hiriyoootuma gidduutti akka duub-deebiiwaliif kenninu ni taasisa yeroo jedhan barattoonni iddattoo filataman keessaa lakkoofsa irra caalu yookiin 97(72%) qaban immoo barsiisaan isaanii barattoonni abaltii barreeffamaa irratti akka isaan duub-deebii waliif kennan kan hindeeggarre ta'uudha.Innis kan agarsiisu,gama barsiisaatiitiin hanqinni jiraachuu isaa agarsiisa. Sababiin isaa barsiisaan abaltii barreeffamaa barattoota isaatiif kenne irratti barattoonni akka waliif sirreessaniif jajjabeessuun barattoonni soda tokko malee haala mijeessuuf waan gargaaruufi.Gama biraatiin barattoonni hojii adda addaa daree keessatti kennamuuf keessatti qooda akka fudhatan taasisuun miira abbumma akka fudhatan taasisudha.

**Gabatee 4.3.11. Xiinxala wantoota Dandeettii Barreessuu Ulfaataa Taasisanii**

T/L	Gaaffii	Baay'ina Barattoota Deebii Kennanii									
		1		2		3		4		Ida'ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
14.	Dandeettii barreessuu akka hinguddifanne irra caala maaltu gufuu sitti ta'e?	65	49	38	28	14	10	17	13	134	100

**Frt:1=hanqina deeggarsa b/saa,2=Fedhii dhabuukoo,3=Ulfaatina afaanii,4=Sababoota biroo**

Odeeffannoo gabatee 4.3.11. gaaffii 14<sup>ffaa</sup> irraa akka mul'atutti,barattoonni baay'inni isaanii 65(49%) ta'an dandeettii barreessuu isaanii akka hinguddifanneef sababni barsiisaan hordoffiifi



deeggarsa barbaachisu gochuu dhiisuu yoo ta’u,kanneen 38 (28%) ta’an dandeettii barreessuu akka hinguddifanneef sababni barattoonni fedhii dhabuu isaanii ta’uu isaaniiti.Akkasumas,barattoonni 14(10%) ta’an dandeettii barreessuu isaanii akka hinguddifanneef ulfaatinni afaanii danqaa akka ta’e yoo ibsan kanneen baay’inni isaanii17(13%) ta’an dandeettii barreessuu akka hinguddifanneef sababoota adda addaa kaasuu.Kun kan agarsiisu,barattoonni harka caalaa 64(49%) ta’an sababni dandeettii barreessuu akka hinguddifanne kan isaan taasise,hordoffiin barsiisaa laafaa ta’uu isaa kan mul’isu yoo ta’u, iddattoo filatame keessaa barattoonni lakk.gadaanaa14(10%) qaban sababni dandeettii baarreessuu dagaagfachuu dadhabuu isaanii ulfaatina afaanii akka ta’e ibsu.Haata’u malee, kaayyoo qabiyyee barsiifamuu galmaan ga’uuf deeggarsi barsiisaa iddoo olaanaa kan qabu yoo ta’u, hordoffiin laafaa taanaan barattoonni galma akka hinqabaanne isaan taasisa.

#### **Gabatee 4.3.12.Xiinxala Dogoggora Barattootaa Keessatti Ilaalcha Barsiisaa**

T/L	Gaaffii	Baay’ina Barattoota Deebii Kennanii									
		1		2		3		4		Ida’ama	
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%
15.	Dogoggora ati barreessuu irratti uumtuuf barsiisaankee ilaalcha akkamii siif qaba?	60	45	34	25	25	19	15	11	134	100

**Fr. 1=tuffii,2=gaarii,3=jibbaa,4=hinmul’atu**

Odeeffannoo gabatee 4.3.12. gaaffii 15<sup>ffaa</sup> irraa akka mul’atutti,dogoggora nuti barreessuu keessatti uumnuuf barsiisaan keenya ilaalcha tuffii nuuf qaba kan jedhan 60(45%) yoo ta’an,barsiisaan keenya dogoggora keenyaaf ilaalcha gaarii qaba kan jedhan immoo 34(25%) ta’u. Akkasumas,dogoggora barreeffama irratti uumneef barsiisaan keenya ilaalcha jibbaa nuuf qaba kan jedhan 25(19%) yoo ta’u, barattoonni 15(11%) ta’an immoo dogoggora barreeffama irratti uumaniif miira barsiisaan isaanii mul’isu kan adda hin baafanne ta’uu ibsu.

Walumaa galatti odeeffannoo kana irraa akka hubatamutti, barattoonni harka caalaan 60(45%) dogoggora barattoonni barreeffama irratti uuman irratti barsiisaan miira tuffii qabaachuu isaafi

barattoonni muraasa 15 (11%) ta'an dogoggora barreessuu irratti raawwatan irratti miirri barsiisaa barattootaaf adda bahe kan hinjirre ta'uu ibsa. Haata'u malee, barsiisaan adeemsa barsiisuu keessatti barattoota isaa waliin hariiroo gaarii uumuun dogoggora barattoonni barreessuu keessatti raawwatan hordofee adda baasuun fuula gaarii itti agarsiisee akka isaan hanqina isaanii sirreeffataniif hirmaachisuun galma isaaniitiif bu'aa qaba.

**Gabatee 4.3.13. Xiinxala Gahee Barreeffamni Ga'umsa Qabu Guddina Afaanichaa Keessatti Qabuu**

T/L	Gaaffii	Baay'ina Barattootaa Deebii Kennan								Ida'ama	
		A		B		C		D		Lakk.	%
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%		
16.	Barreeffamni ga'umsa qabu guddina Afaan Oromoo keessatti gahee akkamii qaba?	78	58	40	30	10	7	6	5	134	100

**Frt: A=Baay'ee olaanaa, B= Olaanaa, C= Giddu galeessa, D= Gahee hinqabu**

Gabatee 4.3. 13. Gaaffii 16<sup>ffaa</sup> irraa hubachuun akka danda'amutti barattoonni baay'inni isaanii 78 (58%) ta'an barreeffamni ija barreeffama gaariitiin fudhatama qabu guddina Afaan Oromootiif ga'ee baay'ee olaanaa kan qabu ta'uu yoo ibsan, barattoonni baay'ina 40 (30%) ta'e qaban immoobarreeffama Afaan Oromoo ga'umsa qabu barreessuun guddina afaanichaaf ga'ee olaanaa qabaachuu ibsaniiru.

Akkasumas, barattoonni baay'inni isaanii 10 (7%) ta'an immoo barreeffamni Afaan Oromoo ga'umsa qabu guddina afaanichaaf ga'ee giddu-galeessaa kan qabu ta'uu yoo ibsan barattoonni 6 (5%) ta'an immoo barreeffamni ija barreeffamni ija barreeffama gaariin fudhatama qabu guddina afaan sanaatiif gahee hinqabu.

Yaada barattoota kanaa irraa hubachuun akka danda'amutti barattoonni baay'ina harka caalaa qaban 78 (58%) ta'an barreeffama Afaan Oromoo ija barreeffama gaariitiin fudhatama qabu barreessuun guddina Afaan Oromootiif ga'ee baay'ee olaanaa qabaachuu isaafi qooddattoota keessaa barattoonni lakkoofsa gadaanaa qaban barreeffama ija barreeffama gaariitiin fudhatama qabu guddina afaan sanaaf dhiibbaa homaatuun kan hinqabne kan ibsan yoo ta'u, barreeffamni ija barreeffama gaariitiin fudhatama gaariin qabu guddina afaanichaaf ga'ee olaanaa qabaachuu isaati. Walumaagalatti, barreeffamni Keettataa A/O ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabaachuun guddina afaanichaatiif baay'ee murteessaa ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Sababni isaa afaanichi afaan umrii dheeraa qabu ta'uuf sirna barreeffamaa erga qabaatee seerri barreeffama isaa jiraachuun hojiirra ooluun egeree isaa milkeessuuf barbaachisaadha.

#### **4.4.2. Xiinxala Ragaalee Haala Af-gaaffitiin Barsiisota Irraa Funaanaman**

Qorannoo kanaan xiinxala barreeffama keeyyataa barattootaa barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin gaggeeffame keessatti odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisan mala adda addaatiin qaama garaa garaa irraa funaanamanii argannoo qorannichaaf tumsaniiru. Haaluma kanaan armaan gaditti gaaffileen murtaa'an mala af-gaaffitiin barsiisota Afaan Oromootiif dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gaaffiin<sup>ffaa</sup>1 Dogoggora barattoonni barreessuu irratti uuman haala kamiin keessummeessita? jedhuuf barsiisaan 1<sup>ffaa</sup> barattoonni yeroo baay'ee shaakala barreessuu isaaniif kennamu xiyyeeffannaa kennuun waan hinhojjenneef itti dadhabuun obsa fixachiisaa ta'uusaa kan ibsan yoo ta'u, b/saan 2<sup>ffaa</sup>nis haaluma walfakkaatuun, shaakala barreeffamaa keessatti dogoggora barattootaa karaa gaariin fudhachuun ulfaataa ta'uu ibsu. Sababnisaa barattoonni hojii shaakala barreessuu keessatti otoo itti hinseeniin miira nuffii agarsiisuun fedhii deeggaruu barsiisaa keessatti miidhu.

Kanarraa ka'uun yaanni b/sota kanaa kan agarsiisu,dandeettii kana barattoota isaanii gonfachiisuuf tooftaan addaa isaan fayyadamanii gahee isaanii bahuuf yaalan kanhinjirre ta'uu isaati.Haata'umalee, barsiisonni qabiyyee barsiisan keessattikeessattuu barreessuun guyyaafi torbee tokkotti kan gonfatamu osoo hintaane amaluma isaatiin shaakala irra deddeebii waan barbaaduuf barattoota isaanii jajjabeessanii fedhii keessatti uumuun fuulduree isaaniif haala mijataa uumuun barbaachisaadha.

Dabalataanis, bar-gaaffii barattootaaf gaaffii 15<sup>ffaa</sup> irratti dhiyaate dhimma kanaan walqabaterra odeeffannoo dabalataa xiinxaluun danda'amee jira.Haaluma kanaan,barsiisonni dogoggora barattoonni barreessuu keessatti uumaniif ilaalcha sirrii otoo hintaane gadaantummaan hubachuu isaaniitu mul'ata.Ilaalcha barsiisaa kanarraa ka'uun barattoonni shaakala barreessuu kennamuuf keessatti hirmaachuuf fedhii kan hinqabne ta'uutu hubatama.

Walumaagalatti, shaakala barreessuu keessatti dogoggora barattoonni uumaniif ilaalchi sirrii ta'e waan hinjirreef barattoonni fedhii guutuudhaan hojii kana keessatti hinhirmaanne taasisuun

nimul'ata.Haata'u malee, hojii barnootaa keessatti dogoggorri kan uumamaafi hafuu hindandeenye ta'uun hubatamee dogoggora akka barataniif jajjabeessuun gaariidha.

Gaaffii 2<sup>ffaa</sup>'n b/sotaaf dhiyaate hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul'atu milkaa'ina isaaniirratti dhiibbaa fidu hinqabuu?jedhuuf b/saan 1<sup>ffaa</sup>'n akka ibsanitti, hanqinoonni barreeffama barattootaa keessatti mul'atan boruusaanii irratti dhiibbaa guddaa akka qabu kan kan ibsan yoo ta'u, b/saa 2<sup>ffaa</sup>'nis hanqinoonni barreeffama barattootaa irratti mul'atu egeree isaanii karaa adda addaa miidhuu akka danda'u yaada b/saan 2<sup>ffaa</sup> kennan irraa ni ifooma.Akkuma gaaffii dhiyaateef yaanni barsiisonni kennan agarsiisutti,hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul'atu egeree isaanii haala adda addaatiin miidha.

Kunis, barattoonni kun yaada qaban barreeffamaan qaama yaada isaanii hirmaatuuf beeksifachuu irratti hanqina qabu taanaan abdii isaan milkaa'ina gama kanaan eegan jalaa gufata.Kana irraa kan ka'e, barattoonni ofitti amanamummaafi mul'ata milkaa'inaa gama barnootaan eegamu jalaa gufata.Dabalataanis, bar-gaaffiigaaffii 5<sup>ffaa</sup> irratti dhimma kanaan walqabatee barattootaaf dhiyaate xiinxaluun dhiyeessuun danda'ameera.

Haaluma kanaan,hanqinni barreeffama A/O irratti barattoonni qaban milkaa'ina isaanii irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu barattoonni baay'ina caalu qaban kan irratti walii galan akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Kunis, kan agarsiisu,barattoonni barreeffama A/O irratti qabaachuun kan isaan yaaddessu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Walumaa galatti,yaada barsiisonniifi barattoonni kennan irraa hubachuun akka danda'amutti, hanqinni barreeffama A/O barattoonni uuman kaayyoo isaanii irratti milkaa'ina qabaniif gufuu ta'uutu mul'ata.

Gaaffii 3<sup>ffaa</sup> Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennitu keessatti barattoonni akka duub-deebii waliif kennan ni jajjabeessita? Kan jedhuuf b/saa 1<sup>ffaa</sup> 'n akka ibsanitti barattoonni yeroo tokko tokko duub-deebii akka waliif kennan akka deeggaran ibsu.

Sababiin isaa barattoonni yaad-deebii yeroo mara akka waliif kennan taasisuun caalmaatti akka waldogoggorrsiisan waan taasisuufi kan jedhan yoo ta'u, b/saa 2<sup>ffaa</sup> immoo barattoonni yaad-deebii akka walii kennaniif itti hinamanu sababiin isaa barattoonni baay'een waan ajajamaniin ala waan biraa akka dalaganiif karaa bana waanta'eef jedhanii ibsu, Gaaffii dhiyaate kanaaf yaadni barsiisonni kennan kan agarsiisu, barattoonni abbaltiifi gilgala kennameef irratti barattoonni duub-deebii waliif kennuuf carraa bal'aa kan hinarganne ta'uu isaati.

Yaanni b/saa 2<sup>ffaa</sup>,n kaasan akka agarsiisutti barattoonni shaakala barreessuu irratti akka waliif sirreessan taasisuu keessatti barattoonni waan ajajaman dhiisanii dhimma biraa kaayyoo yaadameen ala ta'e akka maryataniif karaa kan saaqu ta'uu irratti soda qaban ibsan.Haalli kun immoo barattoonni shaakala barreessuu irratti soda malee walirraa barachuuf carraa isaan qaban kan jalaa cufu ta'uu isaa mul'isa.Haata'u malee, adeemsa baruu barsiisuu keessatti yaad-deebiin barattoonni waliif kennan qabiyyicha hirmaachisaa taasisuun barattoonni dhimma tokko irratti itti gaafatamummaa akka fudhataniifi murtii kennuu keessatti akka qooda fudhatan taasisa.

Dabalataanis,bar-gaaffii yaada kanaan walqabatee gaaffii 13<sup>ffaa</sup> irratti barattootaaf dhiyaate irraa xiinxaluundhiyeessuun danda'ameera.Haaluma kanaan,gaaffii kana irratti yaanni barattonni harka caalaan kennan shaakala barreessuu isaaniif kennamu keessatti barattoonni duub-deebii akka walii kennan haalli mijataa kan hinjirre ta'uun ni mul'ata.

Walumaagalatti,gaaffii dhiyaateef yaanni kenname akka agarsiisutti, barattoonni shaakala barreeffamaa isaaniif kennamerratti duub-deebii walii isaaniif akka kennaniif haalli mijataan kan hinjirre akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

Haalli kun immoo shaakala hojii kanaa keessatti gahee barattoonni qaban xiqqeessuun akka isaan shaakala murtii kennuu irratti akka carraa dhaban taasisuun isaa ni mu'ata. Gaaffii 4<sup>ffaa</sup> keeyyata gaarii tokko qopheessuuf sadarkaalee sadii keessa darbuun barbaachisaadha.

Ati barattootakee yeroo shaakalchiiftu sadarkaalee kana haala kamiin hojii irra oolchitaa? Gaaffii kanaaf deebiin b/saa1<sup>ffaa</sup> sadarkaaleen kunniin barreeffama gaarii tokko qopheessuu keessatti barbaachisoo ta'us, isaanumayyuu hanqinni yeroo waan daangessuuf hojiirra oolchuuf kanaan dura kan hinyaalle ta'uu kan ibsan yoo ta'u,b/saan 2<sup>ffaa</sup> immoo sadarkaalee barreeffama gaarii qopheessuu sadan darbanii darbanii barattoota isaanii kan shaakalchiisan ta'uu ibsani.

Walumaa galatti gaaffii ka'e ilaalchisee yaada barsiisonni kennan irraa wanti hubatamu,sadarkaaleen barreeffama gaarii qopheessuu sadan akka barbaachisummaa isaaniitti hojiirra oolaa kan hinjirre ta'uutu mul'ata.Haata'u malee,barattoonni sadarkaalee barreessuu kana fayyadamuudhaan irra deddeebiin yoo shaakalan barreeffama fudhatama qabu barreessuu danda'u.Hojii hojjetamu hunda keessatti mala saayinsaawaa hordofuun bu'a qabeessa akkuma ta'e, barsiisonnis hojii isaanii mala saayinsaawaa hordofuun barattoota isaanii galma yaadameef qopheessuun gaariidha.

G5<sup>ffaa</sup> Barreeffamni keeyyataa A/O ija barreeffama gahumsa qabuutiin hanqina qabaachuun afaanicha irraan dhiibbaa geessisu qaba? Kan jedhuuf yaanni b/saa jalqabaa hanqinni barreeffama A/O irratti mul'atu afaanicha irraan dhiibbaa guddaa kan geessisu ta'uu ibsu. Afaan kana afaan hojiifi qorannoo taasisuuf seera barreeffama isaa beekuun hojiirra oolchuun barbaachisaa akka ta'e kan ibsan yoo ta'u, b/saan 2<sup>ffaa</sup>'s gaaffii dhiyaaterratti yaanni b/saa jalqabaan ibsame sirrii ta'uu irratti waliigalu. Haaluma kanaan, sadarkaa afaan tokkoo olguddisuuf seera barreeffama isaa hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

Kunis, guddina afaan tokkootiif bu'uurri sirna barreeffamaa qabaachuudha. Afaan dubbattoota qofa qabaachuun guddina isaaf agarsiiftuu sirrii miti. Isaaf agarsiiftuun, afaanicha afaan barreeffamaa gochuudhas.

Afaanichi afaan waliigaltee bira darbee kan mana hojii mootummaafi ogbarruu dubbattoota isaa taasisuufi seenaan hawaasichaa barreeffamaan dhaloota-dhalootatti akka darbuuf barreeffama keeyyataa ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabu barreessuun barbaachisaadha. Bakka haalli kun hinjirretti afaan jira jechuun hindanda'amu. Sababiinsaa umriin afaanichaa sirna barreeffama isaa irratti hundaa'a waanta'eef.

Dabalaataan bar-gaaffii yaada kanaan walqabatee gaaffii 16<sup>ffaa</sup> irratti yaada barattoos xiinxaluun dhiyeessuun danda'ameera. Haaluma kanaan, dhimma kana ilaalchisee yaada barattoonni harka caalaan kennan irraa hubachuun akka danda'amutti, barreeffamni keeyyataa A/O ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabu afaanicha afaan saayinsiifi barnootaa akkasumas, qorannoofi mana hojii mootummaafi mit-mootummaa taasisuu keessatti murteessaa ta'uu isaatu hubatama.

G6. Furmaanni hanqina barreeffama keeyyataa A/O ija barreeffama gahumsatiin dhabuu maali jetta? Gaaffii jedhuuf yaanni b/saa jalqabaa hanqina barreeffamni A/O ija barreeffama gahumsa qabu furuuf barattootaafi barsiisota irraa gahee guddaatu eegama. Innis, b/saan dhimma kana irratti jijjiirama fiduuf kaayyeffatee hojjechuu qaba.

Kana irraa ka'uun barattoota isaaf fuulduraa haala itti saaquu danda'urratti of ilaaluun hojii kanatti seenuu qaba. B/saan haala gaariin murteeffatee hojjennaan barattoota qajeelchuun ni salphata yaada jedhu kan qaban yoo ta'u, b/saa 2<sup>ffaa</sup>'n immoo barattoonni qajeelfama b/saa isaanii irraa fudhachuun hojiitti hiikuun isaan irraa eegama.

Kanaafuu, barattoonni gahee isaanii haala gaariidhaan ba'uun irraa eegama.Dabalataanis, barattoonni onnee guutuudhaan kaayyoo isaanii galmaan gahuuf dhimmanii hojjechuu qabu. Gama biraan, barattoonni dandeettii yeroon wayiitii barnootaa A/O'f kennameefi hojii barreessuu barattoota shaakalchiisuun duub-deebii laachuuf gargaaru kan walhinsimne ta'uun rakkoo/danqaa guddaa ta'uu isaa ibsu.Haata'u malee, bariisaafi barattoota irraa walhordoffii cimaatu eegama.Dabalataanis, wayitiin dandeettii barreessuu barsiisuuf barbaachisuufi tooftaan dhiyeenya barnootichaa kan walhinsimne waan ta'eef wayitiin barnoota A/O tiif kennamu kana ilaalcha keessa galchuunkan ramadamu osoo ta'ee gaarii ta'uu ibsu.

Yaada b/saan jalqabaa kaasan irraa hubachuun akka danda'amutti,dhimma gaafatame milkeessuuf gaheen barsiisaa laafaa ta'uu isaatu mul'ata.Kunis, barsiisaan qaama qabiyyee isaa irratti haala ittiin barattoota isaarratti jijjiirama fidu itti yaadee itti gaafatamummaa isaa bahuu qaba.Yaadni b/saa 2<sup>ffaa</sup>s akka agarsiisutti harcaatiin fedhii barattootaa jiraachuun nihubatama.Kanaaf, barattoonni mana barumsaa dhufan ajajaafi qajeelfama b/saa isaanii irraa isaaniif darbu haala gaariin fudhachuun dandeettii isaanii gahoomsuu irratti hojjechuu qabu.Walumaagalatti,hojiin barreessuu hojii guyyaa yookiin wayiitii tokkoo miti.

Hojii nuffii malee walitti fufiinsaan raawwatamudha.Kun immoo barsiisaas ta'ee, barattoota keessatti nuffii uumuu mala.Haata'umalee,kun amaluma hojii isaati.Kanaafuu, barsiisonniifi barattoonni walhubannaafi obsa akkasumas, ajajamuun kaayyoo kana milkeessuuf hojjechuu qabu.

Qorannoo xiinxala barreeffama keeyyata barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin jedhu kana galma yaadameen ga'uuf odeeffannoowwan adda addaa iddattoowwan adda addaarraa qormaataan, dokumentii xiinxaluun,bar-gaaffiifi af-gaaffiin funaanamanii xiinxalamaniiru.

Isaan keessaa qormaanni barattootaaf dhiyaatee xiinxalameera.Haaluma kanaan, qormaata barattootaaf kennameen deebiin barattoonni kennan akka agarsiisutti barattoonni dandeettii barreeffama A/O horachuudhaaf fedhii kan qaban ta'uyyuu, barreeffamni isaanii seera barreeffama A/O eeganii kan hinbarreeffamne ta'uun hubatameera.

Hanqinoonni mul'atanis, ijaarsa keeyyataa keessatti itti fayyadamni sirna tuqaalee,tokkummaa keeyyataa eeguu,haali ibsa hima ijoofi hariiroo inni hima gargaartuu waliin qabu hanqina guddaa qaba.Walumaagalatti,ragaa qormaataa barattootaaf kenname irra akka hubatametti barreeffamni barattootaa ija barreeffama gaariin hanqina qabaachuu isaatu hubatme.

Sakatta'a dokumentii irraas akka hubatametti, barattoonni keeyyata ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabu barreessuu irratti hanqina guddaan jiraachuu isaati. Akka ragaa yaadannoo barattootaa irraa argameetti, barreeffamni barattootaa fayyadama qub-guddeessaa irraa kaasee hanga hima ijoofi gargaartuu hanqinni jiraachuun hubatameera.

Gama biraatiin, ragaan bargaaffii barattootaaf dhiyaate akka mul'isutti, barreeffamni keeyyata barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin yoo ilaalamu, hanqina hedduu qabaachuu isaatu hubatame.

Kanaafis akka sababaatti yaanni barattoonni kaasan barsiisaan isaanii yeroo fudhatee shaakala barreessuurratti deeggarsa gochuu dhiisuufi shaakala gareefi dhuunfaan taasimurratti b/saan akka barattoonni duub-deebii waliif kennaniif carraa kan hinlaanne waanta'eef, barattoonnis haala kana keessatti hojii shaakala barreessuu taasisuu keessatti hirmaachuuf haalamijataa dhabuu isaaniitu mul'ata.

Dabalataanis, b/saan qabiyyee barsiisu keessatti, bu'aa bayiifi hanqina yeroo irraa kan ka'e ogummaawwan afaanii keessaa barreessuuf xiyyeeffannaa inni kennu gadaanaa ta'uun isaa nimul'ateera.

Walumaagalatti, barattoonni keeyyata ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabu horachuuf fedhii qabaatanillee haalli mijataan dhabamuun dandeettii kana akka hingonfanne taasiseera. Gaaffilee af-gaaffii b/sotaaf qorannoo xiinxala barreeffama keeyyata barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin jedhuuf dhiyaaterraan ragaan argame akka mul'isutti, adeemsa kenniinsa barumsa barreessuu keessatti dogoggora barattoonni uumaniif ilaalchi b/sota isaanii dogoggora ta'uufi ragaan barattoota irraa argames shaakala barreessuu keessatti dogoggora uumame karaa sirrii hintaane kan ilaalamu ta'uu isaa mul'isa.

Gama kaaniin immoo hanqinni barreeffama A/O barattoota mudate kun egeree barattoota kanaa irratti dhiibbaa mataa isaa qabaachuu irratti b/sonni hirmaatan sagalee guutuun irratti walii galuun isaanii hubatameera.



# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Guduunfaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame mata duree “Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyataa Barattootaa Mana Barnootaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin” kan jedhu irratti ta’uun armaan dura ibsamee jira. Kaayyoon isaas barreeffama barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin xiinxaluun dhuma irratti rakkoolee qorannichaan adda baafameef fala kennuudha. Galma ga’iinsa hojii qorannoo kanaatiif odeeffannoo kennitoonni barattoota mana barnootaa Silk -Ambaatti kutaa 12<sup>ffaa</sup> baratan kanneen baay’inni isaanii 407 ta’an keessaa mala iddatteessuu sirnaawaatti fayyadamuun barattoonni 134 filatamuun ragaan barbaadamu irraa funaanamee xiinxalameera. Dabalataanis, barsiisonni mana barumsichaatti Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> barsiisan 2 mala iddatteessuu akkayyootiin filatamuun ragaan barbaadamu irraa funaanamuun odeeffannoon isaanii argannoof akka mijatutti xiinxalameera.

Qorataanis kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf tooftaalee funaansa ragaa kanneen akka: qormaataa, bar-gaaffii, af-gaaffii, sakatta’afi dokumentii fayyadamee madda ragaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> dhimma ba’ee odeeffannoo guurrachuun xiinxaleera. Haaluma kanaan, odeeffannoo madda adda addaa irraa sassaabbate mala makaa (hammamtaafi akkamtaa) fayyadamuun xiinxalee hiika itti kennuun boqonnaa 4<sup>ffaa</sup> qorannicha keessatti dhiyeessee jira. Kanaafuu, barattoota qorannoon irratti gaggeeffame irraa gaaffii isaaniif dhiyaate irratti xiinxalli deebii isaan kennanii akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Kana irraa ka’uun qormaata ijaarsa keeyyataa irratti barattootaaf kenname irraa akka hubatamutti, barreeffama isaanii irratti seera Afaan Oromoo eeguun barreessuu irratti hanqinoonni hedduun mul’achuu isaati.

Odeeffannoo waa’ee seenduubee afaan dhalootaa barattootaan walqabatu irraa hubachuun akka danda’amutti, barattoonni 63% ta’an barnoota isaanii sad. 1<sup>ffaa</sup> Afaan Oromootiin kan xumuran akkasumas, barattoonni 59% ta’an maatiin isaanii Afaan Oromootiin kan walii galan ta’uu, Afaan Oromooti kan afaan hiikkatan 64% fi 51% hawaasa naannoo wajjin Afaan Oromootiin kan walii galan ta’uutu mul’ata. Kunis kan agarsiisu, barattoonni kun Afaan Oromoo karaa saayinsaawaa ta’een barachuufis ta’ee guddisuuf haalli mijataan kan jiru ta’uu isaati.

Haata'umalee,,barattoonni 73% ta'an seer-luga afaanii eeganii barreessuu irratti hanqina qabaachuu,93% kan ta'an sirna tuqaaleetti fayyadamuurratti rakkoo kan qaban ta'uu,himoota ijoofi gargaartuu agarsiisuu irratti 72% rakkina qabaachuu,81% immoo tokkummaa keeyyataa eeguu kan hindandeenye,akkasumas, 64% qub-guddeessa irratti hanqina qabaachuu, 89% xiyyeeffannoo keeyyata ijaaranii agarsiisuu kanneen hindandeenyee, 93% kan ta'an wal-hidhiinsa keeyyataa agarsiisuu kan hindandeenye fi 69% walta'iinsa matimaafi gochima eeguu irratti hanqina kan qaban ta'uu,Gama biraatiin, 63% barnoota isaanii sad.1ffaa Afaan Oromootiin kan xumuruu, 64% Afaan dhalootaa isaanii A/O ta'uu,hanqinni barreeffama A/O irratti isaan qaban egeree isaaniiratti miidhaa qaba kan jedhan 66%,hanqinni barreeffama qulqullina qabuu quunnamtii isaan barreeffamaan taasisan irratti rakkoo qabaachuu kan ibsan 86%,barsiisaan duub-deebii shaakala barreessuu yeroon hinkennu kan jedhan 79%,58%dogoggora barreessuu keessatti uumame sirreeffachuuf fedhii kan qabanta'uu,72% duub-deebii shaakala barreessuu irratti isaaniif kennamu walii sirreessuuf carraa kan hinarganne ta'uun,58% barreeffamni A/O ija barreeffama gaariin fudhatama qabu guddina afaan kanaatiif gahee olaanaa qabaachuu isaa ragaan bar-gaaffiin barattoota irraa funaaname ni agarsiisa.

Odeeffannoon bar-gaaffiin barattoota irraa sassaabamee xiinxalame akka mul'isutti,seen-duubee afaan 1<sup>ffaa</sup> isaanii ilaachisee barattoonni baay'ina olaanaa ta'e qaban afaan 1<sup>ffaa</sup>,n isaanii A/O ta'uun hubatameera.Akkasumas,afaan isaan maatiifi hawaasa naannoo isaanii ittiin walquunnaman A/O ta'uu odeeffannoo kennamerraa hubachuun danda'ameera.Haata'u malee qormaata ijaarsa barreeffamaa barattootaaf kennamee xiinxalamerraa barreeffamni barattootaa ija barreeffama gaariitiin yoo ilaalamu,seer-luga afaanii eeguu barreessuu,sirna tuqaalee sirrii bakka sirriitti dhimma ba'uurratti,hima ijoofi gargaartuu sirnaan fayyadamuu,tokkummaa keeyyataa eeguu,walhidhiinsa keeyyataafi itti fayyadama qub-guddeessaa irratti rakkinoota hedduutu mul'ate.Kana irraa ka'uun, barreeffama keeyyata barattootaa ija barreeffama gahumsa qabuutiin yoo ilaalame hanqina hedduu kan qabu ta'uu isaati.Haata'umalee, barreeffamni A/O ija barreeffama gahumsa qabuutiin fudhatama qabaachuuf qabxiilee armaan olii kana guutee argamuu qaba.Gama biraatiin,odeeffannoo kana irraa akka hubatametti, b/saan duub-deebii yeroo isaa eeggate shaakala barreessuu irratti kan hinkennine ta'uu,akkasumas, barattoonni shaakala barreessuu waliif sirreessuuf carraa kan hinqabne ta'uunis hubatameera. Haalli kun immoo akka barattoonni itti gaafatamummaa fudhachuufi bahuu hinshaakalle taasisuun ofitti amanamummaa isaanii kan miidhu yoo ta'u,shaakala barattootaaf kennamerratti duub-deebii

yeroon irra darbe erga barattoonni qabiyyee sana dagatanii kennamu milkaa'ina barattootaatiif gahee kan hinqabne ta'uunis hubatameera.

Meeshaalee funaansa ragaa qorataan dhimma itti ba'e keessaa yaadannoon barattootaa isa tokko.Haaluma kanaan,qorataanis yaadannoo barattootaa irraa odeeffannoo barbaadu funaannatee xiinxaleera.Akka odeeffannoo argameetti,barattoonni barreeffama isaanii keessatti itti fayyadama sirna tuqaalee irratti hanqina qabaachuun bira ga'ameera.Fayyadama qub-guddeessaa irrattis hanqinni ni mul'ata.Haala kana keessatti barreeffama barattoota kana barreeffama gaariidha jechuun ulfaataadha.

Odeeffannoon bifa af-gaaffiitiin barsiisota mana barumsaa Silk-Ambaatti kutaa 12<sup>ffaa</sup>ttiA/O barsiisan irraaguuramee xiinxalame akka mul'isutti,barsiisonni barattoota isaaniiif shaakala barreessuu kennan irratti dogoggora barreessuu isaanii keessatti isaan mudatu haalli isaan itti ilaalan dogoggora ta'uu isaati.Barreeffama shaakalchiisuu keessatti hojiin barsiisaafi barattootaa walsimaa waan hindeemneef,barattoota isaanii barreeffama shaakalchiisuufi duub-deebii kennuun yeroo balleessuu akka ta'etti fudhatamuu isaatu mul'ate.Haaluma walfakkaatuun, barattoonni shaakala barreeffamaa isaanii irratti duub-deebii akka waliif kennan jajjabeessuu irratti hanqinni jiraachuun hubatameera.Haalonni kun akka barattoonni kaayyoofi mul'ata ofii isaanii akka hinqabaanne taasisuurratti gahee guddaa qaba.Dalagaa hammuma kennamu keessattillee Sadarkaalee adeemsa barreessuu keessa jiran kan hinhordofneefi haaluma salphaan kan keessa darban ta'uun mul'ateera.

Haaluma walfakkaatuun,dogoggorri barreeffama A/O irratti barattoota mudatu guddina afaanichaa irratti dhiibbaa guddaa kan geessisu ta'uu isaa yaada b/sotaafi barattoonni kennan irraa hubachuun danda'ameera.Kunis, Afaan Oromoo afaan hojiifi saayinsiifi dirree qorannoo akka hintaaneeff gama kamiin dorgommii keessaa akka bahu taasisuu akka danda'u hubatameera.

Yaanni barsiisotaa kun akka agarsiisutti, rakkoo hanqina barreeffama barattootaa irratti mul'atu furuuf barsiisaan qabiyyee barsiisu barattoota isaa biraan gahuuf tooftaafi murannoo inni qabu murteessaa ta'uu isaat hubatama .Kunis,b/saan kaayyoo galmaan ga'uuf ka'e hamma ga'utti yaalii taasisuu kanqabu ta'uu isaatu hubatame.Dabalataanis yeroon qabiyyee barreeffamaa barsiisuuf barbaachisuufi hojii irra oolaa jiru kan walhinsimne waanta'eef, wayiitiin qabiyyee kana barsiisuuf barbaachisu dabalamuun gaarii akka ta'etu hubatameera.

## 5.2. Argannoo

- Barreeffamni barattootaa sadarkaa qubeessuutii hanga ijaarsa keeyyataatti hanqina guddaa qabaachuun hubatameera.Sababiin isaa yeroon barattoonni shaakala barreessuutiif qaban xiqqaa ta'uufi xiyyeeffannaan karaa barsiisotaatiin dhabamuu isaati.
- Itti fayyadama sirna tuqaalee ilaalchisee hanqinni guddaan mul'ateera.Barattoonni barreffama isaanii keessatti tuqaalee bakka malee galchuun bakka barbaachisanitti immoo dhiisuun mul'ateera.Ka'umsi isaa barattoonni abbaltii shaakala barreeffamaa hojjetan irratti haalli kenniinsa duub-deebii karaa ta'uu qabuun ala waan ta'eef;barsiisonni yeroo hojichi barbaadu keessatti hinkennan barattoonnis walii isaaniif akka sirreessaniif carraa dhabuu isaaniiti.
- Qub-guddeessa bakka isaa malee galchuun bakka galuu qabutti immoo dhiisuun mul'ateera.Sababiin isaa barsiisonni abbaltiiwwan barattootaaf kennan irratti duub-deebii akkaataa ta'uu qabuun waan kennineef.
- Barattoonni sadarkaalee barreeffama gaarii barreessuuf gargaaran duraa duuba isaa eeganii shaakalaa kan hinjirre kan ta'uun beekameera.Kanaaf kan sababa ta'e hanqina yeroo qabiyyee sanaaf kennamee akkasumas qophiifi kaka'umsa barattootaafi barsiisotaati.
- Barsiisonni hojii barattootaa irratti yeroo duub-deebii darbee darbee kennan dogoggora barattoonni uuman irratti ilaalcha dogoggoraa kan barattoota mufachiisu qabaachuun hubatameera. Kunis,barsiisonni dogoggora barattoonni uuman rakkoo hubannaa osoo hintaane xiyyeeffannoo dhoowwachuudha jedhanii waan amananiif.
- Hanqinni barreeffama keeyyataa barattootaa Afaan Oromoon qabaniin barattoonni Afaan Oromootiin barreessuun yaada isaanii akka hinibsanne taasisuun ofitti amanamummaa isaan Afaan Oromootiin barreessuu irratti qaban kan xiqqeesse ta'uu.Sababiin isaa adeemsa shaakala barreeffamaa keessatti deeggarsi jiru kaka'umsiifi deeggarsi barsiisaa gadaanaa ta'uu isaati.Dabalataanis, A/O sirna barreeffamaa ofiisaa qabaatee afaan hojii mootummaafi mit-mootummaa akkasumas, saayinsiifi qorannoo ta'ee dorgomaa akka hintaane kan taasise ta'uun bira ga'ameera.Kunis,barattoonni barreeffama gaarii barreessuurratti hanqina cimaa waan qabaniifi.

- Rakkoo barreeffama gaarii barreessuu dadhabuu irratti barattoota mudatu furuuf barattootas ta'ee barsiisonni gahee ofii isaanii haalaan ba'aa kan hinturre ta'uun bira ga'ameera.
- Yeroon wayitii Afaan Oromoo barsiisuuf kennameefi qabiyyee barreessuu barsiisuuf hojiirra oolaa jiru kan walhinmadaalle ta'uun hubatameera.

### **5.3. Yaboo/ Yaada Furmaataa**

Ragaalee qorannichaaf barbaachisan xiinxaluudhaan agarsiistuu isaa irratti hundaa'uun hanqinoota barreeffamni barattootaa ija barreeffama gaariitiin qabu irratti yaanni furmaataa akka armaan gadiitti kaa'ameera.

- ❖ Barattoonni ogummaa barreessuu akka gonfataniif barsiisonni sirriitti deeggaruu qabu.
- ❖ Barsiisonni barattoonni isaanii dandeettii barreeffama gaarii akka gonfataniif abbaltii (hojii) barreeffamaan walqabatu yeroo yeroon kennuun duub-deebii yeroo isaa eeggate kennuun gaariidha.
- ❖ Gilgaalota barreessuu barattoota shaakalchiisan nuffii malee yeroo yeroon abbaltii kennuun akka isaan dandeettii kana gonfataniif deeggaruun barbaachisaadha.
- ❖ Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennan irratti barattoonni carraa dogoggora waliif sirreessuu akka argatan haala mijeessuun gaariidha.
- ❖ Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennan keessatti dogoggora barattoonni uuman barsiisonni akka hinjirree (yakkaatti) osoo hintaane carraa dogoggora uumame ittiin sirreessan taasisanii osoo fudhatanii barattoonni dogoggora uumuu hinjiilan; sirreeffachuuf yaalu malee. Kanaafuu, dogoggora isaanii akka carraatti fudhachuun sirreessuun haamilee barattootaatiif gaariidha.
- ❖ Ogummaan barreessuu hojii yeroo gabaabaa haala salphaa keessatti gonfatamu waan hintaaneef barattoonni ogummaa kana gonfachuuf nuffii malee irra deddeebiin shaakaluu qabu.
- ❖ Barattoonni ogummaa barreeffamaa gonfachuuf qajeelfama hojii daree keessaa barsiisaa isaanii irraa isaaniif darbu fudhachuun ajajamanii gahee isaanii bahuun barbaachisaadha.
- ❖ Yeroon wayiitii barnoota A/O'f kennameefi shaakala barreessuutiif barbaachisu kan wal hingitne waan ta'eef, wayiitiin A/O tiif kennamus osoo xiyyeeffannoo argatee gaariidha.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa (2012).*Natoo*. Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee:

Addunyaa Barkeessaa (2011) .*Akkamtaa* .Finfinnee:Far East Trading PLC.

\_\_\_\_\_ (2018) *Semmoo*: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo. Finfinnee

Adrain, B, Sanford(1979). *Using English Grammar and Writing Skills*.six cours. New York USA

Advanced Learners Dictionary,(1994).Oxford:Oxford University Press.

Atkins(1998).*Skill Development Methodology*.Part II.Addis Ababa University:AddisAbaba University Press.

Asafaa Tafarraa (2009).*Eelaa*. Seenaa Oguma Oromoo.Finfinnee:Oromiyaa. Far East Trading PLC

Brown, D (1993). *Principles of Language Teaching and learning*.

Byrne (1988). *Teaching Language Skill*. Longman group Ltd .

Dr.Ibrahim Mohammad (2015).*University students English Writing Problem*:Diagnosis and Remedy Published by European centre for research Training and Development UK.

Devies, S.(1998). "Creative Writing".Forum V36,No p44

Fedhaan Nagaasaa (1999).*Bu'uuraalee Barreeffama Afaan Oromoo.Hidha-II* Finfinnee: Dhaabbata Mana Quunnamtii Giddugaleessaa.

Geetaachoo Rabbirraa (2016).*Furtuu*.Finfinnee:Kuraa Internaashinaal.

Grabe, W&Kaplan,B.(1996).*The Theory and Practice of Writing*.London and New York:Lo University Press.

Guta Kedida (1981).*An Analysis Patterns of Spelling Error of Freshman Ethiopian Students at Addis Ababa University*.Unpublished.MA Thesis AAU.

Hedge (1988). *Oxford*. Oxford University Press.NewYork.Longman.

Jaarraa W.B. *Bantuu Haaraa*.Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa.

Kaplan,R.(1996).*The Theory and practice of writing*.London and

Kroll (1990). *Second Language Research insight for the classroom*. New York : Cambridge University Press.

- Leki (1990). *Coaching From the Margins: Issues in written response*. In B. Kroll (ed.) *second language: Research insight the classroom* (p.57-67)
- Malaaknee Mangistuu (1998). *Pre-College English For Preparatory Schools* 3rd Edition Addis Ababa:-----
- McWhorter (1997). *The Writers express* New York: Houghton Mifflin Company.
- Misgaanuu Gulummaa (2011). *Kattaa: Ogummaa Barreessuu*, Efficient Printing Press.
- Mongeldrof, K. (1992). "peer reviews in the ELT Composition Classroom: What do the students think?" *ELT. Journal*. Vol.46(1-3) pp 274-281
- Muhaammad Curruu (2009). *Xiinxala Barreeffama Barattootaa Afaan Oromoo Kutaa 10<sup>ffaa</sup> Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin: Mana Barumsaa Saabbiyaan Sad.2<sup>ffaa</sup> fi Qophaa'inaa Keessatti*. AAU. Unpublished MA Thesis.
- Norish, J. (1983). *Language Learning and Their Errors*. Modern English Publications.
- Pincas, A. (1982). *Teaching English Writing*. London: Mac Millan
- Sisaay Siyyum (2008) "Xiinxala Wantootaa Barreessuu Barattootaa Afaan Oromoo Kutaa 11<sup>ffaa</sup> Irratti sababa ta'an" AAU: Unpublished MA Thesis.
- Rabbirraa Tarrafaa (2009). *Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo* Kutaa 9 fi 10. Finfinnee: Gadaa Series
- Sisaay, M. (2002). *Introduction to Writing Skills*. Addis Ababa: Berhanena Selam Printing Enterprise.
- Tekle Ferede (2008). *Comet Supplementary Book Series: Introduction to Writing Skills*. A hand book for pre paratory students and University Under gradudtes.
- Tyrne, E. (1987). *College Writing Basics: A progressive Approach*. Belmont Wands worth publishing company
- Wasanee Bashaa (1995). *Qorsaafi Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee Mega printing press.
- \_\_\_\_\_ (1996). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Far-East Trading PLC.
- White, R. (1987). *Approaches to Writing*. In (Eds.). *Methodology in TESOL: A book of Readings*. New bury House Publisher.
- Wilson, (1995). *Acts of Teaching*. How To Teach Writing. Englewood: Idea Express.
- Yaadasaa Tolasaa (2008). *Malleen Qorannoo Waliigalaa*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

## **Dabalee A**

YUUNIVERSIITII FINFINNEE

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO' ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALISIMIIFI  
QUUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLORII

### **BAR-GAAFFII**

#### **Gaaffilee Qorannoo Barattootaan Deebi'an**

Kabajamoo barataa/ttuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 12<sup>ffaa</sup> ; gaaffilee qorannoo kunniin naaf deebisuuf eeyyamamuu keetiif guddiseen si galateeffadha. Kaayyoon bar-gaaffii kanaa “Xiinxala barreeffama keeyyata barattoota kutaa 12<sup>ffaa</sup> ija barreeffama gahumsa qabuutiin godina Shawaa Lixaa aanaa Noonoo mana barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12<sup>ffaa</sup> keessatti” mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeeffamuuf odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuufi. Kanaaf ati barnoota Afaan Oromoo keessatti kallattiin hirmaatta waanta'eef odeeffannoo ati naaf kennitu galma ga'insa qorannoo kanaatiif ga'ee guddaa qaba. Kana waanta'eef gaaffilee dhiyaataniif deebii dhugaa ta'e deebisuun odeeffannoo akka naaf kennitu kabajaan si gaafadha.

#### **Odeeffannoo Waliigalaa**

Maqaa mana barumsaa \_\_\_\_\_

Bara \_\_\_\_\_

Kutaa \_\_\_\_\_

Saala \_\_\_\_\_

Umurii waggaa 17fi isaa gad \_\_\_\_\_ waggaa 17-22 waggaa 22fi isaa ol \_\_\_\_\_

Hub: Maqaa barreessuun hinbarbaachisu.



## I.Gaaffilee Qorannoo Kan Barattootaaf Dhiyaatan

1. Barnootakee sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> afaan kamiin xumurte?  
A. Afaan Oromoo B.Afaan Tigree C.Afaan Amaaraa D.Afaan biroo
2. Maatiinkee afaan kamiin walii galu?  
A.Afaan Oromoo B.Afaan Tigree C.AfaanAmaaraa D.Afaan biroo
3. Afaan ati afaan itti hiikkatte kami?  
A.AfaanOromoo B.AfaanTigree C.Afaan Amaaraa D.Afaan biroo
4. Atiifi hawaasni naannooke afaan kamiin walquunnamtu?  
A.Afaan Oromoo B.Afaan Tigree C.Afaan Amaaraa D.Afaan biroo
5. Hanqinni barreeffama Afaan Oromoo ati barreessitu egeree kee irratti miidhaa qabaa?  
1. Eeyyee 2.Lakki
6. Hanqinni barreeffama Afaan Oromoo ati barreessitu quunnamtii gootu irratti dhiibbaa qabaa? 1.Eeyyee 2.Lakki
7. Ati dandeettiiwwan afaanii keessaa isa kamiif caala xiyyeeffannaa kennita? 1. Dubbisuu  
2. Barreessuu 3.Dubbachuu 4.Dhaggeeffachuu
8. Afaan Oromoon barachuu keetiif maatiinkee ilaalcha akkamii qabu? 1. Baay'ee olaanaa  
2.Olaanaa 3.giddu galeessa 4.gadaanaa
9. Barsiisaankee abbaltii baarreeffamaan galu hammam siif kennu?1.yeroo mara 2.yeroo  
baay'ee 3.yeroo tokko tokko 4.hinkennu
10. Barsiisaankee abbaltii siif kennan irratti duub-deebii yeroon kennuu? 1.Eeyyee 2.lakkii
11. Duub-deebiin barreeffamaan siif kennamu hammam kaka'umsa siif kenna? 1.olaanaa  
2.giddu-galeessa 3.hamma tokko 4.hinkennu
12. Dogoggora Afaan Oromoon barreessuu irratti si quunnamu sirreeffachuuf fedhii akkamii qabda? 1.baay'ee olaanaa 2.olaanaa 3.gadaanaa 4.baay'ee gadaanaa
13. Barsiisaankee abbaltii barreeffamaan siif kennu irratti hiriyootee waliin duub-deebii akka walii kennitan nitaasisuu? 1.Eeyyee 2.Lakki
14. Dandeettii barreessuu akka hinguddifanne irra caala maaltu gufuu sitti ta'e? 1.hordoffii barsiisaa 2.fedhii dhabuukoo 3.ulfina afaanii 4.sababa biroo
15. Dogoggora ati barreessuu keessatti uumtuuf barsiisaankee ilaalcha akkamii siif qaba? 1.tuffii 2.gaarii 3.jibba 4. Hinmul'isu
16. Barreeffamni gahumsa qabu guddina Afaan Oromoo keessatti gahee akkamii qaba? A. Baay'ee Olaanaa B.Olaanaa C.Giddu- galeessa D. Gahee hinqabu

**II.Gaaffii armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni**

Matadureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun waa'ee isa filatte keeyyata afur barreessi.

**Hub:**Keeyyata tokkoof yoo xiqqaate himoota kudhan yoo baay'ate himoota kudha shan fayyadami.

A. Seenaa Jireenyaakee B.Faayidaa Barnootaa C. Seenaa Magaalaa Amboo D.Miidhaa Butii Shamarranii

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

Deebii quubsaa naaf kennuu keetiif galatoomi.

QOPHEESSAAN : Daksiisaa Cimdii

## **Dabalee B**

### **YUUNIVERSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJII NAMOOMAA,QO' ANNOO AFAANOTAA,JOORNAALISIMIIFI  
QUUNNAMTII,MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFU FOOKLORII**

### **AF-GAAFFII**

#### **Gaaffilee Qorannoo Kan Bariisotaaf Dhiyaatan**

Kabajamoo barsiisaa/tuu gaaffilee qorannoo kunniin naaf deebisuuf hayyamamuu keessaniif guddaan isin galateeffadha.Kaayyoon af-gaaffii kanaa “Xiinxala Dandeettii Barreeffama Keeyyata Barattoota mana Barumsaa Silk-Ambaa kutaa 12ffaa Ija Barreeffama Gahumsa Qabuutiin Xiinxaluu”mata-duree jedhu irratti qorannoon adeemsisuuf odeeffannoo argachuufi.Egaa isinis dhimma kana ilaalchisee gaaffilee dhiyaataniif deebii quubsaa naaf deebisuudhaan odeeffannoo barbaachisu akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

#### **Odeeffannoo Walii Galaa**

Maqaa Mana Barumsaa\_\_\_\_\_

Bara\_\_\_\_\_ Saala\_\_\_\_\_

Bara Tajaajilaa\_\_\_\_\_ Gosa barnootaa barsiistu\_\_\_\_\_

1. Dogoggora barattoonni barreessuu keessatti uuman haala kamiin keessummeessita?
2. Hanqinni barreeffama barattootaa keessatti mul'atu irra jireessaan kan maaliiti?Ati hoo haala kamiin gargaarta?
3. Abbaltii barreeffamaa barattootaaf kennitu keessatti barattoonni akka duub-deebii waliif kennan ni jajjabeessitaa?
4. Barreeffama gaarii tokko barreessuuf sadarkaalee sadii keessa darbuun barbaachisaadha.Ati barattootakee barreeffama yeroo shaakalchiiftu sdarkaalee sadan keessa akka darban haala gargaartaa?
5. Barreeffamni Afaan Oromoo ija barreeffama gahumsa qabuutiin hanqina qabaachuun dhiibbaa afaanicha irraan geessisu qaba?
6. Furmaanni hanqina barreeffama Afaan Oromoo ija barreeffama gahumsa qabuu maali jetta?

## **Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti ibsame qorannoon kun hojii koo ta'uufi kanaan dura yuunivarsiitii kam keessattuu waraqaa eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu akkasumas kitaabileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een wabii keessatti ibsuukoo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa: Daksiisaa Cimdii

Mallattoo: \_\_\_\_\_

Guyyaa: \_\_\_\_\_

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanaan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa.

Maqaa Gorsaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_